QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII WALDHABDEE ABBAAFI ILMAA JAARSUMMAAN FURUU KEESSATTI

NAGEESSOO DUUBEE WAAQOO

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E, MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORITIIF DHIYAATE

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA 2008/2016

ADDIS ABABAA

QAACCESSA FAYYADAMA AFAANII WALDHABDEE ABBAAFI ILMAA JAARSUMMAAN FURUU KEESSATTI

NAGEESSOO DUUBEE WAAQOO

WARAQAA QORANNOO DIGRII LAMMAFFAA (MA) GAMISAAN GUUTTACHUUF QOPHAA'E, MUUMMEE AFAAN OROMOO OGBARRUUFI FOOKLOORITIIF DHIYAATE

KOOLLEEJJII NAMOOMAA, QORANNOO AFAANII, JOORNAALIZIMIIFI QUNNAMTII YUUNIVARSIITII FINFINNEE

HAGAYYA 2008/2016

ADDIS ABABAA

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Lammaffaa

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii guuttachuuf Nageessoo Duubee Waaqootiin, Mata duree: "*Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu keessatti: Haala Aanaa Dodolaa''* jedhu irratti qophaa'ee, sadarkaa ulaagaa Yuunivarsiitiin kaa'e guuteera.

<u>Koree Qormaataa:</u>

Qoraa Alaa: _____ Mallattoo _____ Guyaa _____

Qoraa Keessaa: _____ Mallattoo _____ Guyaa _____

Gorsaa: _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Dura taa'aa Muummee yookin walitti qabaa Digirii lammaffaa (MA)

Labsata

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, waraqaan qorannoo kun hojii dhuunfaa koo kanaan dura Yuunivarsiitii kamiyyuu keessatti qorannoo eebbaatiif kan hindhiyaanne ta'uu isaafi wabiilee qorannoo kanaaf dubbisee irraa fayyadame hunda isaanii wabii keessa kaa'uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: Nageessoo Duubee Waaqoo

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Axeerara

Kaayyoon qorannoo kanaa ''Qaaccessa fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa jaarsummaan furuu Godina Arsii Lixaa haala Aanaa Dodolaa'' jedhu keessatti haalli fayyadama afaanii maal akka fakkaatu qaaccessuudha. Kaayyoo kana galmaan gahuufis, mala qorannoo akkamtaatti dhimma bahee jira. Mala funaansa odeeffannoo ilaalchisee, afgaaffii, waraabbii, daawwannaa, marii gareefi yaadannoo dirreetiin funaanaman jechaan qaacceffamanii jiru. Kana malees qorannichi haala dhiyeenyaa jaarsonni araaraa fayyadaman ni ibsa.Waraqaan kun bu'aa qaaccessa fayyadama afaanii jaarsummaa mala karaa aadaatiin waldhabdee furuu Oromoo Godina Arsii Lixaa Aanaa Dodolaa kan xiyyeeffate waan ta'eef, bu'uuruma kanaan aanaa kana keessatti battalli dubbii jaarsummaa shan ilaalaman keessaa sadi irraa ragaaleen karaa maloota funaansa odeeffannoo armaan oliitiin guuraman mala maleenyaa xinaadaa (socio cultural approach) tiin qaacceffamaniiru. Bu'aan qorannoo kanaa akka agarsiisutti, adeemsi sirna fayyadama afaanii jaarsummaa caasaa yaa'a dubbii (caacculee) dhaabbataa mataa isaa kan qabu ta'ee, hariiroo dubbii isaanii keessatti ga'een abbaa murtee olaanaa ta'uufi jaarsonni waldhabdee furuuf tooftaawwan araaraa adda addaa kan fayyadaman ta'uu isaati. Kana malees, qabiyyeewwan dubbii jaarsummaa kanneen akka dubbii jalqabuu, eebbaa, cokaa, gungumaafi araaraa jaarsummaa duraa duubaan kan dhiyaatan ta'uun qaama argannoo kanaati. Dabalataan, namoota waldhabanii miira aarii cimaa keessa galan tooftaa fayyadama afaanii kanneen akka ibsootaafi mammaaksotaa fayyadamuun araara kan buusan ta'uufi kun ammoo guddina aadaafi afaan Oromoo keessatti gumaacha mataa isaa kan qabu ta'uu isaati. Inni biraan, dubbiin jaarsonni seeraan fudhatanii battala qabatanii hindubbatin fudhatama kan hinqabdu. Jaarsonni waldhabdee naannoo isaanitti uumamte waan safeeffataniif callisanii kan hinilaalleefi fixaa waldhabdee kanaan duraa akka muuxannootti fudhatanii araara buusu. Bu'uuruma kanaan dhimmoonni argannoo armaan olii keessatti ka'an nagaafi tasgabbii hawaasa naannichaa keessatti buusuun cinatti, gama hawaas-diinagdee ummatichaa keessatti yeroofi qabeenya isaanii osoo hinqisaasessin waldhabdee isaanii waan furataniif qaamni dhimmi ilaallatu hundi xiyyeeffannoo itti kennuun osoo jajjabeesseen yaboo qorannoo kanaati.

Galata

Duraan dursee waraqaa qorannoo kana seeraan tartiiba eegee akka hojjadhu qophii waraqaa wixinee irraa kaasee hanga dhuma qorannoo kanaatti yaadaafi ogummaa isaaniitiin nadeeggaraa, na gorsaa kan nawajjiin dhama'aa turan gorsaa koo obbo Addunyaa Barkeessaa hedduun galateeffadha. Itti aansee BBOfi Aanaan kofalee abbummaan maallaqaan na deeggaranii na barsiisuu isaaniitiif naa jiraadhaa.

Itti aansee barreeffama qorannoo kanaa yemmuu qopheessu nuffii malee meeshaalee barreessaafi Koompiiwutara naa hayyamuudhaan deeggarsaafi hamilee waliin kan na wajjiin dhaabbate Mana barumsaa Qophaa'ina Kofalee galanni isaanii dhuma hinqabu. Bu'urri qorannoo kanaa barsiisota digrii lammaffaa na barsiisan waan ta'eef galatoomaa jedha. Yeroo qorannoof dirree ba'etti odeef-kennitoota kiyya ta'uun warreen hifuu tokko malee odeeffannoo ga'aa naaf kennaa turan galanni isaanii kan irraanfatamuu miti.

Haadha tiyya, Aadde Bulbulee Ufuraa, garatti na baattee, na guddistee, na barsiistee hanga har'aattis yaanniifi harki isaanii na biraa hinhafin, Rabbi biraa galanni isheef haata'u. Haadha warraa tiyya, Aadde Aashiyaa Waaqayyoo, soddaatii too Mi'oo Sa'idiifi soddaa koo Obbo Waaqayyoo Kisoo dhamaatii isaanii Rabbi isaanii haadeebisu. Ijoollee koo tan akkaan jaaladhu, Aziizaa, Zaakirfi Kaalid Nageessoo kanneen jedhamaniif waytii ani barumsaaf deeme nuti daa'imman osoo hinjedhin qe'ee naaf eegaafi jajjabeessaa turtaniif galatoomaa isiniin jedha.

Tarreeffama Gabateewwanii **Fuula**

Tarreeffama gabateewwanii armaan gaditti dhiyaatan gabaasa qorannoo kana keessatti argaman kan lakkoofsa fuula isaa mul'isuudha.

Gabatee 1: Gulantaawwan kutaa baniinsa fayyadama afaanii dubbii jaarsummaa kan agarsiisu 35

Gabatee 2: Eebba jaarsonni dubbii jalqabuun duratti kutaa baniinsaa keessatti taasisan kan agarsiisu 36

Gabatee 3: Fayyadama afaanii jaarsonni kutaa dubbii jalqabuu keessatti taasisan kan agarsiisu. 38

Gabatee 4: Hirmaattonni dubbii gama lamaan irraayyuu jiraachuu adda baasuuf jecha too'annoo fudhatamu kan agarsiisu 40

Gabatee 5: Falmii dubbii araara jaarsummaa eegaluu irratti taasifamu kan agarsiisu 41

Gabatee 6: Kutaa dubbii jalqabuu keessatti gulantaawwan walfalmii jaarsotaa kan agarsiisu 42

Gabatee7: Kutaa waliin dubbii qortoonniifi abbaan murtee gara kutaa cokaatti ce'uuf taasisan kan 45

Gabatee 8: Tartiiba fayyadama afaanii kutaa cokaa jaarsota, qora lamii, abbaa murteefi himattoota giddutti taasifame kan agarsiisu 47

Gabatee 9: Tartiiba fayyadama afaanii xumura kutaa cokaafi kutaa itti aanutti ce'uuf taasifamu agarsiisu 52

Gabatee 10: Gulantaa fi sadarkaawwan kutaa gungumaa keessatti argaman kan agarsiisu 54

Gabatee 11: Tartiiba Fayyadama Afaanii jalqabbii kutaa gungumaa kan agarsiisu 55

Gabatee 12: Tartiiba gulantaawwan haasbarruu jaarsummaa kutaa araaraa kan agarsiisu 61

Gabatee 13: Cuunfaa yaada abbaa murteetiin dhiyaate qortoonni yemmuu mirkaneessan agarsiisu 65

Gabatee 14: Caatoo cuunfaa kutaa gulantaa fayyadam afaanii Aaraara Dubbii Battala Jaarsummaa agarsiisu 68

Gabatee 15: Cuunfaa Gulantaawwan Kutaawwan Afran fayyadama afaanii dubbii Jaarsummaa Keessatti Argaman kan agarsiisu 69

Tarreeffama suuraa

Tarreeffama suuraa armaan gaditti dhiyaate gabaasa qorannoo kana keessatti argamu kan lakkoofsa fuula isaa mul'isuudha.

Suuraa 1: Kaartaa iddoo argama Aanaa Dodolaa agarsiisu..... 7

Jibsoo

Akkamtaa - Mala qulqulleeffataa ragaaleen ittiin qaacceffaman (Qualitative method).

Ansaade- Yaada ykn dubbii dubbatamuu qabu hundaa xumure.

Battala – Bakka jaarsonni taa'anii dubbii araara jaarsummaa dubbatan.

Ciche- Dubbii ykn yaada mataa isaa qabatee gadi dhiisuu dide.

Coka – Madda rakkoo namoota waldhabanii qulqulleessuuf jecha gaaffilee odeeffannoo funaanuu dabaree dabareen waldhabdootaaf dhiyaatudha.

Daara- Huccuu ykn waan uffatanii jiraatan dhabuu.

Dachaafataa – Yaada amanuu ykn waakkachuu waldhabdoonni yeroo cokaa kennan.

Dachaase/itiche/qophe - Yaada murtee abbaa murtee irraa dhiyaate akka hinfudhanne mormii agarsiisuu.

Dhama – Waldhabdoota lamaan.

Dhoofsisa – Kennaa qabeenya beeyladaa irraa abbaan ilma fuudhaa mana ba'eef laatudha.

Dhufe – Siwajji haasa'uuf qophiidhaa natti dubbadhu jechuu ta'a.

Dirroojii - Mana hojiin mootummaa adda addaa keessatti gaggeeffamu.

Duloo – Meeshaa aadaa buqqee ykn biyyoo irraa tolfamu ta'ee dhugaatiin daadhii kan ittiin dhiyaatuudha.

Fayyadama afaanii- Tajaajila afaan haala (context) adda addaa keessatti hojii irra oolu.

Gunguma – Waan namaaf hinliqimfamne ykn quuqama keessa namaa jiru tokko ibsachuudha.

Komii – Yaada ykn dubbii dhiyaate tokko irratti itti quufiinsa dhabuu.

Koottaa – Sidubbisuu ykn siwaliin haasa'uu barbaadaa najalaa dubbadhu jechuudha.

Maleenyaa - Haala yaanni yookii dubbiin tokko ittiin dhiyaatu (Approach).

Maqoo – Marii yeroo gabaabaaf jaarsonni taa'an.

Moqoqi- Yaada ykn ejjannoo qabatan tokko irraa ofduuba deebi'uu dhabuu.

Nam'inee – Yeroon dhufnee dubbii irratti hirmaannee araarsina.

Qaartee – Namoota jiran keessaa akka iddattootti keessaa fudhachuu.

Qora – Namoota gamaa gamana taa'anii batta jaarsummaa irratti waliin dubbatan.

Qora ardaa- Jaarsota battala dubbii aantee waldhabdootaa irraa bakka bu'an.

Qora gosaa – Jaarsa battala dubbii fira aantee waldhabdootaa hintaane irraa bakka bu'e.

Saddeeta/shanacha – Jaarsota hubannoofi muuxannoo beekumsa aadaa qabaniin hawaasaan hawaasa keessaa filaman.

Woyyooma- Kabajaafi ulfina hangafummaa.

Xiinxala- Gadi fageenyaan ibsuu.

Yaatu – Waldhabdoota lamaan keessaa osoo jaarsonni dubbachaa jiran eeyyama isaanii malee gidduun seenuun nama dubbate irratti adabbii fudhatamuudha.

Tarreeffama gabaajeewwanii

Tarreeffama gabaajeewwan armaan gaditti dhiyaatan gabaasa qorannoo keessatti argaman kan lakkoofsa fuula mul'isuudha.

BBO ……. Biiroo Barnoota Oromiyaa

FKN ……...Fakkeenya

WJB ……...Waldaa Jiraattota Bosonaa

Baafata

Qabiyyee **Fuula**

Axeerara i

Galata ii

Tarreeffama Gabateewwanii iii

Tarreeffama suuraa iv

Jibsoo iv

Tarreeffama gabaajeewwanii v

Baafata vi

BOQONNAA TOKKO: SEENSA 1

1.1. Ariirrata 1

1.2. Ka'umsa Qorannichaa 2

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa 3

1.4. Faayidaa Qorannichaa 4

1.5. Daangaa Qorannichaa 4

1.6. Hanqina Qorannichaa 5

1.7. Ibsa Iddoo Qorannaa 6

1.8. Haala Teessuma lafaafi Qilleensa Baramaa Aanichaa 8

1.9. Qabeenya Uumamaa 8

1.10. Laggeen Gurguddaafi Iddoowwan Seena-qabeeyyii Hawwata Tuurzimii 8

1.11. Amantii, Diinagdeefi Hojii 9

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU 10

2.1. Yaaxxinaalee Waldhabbii 10

2.2. Waldhabbii 11

2.3. Fayyadama Afaanii 12

2.4. Qaaccessa Fayyadama afaanii 13

2.5. Sababa Waldhabdee 14

2.6. Gosoota Waldhabdee 16

2.7. Waldhabdee Ittisuufi Too'achuu 17

2.8. Tarsiimoowwan waldhabdee too'achuu 19
2.9. Waldhabdee Furuu 20
2.10. Jaarsaafi Jaarsummaa 21
2.11. Yaadrimee Araaraa 23
2.12. Sakatta'a Qorannoo Barruu Walfakkii 23
BOQONNAA SADI: Beedduuba, Saxaxaafi Mala Qorannichaa 26
3.1. Beedduuba 26
3.2. Saxaxaa Qorannichaa 26
3.3. Mala Qorannichaa 26
3.3.1. Irraawwatama Qorannichaa 27
3.3.2. Madda odeeffannoo 27
3.3.3. Iddattoo 27
3.4. Maloota Funaansa Odeeffannoo 28
3.4.1. Afgaaffii 28
3.4.2. Waraabbii 29
3.4.3. Daawwannaa, marii gareefi Yaadannoo Dirree 29
3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee 30
3.5.1. Dhimmoota Filachuu 31
BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE 32
4.1. Ibsa Adeemsa Jaarsummaa 33
4.2. Qaaccessa Tajaajila Fayyadama Afaanii Jaarsummaa 34
4.2.1. Kutaa Baniinsaa 34
4.2.2. Dubbii Jalqabuu 37
4.2.2.1. Maaliif akka ba'an walgaafachuu 37
4.2.2.2. Too'annoo Gaggeessuu 40
4.2.2.3. Falmii gaggeessuu 41
4.2.2.4. Murtee abbaa murtee dhaggeeffachuu 43
4.2.3. Kutaa Cokaa 44
4.2.3.1. Abbaa Murtee irraa hayyama fudhachuu 45
4.2.3.2. Qortoonni Dubbii akka jalqaban ajaja kennuu 46
4.2.3.3. Kutaa itti aanu eenyu akka jalqabuu qabu falmii gaggeessuu 46
4.2.3.4. Waldhabdoonni akka dubbatan gaafachuu 46

4.2.4. Kutaa Gungumaa 53
4.2.5. Kutaa Araaraa 61
4.3. Qaaccessa Tooftaawwan Araarsuu Jaarsonni Fayyadaman 69
4.3.1. Kallattiin Gaafachuu 70
4.3.2. Loogummaa Irraa of Qulqulleessuu 70
4.3.3. Miidhaa Dhufuu Danda'uun Akeekkachisuu 71
4.3.4. Miira cimaan dubbachuu 72
4.3.5. Tokkummaan Dubbachuu 73
4.3.6. Seenaa Kana Fakkaatuun Walqabsiisuu 74
4.3.7. Afaan Kabajaa Fayyadamuu 75
4.3.8. Eebba Araaraa taasisuu 76
4.3.9. Gama cimina himattoota lamaanii kaasuu 76
4.3.10. Gorsa Kennuu 77
4.3.11. Dhugaa Kennuu 79
4.3.12. Mammaaksotaafi Ibsoota Fayyadamuu 80
BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo 83
5.1. Cuunfaa 83
5.2. Argannoo 85
5.3. Yaboo Qorannichaa 86
Wabiilee 88
Dabalee A
Dabalee B
Dabalee C

BOQONNAA TOKKO: SEENSA

1.1. Ariirrata

Dhalli namaa diinaafi bineeyyii ofirraa ittisuuf, jireenya ofii fooyyeffachuuf, akkasumaas sababoota adda addaa irraa kan ka'e gamtaadhaan jiraachaa tureera; ammaas jiraachaa jira.Yeroo gamtaadhaan waliin jiraatu kanas yaada waljijjiiruun dirqama ta'ee argame. Kanaafuu, namoonni tooftaan yaada yookiin meeshaa kan ittiin waljijjiiran afaan ta'ee argame. Afaan yoo jedhamu ammoo akka feeteen kan uumame, qaamolee dubbii uumuu danda'anitti gargaaramuudhaan dhalli namaa walii galteen kan fudhateefi akka isaa galutti yaada isaa kan ittiin dabarfatu meeshaa walii galteeti. Gabaabumatti, afaan jechuun meeshaa walqunnamtii hawaasa tokkoo ta'ee, sagaloota dubbiitti kan gargaaramu, baattuu aadaafi mallattoo eenyummaa hawaasa tokkooti yaada jedhuun cuunfinee kaa'uu dandeenya. Kana qofa osoo hintaane, tajaajilli afaan hawaasa keessatti qabu baay'ee olaanaadha Geetaachoo, (2007).

Afaan meeshaa waliigaltee ilma namaa ta'ee, kan namoonni iddoowwan gara gaaraatti tajaajila adda addaatiif hojiirra oolchaniidha. ''Language in use is avariety of setting,'' (Halliday 1994). Afaan ilmi namaa wantoota akka ilaalchaa, gochaawwan raawwatamuufi yaada garee walfakkaatu addaa addaa jiddu gala godhachuun akka walii galan taasisa. "Language is to treat as ideology, actional and relational classification of thoughts and ideas should be taken into consideration." (Hodge and Kress 1993). Bu'uuruma kanaan, afaan iddoowwaniifi akkaataa dhimma itti bahan irratti garaagarummaa qabaachuu danda'a (Addunyaa 2010). Walumaa galatti, haala fayyadama afaanii ilaalchisee, hawwaasni garee tokkoo haala waliin jiraatu irrratti hundaa'ee garaagarummaa afaanii fayydamuu akka danda'an hubachuun nidanda'ama. Namoonni haala sochii jiruufi jireenya isaanii irratti hundaa'anii fayyadaama afaanii kanneen akka: mana murtii, dubbii jaarsummaa, bittaa-gurgurtaa, mana yaalaa, bakka taphaa, mana amantaa, dirree siyaasaafi kanaaf kana kana fakkaatan keessatti haala gara garaatiin afaanitti fayyadamu.

Namoonni jaarsummaadhaaf walitti dhufan yeroo afaanitti gargaaraman duudhaafi eenyummaafi aadaa isaanii karaa ibsuu danda'uun dubbiin yookaan haasaawaan yaada, miira yookaan fedhii isaanii walii ibsu.

Hawaasni aadaan, amantaan, ilaalchiifi fedhiin isaanii gara garaa, yeroo walitti dhufan akka haala jireenya garee isaanii irratti hundaa'uun waan walitti dhufaniif, yeroo kana haala qabatama afaanitti fayyadama yeroo haasawa sanaatiin waliigalu (Muysken, 2000).

Namoonni yeroo afaanitti fayyadaman haala tajaajila afaanii iddoo yookiin haala (context) keessa jiran sanii beekuufi beekuu dhabuun, walqunnamtii gahaa taasisuu irratti dhibbaa geessiisuu danda'a. Hawaasni haala adda addaa keessatti maaliif fayyadama afaanii garaagaraatiin akka dhimma bahan, fayyadamni afaanii tajaajila akkamii akka kennu, kutaa hawaasa adda addaa biratti ergaa akkamii akka qabu baruuf immoo, gaaffilee bu'uraa xinqooqa hawaasa eenyuuttu, eessatti, maaliif, haala akkamii keessatti akka dubbatamu beekuun barbaachisaadha. (Wolff, 2000).

Hawaasni Oromoo aadaa, duudhaafi afaan tokko waliin qabaatus, fayyadama afaanii irratti garaagarummaa qaba. Kunis, hawaasni tokko ta'ee afaan haala qabatama araara jaarsummaa irratti fayyadaman garaa garummaa qaba. Fayyadama afaanii kana keessatti hawaasni haala qabatama aadaa naannoo isaanii irratti hundaa'uun afaan isaan fayyadaman kan yeroo biroo irraa adda addummaa qaba. Haala fayyadama afaanii ilaalchisee, yaadrimeewwan furmaata barbaadan yoo jiraatan kallattiiwwan gara garaatiin mul'achuu malu.

Kanaaf ammoo, dirroojjii afaanichaan tajaajila kennan haala fayyadama afaanichaa hojiirra oolaa jiru balballoomsuun wantoonni fooyya'uu malan yoo jiraatan, kallattii qabsiisuun barbaachisaadha. Bu'uuruma kanaan, qorannoon kuniis fayyadama Afaan Oromoo Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaadhaan furuu keessatti haala Aanaa Dodolaa keessatti maal akka fakkaatu balballoomsuuf kan qophaa'eedha.

1.2. Ka'umsa Qorannichaa

Waldhabdeewwan gara garaa kan akka walitti bu'iinsa namoota dhuunfaa, gosaafi gosaa, akkasumaas gumaa dabalatee ummata Oromoo naannoo qorannichaa giddutti mul'atan

jaarsummaadhaan hiikamu. Adeemsi namoota waldhaban jaarsummaan araarsuu uumama isaatiin gochaa baay'ee rakkisaadha. Sababni isaas, namoota waldhabanii hariiroon hawaasummaa gidduu isaaniitii kaate dubbiin too'atanii walitti fiduun kallattii tokko qabsiisuun araarsuun muuxannooofi dandeettii addaa waan barbaaduudha.

Kanaafuu, adeemsa fayyadama afaanii araara jaarsummaa keessatti jaarsonni namoota waldhabanii aariifi miira cimaa keessa jiran tasgabbeessuufi dubbii qabbaneessuuf akkasumaas namoota waldhaban gara daandii araaraatti fiduuf afaan haala sana keessatti jaarsonni dubbii fayyadaman kan yeroo kamiiyyuu irraa addadha.

Kun guddina aadaafi Afaan Oromoo keessatti gumaacha guddaa waan qabuuf, gama kanaan qorannoo gaggeessanii bifa barreeffamaatiin olkaa'uun gumaacha mataa isaa qabaachuu waan danda'uufi balballoomsa fayyadama afaanii waldhabdee abbaafi ilmaa jaarsummaan furuu irratti qorannoon naannoo qorannoo kanatti gaggeeffame waan hinjirreef, qorannoo kana akka gaggeessuuf ka'umsa naaf ta'ee jira.

Kanaafuu, kaayyoon guddaan qorannoo kanaa battala araara dubbii jaarsummaa Oromoota Godina Arsii Lixaa Aanaa Dodolaa keessatti tooftaa fayyadama afaanii jaarsonni haasawa battalichaa too'achuufi namoota waldhaban amansiisanii walitti araarsuuf fayyadaman balballoomsuudha. Kanaafuu, qorannichi gaaffilee bu'uuraa qorannoo armaan gadii deebisuuf kan qophaa'eedha.

Gaaffilee Qorannichaa

1. Fayyadamni afaanii Godina Arsii Lixaa keessatti Waldhabdee Abbaafi Ilmaa jaarsummaan furuuf dhimma itti bahamu kam fa'i?
2. Qabiyyeen fayyadama afaanii jaarsummaa waldhabdee Abbaafi Ilmaa furuuf taa'amu keessatti mul'atu maali fakkaata?
3. Adeemsa aadaa fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa keessatti namoota waldhabanii miira aarii cimaa keessa galan tooftaawwan dubbii isa kami fayyadamanii gara kallattii araaraatti fidu?

1.3. Kaayyoowwan Qorannichaa

Kaayyoon gooroo qorannoo kanaa fayyadama afaanii waldhabdee abbaafi ilma gidduutti uumame furuuf jaarsummaa taa'amu keessatti mul'atu qaaccessuudha.

Kaayyoowwan gooreen qorannichaas akka kanaan gaditti ta'a.

1. Fayyadama afaanii Oromoo Arsii Aanaa Dodolaa biratti waldhabdee abbaafi ilmaa giddutti uumamu furuuf jaarsummaa taa'an keessatti mul'atu adda baasuu;
2. Qabiyyee fayyadama afaanii jaarsummaa waldhabdee abbaafi ilmaa furuuf taa'amu keessatti mul'atu ibsuu;
3. Adeemsa aadaa fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa keessatti namoota waldhabanii miira aarii cimaa keessa galan tooftaa dubbii too'achuu isa kami fayyadamanii gara kallattii araaraatti akka fidan ibsuu.

1.4. Faayidaa Qorannichaa

Qaamonni armaa gadii qorannoo kana irraa kallattii gara garaatiin fayyadamuu nidanda'u.

- Dubbistoonni qorannoo kanaa fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa gadi fageenyaan xiinxaluun hanqinaafi cimina isaa adda baasuuf nifayyada.
- Hawaasniis ta'ee qaamni mootummaa dhimmi ilaallatu fayyadama afaanii araara jaarsummaa kana akka hojii irra oolchaniif nifayyada.
- Namoonni waldhaban mana murtii deemanii yeroofi qabeenya isaanii osoo hinqisaasessi waan dhimma fixataniif kallattiin irraa fayyadamu.
- Qorannoo aadaa araara jaarsummaa kun barreeffamaan qophaa'ee kunaansanii akka hambaa tokkotti olkaa'uuf biiroo aadaafi tuurizimii Oromiyaa nifayyada.
- Qorannoon kun qaamota ogbarruu gama qaaccessa fayyadama afaanii jaarsummaa guddisuu irratti bobba'an nifayyada.
- Dhuma irratti ammoo namoota gara fuulduraatti kallattii kana irratti qorannoo gaggeessuu barbaadaniif akka ka'umsaatti isaan fayyaduu danda'a.

1.5. Daangaa Qorannichaa

Qorannoon kun qaaccessa fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa waldhabdee Abbaafi Ilmaa jaarsummaan furuu keessatti malee Qaaccessa fayyadama afaanii namoota waldhabanii hunda hinilaallatu. Kana malees qorannichi waldhabdeewwan hordofuufis ta'ee furmaata argachuudhaaf yeroo dheeraa fudhatan kanneen akka wadhabdee gosoota giddutti uumamu kanneen biroofi gumaa hindabalatu. Akkasumaas ragaalee funaanuu,

too’achuu, hiikuufis ta’ee qaaccessuuf rakkisaa ta’uu waan danda’uuf qorannichi Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii Lixaa, Aanaa Dodolaa keessatti kan daangeffameedha.

1.6. Hanqina Qorannichaa

Hanqinni qorannoo kanaa yeroon qorannoo kana itti gaggeesse yeroo hojii idilee mootummaa itti hojjatu waan ta’eef odeeffannoo funaanuuf yeroo ga’aa hinarganne. Haata’uu malee yeroo boqonnaa argatetti fayyadamuun ragaa sassaabeera. Kana malees hayyootaafi jaarsota muuxannoofi dandeettii araara dubbii jaarsummaa qaban aanaa kana keessatti argaman kan bakka hunda jiran bira gahuun dubbisuu dhabuudha. Inni biroo, qorataan akka madda odeeffannootti kan fayyadame hayyootaafi qaamolee hawaasaa keessaa warra dhiiraa qofa ta’uu isaati. Kana malee, hanga mata duree qorannoo kanaan walfakkatu akka aanaa kanaatti fayyadama afaanii bu’uura godhachuun hojjatame barbaadee argachuu dhabuu isaati, akkasumas, mata dureen qorataan duraan filate yeroo isaa eeggatee waan hinkennamneef, hojii qorannoo kana yeroon eegaluu dhabuun dhiphinaan akka hojjatu waan taasiseef akka barbaadametti hojjachuu hindandeenye.

Haata’u malee, qorataan hanqinoota ibsaman kana hiikuuf akka furmaataatti kan fayyadame, jaarsota battala dubbii jaarsummaatti argaman kanneen araara dubbii jaarsummaa irratti muuxannoofi hubannoo qaban qaarteen fudhachuun itti gargaaramee jira. Hanqina yeroofi baajataan walqabatee yeroo argametti karooraan fayyadamuu, hanqina baajataa qunname ammoo, deeggarsa argametti fayyadamuun cufee jira.

Qorannoon kun warra dhiiraa qofa irratti kan daangeffameef, muuxannoofi hubannoo hanga ammaatti qabuun dubartiin battala dubbii jaarsummaa teessee kan qortu hinagarre; sababni isaas akka aadaa hawaasa naannoo sanaatti dubartiin jilba hinqabdu jedhamee waan amanamuudha.

Kanaaf, qorataan qorannoo kana warra dhiiraa qofa irratti gaggeessee jira. Mataduree qorannoo kanaa irratti qorannoo hojjatame hanga barbaadetti dhabus, kanneen mataduree kanaan walfakkataniifi walitti siiqan Afaan Oromoofi Ingiliziitiin Digirii Lammaaffaafi sadaffaatiin hojjataman itti fayyadamee jira.

1.7. Ibsa Iddoo Qorannaa

Aanaan Dodolaa maqaa amma ittiin waamamu kana kan argatte maqaa nama abbaa Kimoo Dodolaa jedhamu irraa akka ta'e bal'inaan nihimama.Namni Dodola jedhamu kun iddoo amma magaalaan Dodolaa itti hundoofte irraa naannoo bara 1902 tti 6 km fagaatee kan jiraataa tureedha. Namni kun namoota naannoo sana jiraatan keessaa baay'ee dheeraa hanga ciqilee ykn dhundhuma 5-6 nigaha jedhamee odeeffama.haalli moggaasa Aanichaas namni kun namoota keessaa dheerinaan waan mul'atuuf nu ibsa jedhanii maqaa kanaan Dodola akka waamamtu waluu galuu hinoolan jedhamee amanama. Magaalaan Dodolaas duraan iddoodhuma inni mana citaa ijaarratee jiraataa ture sanatti erga hundoofteen booda iddoon kun bishaan dhugaatii namaatiifi beeyladootaaf barbaachisu kan hinjirre ta'uun hubatamee naannoo yeroo ammaa Tulluu Dodolaa jedhamu irraa baha dhihaatti kiiloomeetira jaha fagaatee bakka amma wirtuu magaalaa Dodolaa irra qubattee jirtu kanatti jijjiiramte jedhama. Yemmuu jijjiiramtu kana uchumni buufamee, maanguddoon eebbifamee, maqaadhuma nama 'Dodola' jedhamu kanaan akka moggaafamtu irratti walii galame jedhama. Haaluma kanaan maqaan Dodola jedhamu aanaa kanatti olaantummaa argatee maqaa namootaa, maqaa aanaa, maqaa tulluu ta'ee tajaajiluu jalqabe jedhamee himama. Magaalaan guddittiin Aanaa Dodolaa, Dodola kan hundeeffamte bara 1933 tti akka ta'e ragaan niibsa.

Aanaan Dodolaa, Naannoo Oromiyaa, Godina Arsii Lixaa keessatti kan argamu yoo ta'u, Aanaalee godina kanaa (13) keessaa isa tokkodha. Aanaan Dodolaa Finfinnee irraa Kiiloo Meetira 320 fagaatee gara Kibba Bahaatti kan argamu yoo ta'u, karaa Kaabaa Aanaa Hasaasaa 17 km, karaa Kibbaa Aanaa Nansaboo 76 km, karaa Bahaa Aanaa Adaabbaa 25 km, karaa Kibba Dhihaa Aanaa Kokkossaa 75 km, Karaa Kaaba Dhihaa Aanaa Kofaleetiin 48 km daangefamee jira. Aanaan kun gandoota baadiyyaa digdamii sadiifi magaalaa afur walumaagalaitti gandoota digdamii torba qabdi.

Maappii Naannoo, Godinaaleefi Aanalee Naannoo Oromiyaa



Bakka argama maappii Aanaa Dodolaa

Baay'inni ummata Aanaa kanaa akka lakkoofsa uummataa Bara 1999 ALA itti gaggeeffame agarsiisu, baay'inni ummata Aanaa Dodolaa dhiira 96,969 (50.6%), dhalaa 95,050 (49.4%) waligalatti, 192,019 ta'ee, sablammoonni adda addaa keessa kan jiraatan yoo ta'u, kana keessaa ummanni magaalaa dhiirri 3244, dubartiin 3435 ida'amni 6,679 ta'a. Ummanni baadiyaa dhiirri 79,310, Dubartiin 85,973, ida'amni 165,283 ta'ee jira. Baay'inni ummataa kun sabaan yoo ilaalamu Oromoon 99%, Amaarri 0.75%, Guraageen magaalaa Dodolaa keessa qofa 0.13%fi Sidaamaafi kan biroo 0.13% akka jiraatan beekamee jira.

Akka odeeffannoo Bulciinsa Aanaa Dodolaa irraa argame ibsutti, ummanni aanichaa harki caalu Afaan Oromoo kan dubbatu yoo ta'u, itti aanee Afaan Amaaraa kan dubbatu ta'uu isaati. Akkasuma Afaan Silxee kanaaf kan kana fakkaatan magaalaa Dodolaa keessatti darbee darbee nidubbatama. Haala amantaa ilaalchisee, ummanni aanichaa amantii gara garaa kan hordofaniidha.

1.8. Haala Teessuma lafaafi Qilleensa Baramaa Aanichaa

Haalli teessuma lafa aanichaa irra caalaan bu'a-bayii 45%, dirree 40%, gooba yookiin tabbi 6%, lafa dhooqaa/dakee 6%fi kan biroo 3% kan qabduudha. Qilleensi baramaan aanichaa baddaan 95%, badda-daree 5%, yoo haalli hoo'insa qilleensaa olaanaan 23.11, giddu-galeessi 10.36, yoo ta'u, hammi roobaa waggatti olaanaan 1260mm, gadaanaa 605mm ta'a. Haalli biyyoo lafa aanichaa biyyeen gurraachi 36.76%, biyyee obboleessi 25.91%fi biyyee gurraachaafi diimaan makaan 42.33% dha.

1.9. Qabeenya Uumamaa

Haalli qabeenya uumamaa aanichaa bineensota bosona keessa jiraatan kan akka leencaa, jaldeessaa, weennii, booyyee, godaa/gadamsa, borofa, kruphee, jeedalaafi kkf kan jiran ta'uun nibeekama.

Bosonni aanicha keessatti argamu iddoo shanitti qoodamee kan jiruudha. Bosana olaanaa, bosona mukaa, bosona ummataa, bosona micireefi bosona mootummaa kan jedhamaniidha.

Bosona Olaanaa: Bosonni olaanaan cinaa kibba-lixa aanichaatti gaarreeniin marfamee hektara 3586.34 irratti kan argamuudha.Bosona Mukaa: Bosonni mukaa kun mukkeen adda addaatiin badhaadhee hektara 18,194 irratti kan argamuudha.

Bosona Ummataa: Bosonni kun ammoo naannoo ummanni jiraatutti waldaa jiraattota bosonaa (WJB) tiin kan kunuunfamuudha.Bal'inni lafa irratti argamuu hektara 13,434 kan uwwiseedha.Bosona Mootummaa: Bosonni kun bara adda addaa keessa harka namaatiin mukkeen gara garaa dhaabuun kan kunuunfamuudha.

1.10. Laggeen Gurguddaafi Iddoowwan Seena-qabeeyyii Hawwata Tuurzimii

Aanaan Dodolaa laggeen bonaafi ganna yaa'an kan akka Waabee, Mariibo, Booheraa, Loggitaafi Ukkumaatiin kan badhaateedha. Booheraafi Loggitaa irraa kan hafe laggeen kunneen hundinuu osoo aanicha keessaa hinbahin waabetti makamuudhaan humna elektirikii malkaa waakkannaatiif gumaacha guddaa kan godhaniidha. Lagni Mariiboo waabetti osoo hinmakamin dura fincaa'aa heebbootii oliin jallifamee gandoota qonnaan bulaa kattaa-barandaafi Ejersa-muddamtuutiif jallifamee tajaajila kennaa jira.

Iddoowwan seen-qabeeyyii bashannanaafi hawwata tuurizimiitiif oolan heddu kan jiran yoo ta'u, isaan keessaa muraasni isaanii kan akka Fincaa'aa Heebboo, Molloollicho, Qilee Allaa, Odaa dogee, Caangittii, Gaama, Addeellee, Angaafoo, Qilee-diimaa, Waahoro, Irreensa-hayichoofi kkf niargamu.

1.11. Amantii, Diinagdeefi Hojii

AmantiinAanaa kanaa dur waaqeffannaa tulluufi malkaa muudee Awuliyaatti amanee raagaafi wagaan gan buluudha. Ammaan tana garuu, amantoonni musliima, Kiristaanaafi kan biro kan jiran yoo ta'u, dhibbeentaadhaan yoo shallagaman Musliimni 82%, Kiristaanni 12%, fi kan biroo 1.8% ta'ee argama. Diinagdeen Aanichaa irra caalaa kan xiyyeeffate qonnaafi horii horsiisuu walduukaa deemsisuudhaan akka ta'e beekamaadha.Haala qonnaatiin naannoowwan badda-daree ta'etti oomisha qamadii, garbuu, xaafii, talbaa, atara, baaqela, boqqoolloofi hayisaa sadarkaa walduraa duubaatiin oomishuun kan jiraataniidha. Naannoo baddaatti garbuun bal'inaan kan oomishamu yoo ta'u, kuduraafi muduraa adda addaa cinatti horii horsiisuufi damma oomishuunis nijira.

Haaluma kanaan dhibbeentaadhaan yoo kaa'amu, qonni walmakaan 93%, horsiisni loonii 4.8%fi qonni midhaanii 2.2 ta'uun hubatameera.

BOQONNAA LAMA: SAKATTA'A BARRUU

Boqonnaan kun sakatta'a barruuwwan qorannoo kanaa gabbisan ofkeessatti kan hammateedha. Haaluma kanaan boqonnaa kana jalatti yaaxxinaalee waldhabbiifi yaadrimee waldhabbii, faayidaafi fayyadama afaanii, balballoomsa fayyadama afaaniifi hariiroo hawaasummaafi gosoota isaa, yaadrimee yaaxxinaaleefi sababa waldhabdee, gosoota waldhabdeefi waldhabdee ittisuufi too'achuu, tooftaawwan waldhabdee too'achuufi furuu, jaarsaafi jaarsummaa, akkasumas yaadrimee araaraafi sakatta'i qorannoowwan aantee duraa-duubaan keessatti kan dhiyaateedha.

2.1. Yaaxxinaalee Waldhabbii

Jildiin guddaan ogbarruu uumamaafi yaaxxina waldhabbii karaa tokkooniifi hanqina walii galtee dimshaashaa hammayyaa'aafi ilaalcha namaa yeroo dheeraa ture ilaaluun qorachuun baayyee ulfaataadha. Yaaduma kana ilaalchisee J.A Schellenberg (1996:24) yoo ibsu, ''Note that there are many versions of conflict theories and many different theorises about conflict,'' jedha. Kunis yaaxxinaalee waldhabbii hayyoonni hiika itti kennaniifi waa'ee waldhabbii balballoomsan heddu jiraachuu akka danda'an irraa hubanna. Hanqina yeroofi bakkaa irratti hundaa'uun hunda isaanii asitti tarreessanii ibsuun rakkisaa waan ta'eef muraasa isaanii armaan gaditti fudhannee ilaaluun gaariidha.Yaaxxinni waldhabbii bakka gurguddaa lamatti qoodama. Isaanis Yaaxxina duriifi Yaaxxina amalaati.Yaaxxinni durii kan inni irratti xiyyeeffatu walitti dhufeenya gareewwanii balballoomsuu irratti ta'a.Gareewwan kunneen ramaddii heddu sadarkaa idil-addunyaatii hanga sadarkaa garee gadaanaa gosaatti kan of keessatti hammatuudha.

Yaaxxinni durii haala waldhabbii balballoomsuu kan yaalu beekumsa qabaachuun yaaduu kan danda'u dhala namaati jedhee kaa'a.Gareen balballoomsuu heddu sababiin isaa hubannoon waldhabbii akkaataa hawaasni tokko itti yaadu irraa ka'eeti. Yaada Yaaxxina Amalaa fudhannee yoo ilaalle, yaaxxinni kun kan inni irratti xiyyeeffatu sadarkaa nama dhuunfaa balballoomsuu irrattiidha. Yaaxxinni kun iddoo addaa kan kennuuf amala dhaloota nama dhuunfaatiifdha.

2.2. Waldhabbii

Waldhabbiin taateewwan hawaasummaa hawaasa kamiiyyuu keessa jiruufi dhalootaa gara dhalootatti darbaa kan tureedha. (Macfarlane, 2007:130) yaada kana yoo cimsu, ‘’Conflict is an inherent social phenomenon in almost every human society and so is the mechanism of resolving it.’’

Umar (2004) toora inteneetii www.university for peace, jedhu waabefaachuun yoo ibsu, ‘’Waldhabbiin waan haaraa seenaa dhala namaa keessatti raawwatamuu miti. Waldhabbiin yeroo dheeraaf muuxannoo dhala namaa waliin kan deemuufi namarraan addaan ba’ee kophaatti kan ilaallamuu mit,’’ jedha. Kunis waldhabbiin kan hubatamu hirmaannaa waraanaa ykn walmormuu paartilee (Baallii) lamaa ykn sanaa olii fedhii waldorgommii haalaan qabaniidha. Karaa biraatiin Imbobighe (2003:34) waldhabbiif hiika yoo kennu, Waldhabbiin haala walii hingalleen hariiroo uumuuf walitti bu’iinsa fedhii guuttachuu dhabuu paartilee waan nita’a jedhanii itti hirmaatanitti yeroo baay’ee abdii dhabuu irraa walitti bu’iinsi fedhii kan uumamu walii galuu dhabuu dhimma ykn kaayyoo isaan filataniiti. Waldhabbiin walitti dhufeenya namootaa keessatti taateewwan hanbisuun hindanda’amneedha. Kunis walsimachuu dhabuu kaayyoo irraafi kaayyoo kanaas galmaan ga’achuuf immoo walitti bu’uun ni uumama. Lolli kunis gara waldhabdee hamaatti ce’uu danda’a. Lolli immoo lubbuu namaafi leecalloo balleessa. Lolli tokko yemmuu uumame namoota fedhii hojii dhimma kanaa hiikuu qabaniifi too’achuuf haala mijeessanii nagaafi dhaabbatan barbaachisa. ‘’Onece conflict turned into violence it needs the commitment of all actors and those who have interest in the conflict to resolve and manage conflicts in order to bring the situation into the peaceful situation,’’ (Jeong, 2000:167).

Waldhabbiin jaarraa hedduuf sammuu hayyoota ciccimoo ta’aniin qo’atamaa tureera. ‘’Haata’uu malee bifa qo’annaa haxa qabuun kan jalqabame jaarraa 20^{ffaa} keessa ture,’’ (Sschellenberg, 1966). Dhufaatiin xinmadda siyaasaa akka qo’annaa damee addaa xiinmadda hawaasaafi mul’achuu maxxansaa haxa siyaasaa Afrikaa waliin bara (1940) hayyoota Fortesfi Evans-Prechard jedhamanii qo’annaan waldhabdee furuu beekamaa ta’eera.

Waldhabbiin walmadaaluu dhabuu yaadaa yookiin sona garee lamaafi sanaa olii hariiroo isaan gidduu jiru hanqatuun inni tokko irra caalee argamuuf tattaaffii godhamu irraa dhufuu mala. ‘’Conflict is defined as incompatibility of goals or values between two or more parties in a relation ship combined with attempts to control each other and antagonistic feelings towards each other,’’ Fisher (1990:42).

Waldhabdeen humna cimaa gaaga’ama guddaa fiduu danda’uudha. Walitti bu’iinsi walmadaaluu dhabuu fedhiiwwan gara garaa irraa madduu danda’a. Jacob (2008) Kriesbers (1998) waabeffachuun waldhabdeef hiika itti aanu kenne, ‘’Conflicts is the incompatability of interests between two individuals, families, lineages, communities, political organization and the like.’’ Waldhabdee gaariidha yookiin gadheedha jettee kaa’uun rakkisaadha. Jacob (2008:52) irratti dahrendorf (1959) waabeffachuun akka kaa’etti, waldhabbiin hawaasa keessatti karaa tokkoon jijjiirama, milkaa’inaafi tasgabbii qabu fiduu kan danda’u yoo ta’u, karaa biraa ammoo hirmaachisummaa kan hinqabneefi miidhaa cimaa geessuu kan danda’uudha. Toorri intarneetii http://www.unescap.orgesid/hds/pubs/2286/s2.pdf mata duree waldhabbii hubachuu jedhu jalatti, waldhabbiin mataa isaatiin bu’a-qabeessa yookiin bu’a-dhabeessa jedhanii kaa’uun yoo rakkisaa ta’ellee, adda addummaan isaa akkaataa waldhabdee itti too’atan waan ta’eef, waldhabdee bu’a-qabeessa yookiin bu’a dhabeessa jedhanii gargar baasuuf meeshaan ittiin madaalan safartuun isaa waan hinjirreef kana jedhanii irratti walii galuun rakkisaa yoo ta’ellee, waldhabdee bu’aan isaa ‘eeyantaa’ ta’e, gaarii yoo ta’u, kan bu’aan isaa ammoo ‘mitummaa’ ta’e ammoo gadheedha jechuun nidanda’ama.

2.3. Fayyadama Afaanii

Fayyadama afaanii jechuun naamusa dandeettii afaanii irratti kan xiyyeeffatu ta’ee, akkaataa afaan itti baramuufi addunyaa ammayyaa’aa ta’e keessatti haala fayyadama afaanii irratti kan xiyyeeffatuudha. Fayyadama afaanii ilaalchisee hayyoonni adda addaa hiika gara garaa kennanii jiru. Gabii (2015:9) Cooper (1976) waabeffachuun yoo ibsu, ‘’xiyyeeffannoo xinqooqaa garaagarummaa afaan tokkoo ykn looga tokkoo keessatti haala dubbiin, seerlugaan, ykn jecha uumamu ykn addaa addummaa afaanotaa ykn looga giddutti uumamuudha,’’ jedha.

Kana malees xiyyeeffannoon xinqooqaa fayyadama afaanii keessatti garaagarummaa garee murtaa'aa tokko keessatti jiru kan ilaalu ykn haala fayyadamaa irratti addaa addummaa garee hunda irratti mul'atu kan ilaaluudha.

sQaaccessi fayyadama afaanii afaan dagaagsuufi hubannaa kennuu irratti shoora guddaa qaba. Ga'ee fayyadamni afaanii jiruufi jireenya dhala namaa keessatti taphatu balballoomsuu keessatti giddu galli isaa yaaxxina fayyadamaafi hoji irra oolmaa isaa kan qoratuudha.

> Goldman Rakic (1998) yaada kana yoo gabbisu, *'' Language use is concerned with the promoting our understanding of the role of language plays in human life. At its centers are theatrical investigations real world issues in which language plays leading role '' Jedha.*

Egaa fayyadama afaanii jechuun rakkoo afaaniin walqabatanii dhufan hiikuu keessatti ga'ee guddaa taphachuu akka danda'u ni amanama.

> Yuong Rechard (2008) yaada kana yoo cimsu, *Language use provides the theoretical and descriptive foundations for the investigation and solution of language related problems, especially those of language education (first, second, and foreign language teaching and learning), but also the problems of translation and interpretation, lexicography, forensic, linguistic and perhaps, jedha.*

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, fayyadamni afaanii rakkoowwan afaaniin walqabatanii furmaata barbaaduun yaaxxina bu'uuraa kaa'uun akka danda'amuudha. Keessattuu afaan barnootaa yoo ta'e, afaan tokkoffaa, lammaffaa yookiin afaan alaa baruu-barsiisuu keessatti rakkoo fayyadama afaanii irratti mul'ataniifi jijjiirraa afaanii keessatti mula'taniif furmaata kaayuudha. Kana malees caasaa afaan tokkoo irratti qo'annoofi qorannoo taasisuun qaaccessanii furmaata barbaaduun akka danda'amuudha.

2.4. Qaaccessa Fayyadama afaanii

Balballoomsi fayyadama afaanii karaa adda addaatiin ibsamuu yookiin hiikamuu danda'a. Akka hayyoota xinqooqa caasawaatti balballoomsi fayyadama afaanii barreeffamaafi dubbii kaayyoon isaa tartiiba jechootaa ykn caasaa afaan keessatti dubbatamaafi haala (context) keessatti dubbate sana adda baasuun balballoomsuudha.

> *Discourse analysis as analysis of written and spoken texts with the aim of identifying reccuring patterns of words or abstracr stractures in language by analyizing language data detached from its user and context of use (Johnstone, 2008; Salkie, 1995).*

Maleenyaan inni biraa fayyadama afaanii ittiin balballoomsinu, maleenyaa tajaajilaa kan jedhamu yoo ta'u, akkaataa hiikni dubbataa qabiyyee dubbiifi haala dubbataa irratti hundaa'uudhaan gargar ta'u qaaccessuuf kan gargaaruudha. ''Functional approach helps to analyise how meanings of utterances vary based on context of speaking and the mood of the speaker,'' (Biber et al, 2007; Alvesson, 2004; MacCarty, 1991).

Maleenyaan kun xiyyeeffannoo isaa caasaa irraa gara hiikaatti fuulleffatee jira. Haata'uu malee ga'ee hawaasaafi aadaan fayyadama afaanii keessatti qabu waan irraanfate fakkaata. Maleenyaan kun fayyadmni afaanii, aadaan, hawaasniifi siyaasaan akkamitti akka dhiibbaa walirratti geessuu danda'an xiinxaluu irratti hangas mara quubsaa miti. ''This approach is inadquate in analyizing how language use influences and is influenced by the existing wider socio-cultural and political realities,'' (Alvesso, 2004).

Egaa hanqina kana furuuf maleenyaan hayyoota xinqooqa hujoofi saayinsii hawaasaa birootiin dhiyaate kan biraa hiika balballoomsa afaanii xiinxaluu irra bal'aadha. ''It includes analysis of the broder socio-cultural and political context in which a given discourse is produced and consumed,'' (Fairclough, 2003; Gee, 1999; Wodak, 2007). Maleenyaan inni sadaffaan kun balballoomsa fayyadama afaanii keessatti sochiiwwan hawaasummaa, siyaasaafi aadaa gara garaa gadi fageenyaan qorachuun kan bocuufi ofii isaatiis kan ittiin bocamuudha. ''In this approach language is considered as a lens to critically investigate various social, political, and cultural practices that shape and shaped by it,'' (Alemu, 2013:59).

2.5. Sababa Waldhabdee

Sababiiwwan waldhabbii heddu kan jiran yoo ta'u, hayyoonni hedduun waa'ee sababoota waldhabbiiwwanii yaadota adda addaa lafa kaa'u.Isaan keessaa kanneen armaan gadii fudhannee yaa ilaalluu.

Adeemsi jaarmiyaan waliinjiraachuu walitti dhufeenya kan cimsu yoo ta'ellee, walitti bu'iinsaafis sababa ta'uu nidanda'a.

Yaada kana Cohen (1988) and Dahrendorf (Zinna and Eitzenb, 1991:40-45) waabeffachuun ‘’States that the process of organization would increase interaction hence lead to conflict,’’ jedhu. Walitti bu’iinsi walmadaaluu dhabuu fedhiiwwan qaamolee lamaafi sanaa olii gara garaa irraa madduu danda’a.

Qaamoleen kunneenis namoota dhuunfaa, maatii, hiriyoota, garee, hawaasa, dhaabbilee siyaasaafi kkf ta’uu danda’u. Jacoby (2008) Kriesbers (1998) waabeffachuun waldhabdeef hiika itti aanu kenne, ‘’Conflicts is the incompatability of interests between two individuals, families, lineages, communities, political organization and the like.’’ Baay’inni ummataa naannoo tokkotti haalaan dabaluuniifi hariiroofi walitti dhufeenyi isaanii haalaan guddachaa yoo deeme waldhabdeen isaan giddutti dhalachuu danda’a.

> *Alarger population aggregate meant more disputes for mediation by the leaders ...Besides, Zinn and Eitzen (1991:430) puts that The probability of disagreements, irritations and the violations of privacy ... increased when their high contact or relation between different members of society,* (Cohn, 1998).

Gama biraatiin hawaasni tokko dhimma tokko irratti otoo walii galtee qabuu kan biroo irratti walii galuu dhabuu danda’a. Sababni isaas adeemsa jiruufi jireenyaa keessatti karaa tokko yaaduun kan biraa yaaduu waan hindandeenyeef walitti bu’iinsi ni uumama. ‘’How the economic cooperation to work on the farm cause conflict, conflict and cooperatin where two sides of the same coin of social interaction,’’ (Gulliver, 1971). Hayyoonni dabalataan akka jedhanitti ilaalcha diinummaa dura ture tokko yaadanii isaan walqabsiisuun mataan isaa waldhabdeef ka’umsa ta’uu danda’a. Lewis (1961) as referred in Jacoby (2008) ‘’agrees with the view that explains about the integrative functions of conflict to wards the external enemy.’’

Seenaa qo’annaa waldhabbii keessatti amalli gadheen nama waliin dhalatuu yookiin sochii hawaasummaa, siyaasaafi diinagdeetiin walqabatee sababoota haalli gadheen akka uumaman taasisan jiraachuu danda’u. (Nade, 1968; Collier, 1975; Tadesse, 1988, 1994). Ka’umsa waldhabdeetiif haalli uumama amala dhala namaa (amalli namni tokko uumamaan waliin dhalatu) gumaacha mataa isaa qabaachuu danda’a.

Yaada kana Schellenberg, (1996:13) yoo cimsu, yaaxxinni amala dhuunfaafi maleenyaa dhuunfaa gocha irratti malee haala gochaa irratti hinxiyyeeffatu.

Ilaalchi waldhabdee akkanaa hidda godhatee kan jiru hojii Freud yoo ta'u, inniis kan amanu lolli bu'uuraan uumama bineensotaa keessa akka jirutti lafa kaa'a. Waldhabbiin jiruufi jireenya dhala namaa keessatti waan hafuu miti.Qabanni isaas, waldhabbiin qaama jiruufi jireenya hawaasaa keessaa isa tokko waan ta'eef. Haata'uu malee dhugaan gama dhala namaatiin jiru hunduma keenyaaf hojjata.

Namni tokko jiraachuuf nihojjata; hojii isaa kana keessatti dorgommiin nibaay'ata; waldhabdeen ammoo qaama dorgommii kanaati. Darwin waldhabdeen yoomiifi eessatti yaada jedhu yoo ibsu, ''the competitive struggle for existence and the survival of the fittest,'' jedha. Yaada isaa irraa kan hubatamu, lubbu-qabeeyyiin kamiiyyuu jiraachuuf akka tattaafataniifi tattaaffii kana keessatti ammoo kan humna qabu moo'achuu akka danda'uudha.

Waldhabdeen jiruufi jireenya dhala namaa keessatti waan hindhabamneefi bakkaafi yeroo kamittuu uumamuu kan danda'u yoo ta'u, waldhabdeedhaaf wantoonni sababa ta'an hedduun yoo jiraatanillee, muraasni isaanii kanneen akka amala gadhee namoonni uumamaan qaban, fedhii gara garaa, garaa garummaan reeshiyoo jireenyaa bal'achuun akka adda dureetti kaasuun nidanda'ama. Toorri Intarneetii www. Types of conflict .org/types-of-conflict/jedhu yaada kana yoo cimsu'

> *Conflict is universal. It occurs in all times and places. There has never been a society in which some individuals or groups did not come into conflict. According to Freud and some other psychologists the innate instinct for aggression in man is the main cause of conflict. Thus various causes have been mentioned leading to conflicts. It arises primarily from a clash of interests within groups and societies. Conflict can also comes from the difference between the rate of change in moral norms of a society and men's desire, hopes, dissatisfactions and demands.*

2.6. Gosoota Waldhabdee

Waldhabbii gosoota adda addaa qabaachuu nidanda'a. Umar (2004) Mamo Hebo waabeffachuun waldhabbii akka armaan gadii kanatti qoodee kaa'ee jira.

Isaanis: Waldhabbii qabeenyaafi hawaasummaa, Aadaafi Duudhaati. Waldhabbiin qabeenyaa diinagdeen walqabatee yeroo baayyeefi bakka heddutti kan uumamuudha. Isaanis: Qabeenya lafaa daangaa walitti darbuu irratti, lafa margaa waljalaa dheechisuu irratti, bu'aa bosonaa irratti, qabeenya walii liqeessanii deebisuu dhabuu irrattiifi meeshaa walii ergisanii waljalaa gatuu, beekaa miliqfachuu, walwaakkachuu faadhaan waldhabbiin uumamuu akka danda'uudha.

Waldhabbiin hawaasummaa, aadaafi duudhaa ammoo hawaasa keessa jiraatan keessatti waan hawaasni waliigalaan raawwatu raawwachuu dhabuudha. Fkn: Yoo hawaasni kadhaa Rabbii ba'e ba'uu diduu, dubbii nama waldhabee ykn qabeenyi bade barbaaduuf bahan irratti hirmaachuu diduufaadha. Haadha warraa namaa hannaanis ta'ee waliin jiraachuufi gudeeduu, buttaa dubraa irratti hirmaachuu, dubartii arrabsuufi dhaanuu, hatuu, waltumuun walmadeessuu, haraamuu dalaguu, wayyuu arrabsuufi kkf ta'uu danda'u. Waldhabdeewwan armaan olitti eeraman keessaa muraasa isaaniitiif haala Aadaa Dodolaa, Kokkossaafi Hasaasaan walqabateen Mamo Hebo (2006) ibseera.

> *Namni tokko nama yoo arrabse fixaan isaa aloo naanna'amee jibicha ta'uu, mana namaa beekaas ta'ee wallaalaan yoo seenan horii shaniifi uffisa kanqabu ta'uu, dubra duudaa butuun horii torba kan qabu ta'uu, walabummaa dubraa balleessuun horii shan ta'uufi haraamuu salphina kan itti gonfan ta'uu, Umar, (2012:29)* Mamo Hebo waabeffachuun ibsee jira.

2.7. Waldhabdee Ittisuufi Too'achuu

Waldhabbii ittisuu jechuun hawaasaafi ummatoota adda addaa biratti hiika walfakkaatu kan hinqabne ta'uu irratti walii galameera. Bara waraana waliinii hirmaattoonniifi beektonni ilaalcha mataa isaaniitiin fakkeenya ittisa waldhabbii kennuu yaalanii jiru. Haata'uu malee waraanicha booda ilaalchi kun jijjiiramee jira. Akka Mikael land ibsa tarsiimoo ittisa waldhabbii jedhu keessatti ibsetti, ''Actions taken in venerable place and times to avoid the threat or use of armed force and related form of coercion by states or groups of to settle the political and international change,'' jedha.

Yaada kana irraa kan hubatamu, tarkaanfiiwwan iddoofi yeroo hamaa keessatti, sodaa humna waraanaa kkf fayyadamuu biyyootaafi gareewwanii maqsuuf jijjiirama gama idil-addunyaafi siyaasaan walqabatanii dhalatan hiikuuf akka fayyaduudha.

Tarsiimoo ittisa waldhabbii ilaalchisee, Butras Butras Gali yoo dubbatu,'' Tooftaan fayyadama tarsiimoo ittisa waldhabbii mala ittisa waldhabbii osoo sadarkaa waraanaatti hince'iniiti,'' jedha.

Kanaafuu, waldhabbii jalqabuma irraa too'achhuufi ittisuun dhimma murteessaa nageenya naannootiifi addunyaa guutuutti waraana lubbuu namootaa gaaga'u oolchuuti. Kanaafuu, araarri battala dubbii jaarsummaa jaarsota hawaasa naannoo keessa jiraataniin raawwatamu waldhabdee furuu keessatti tooftaa beekamaa hawaasa naannoo giddutti kabajaafi itti amanamummaa guddaa ummata Oromoo biratti qaba jechuun nidanda'ama.

Gama biraatiin waldhabbii too'achuu jechuun waldhabbii uumame tokko fala isaa barbaaduun sadarkaa fiixxee inni ga'e irraa balaa inni fiduu danda'u hir'isuun faluuf deemuudha. Imobighe (2003:7) yaada kana yoo gabbisu, ''Conflict management is concerned with the ways and means to controlling and harmonizing conflitual relation ship with the objective began the creation space for the long term resolution of the root causes of the conflict,'' jedha. Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, waldhabbii too'achuun xiyyeeffannoon isaa kallattii mala waldhabbii too'achuun, dhimma waldhabbichaaf ka'umsa ta'e gadi fageenyaan xiinxaluun akka lammata hinkaaneef furmaata waaraa kaa'uun akka barbaachisuudha. Zartman (1996:128) haala waldhabbiin itti too'atamu ilaalchisee yoo dubbatu,

> *Conflict can be managed through strategies and through institutions. The conflict management process through strategies encompasses reconciliation; objection and augmentation. These strategies demand the conflicting parties' commitment to reconcile with one another and their commitment to accept the decision of third parties. The ultimate objectives of these strategies are handling and minimize conflict among parties who have different demands.*

Yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu qaamni qaamota waldhaban lamaan walitti araarsu rakkoo isaanii gadi fageenyaan xiinxalee dhimma isaan lamaan walii galchuu danda'u irratti walii galchuun waadaa seensisuun garaagarummaa gidduu isaanii jiru dhiphisuun akka gara araaraatti dhufan tarsiimoo gochuuti.

2.8. Tarsiimoowwan waldhabdee too'achuu

Waldhabdeen tokko uumamuun gara lolaatti yoo deeme yaaxxinaaleen adda addaa ittiin too'atniifi furan nijiru. Isaan keessaa yaaxxinni Zartman (1996:48) akkana jedha,

> *The conflict management mechanism through institutions concerned with the implementation of strategies' process of interaction between conflicting parties, this includes parties presentation of their demands based on this institutions propose a policy and to manage conflicts.*

Kana jechuun yaada jaarmiyaalee waldhabanii fedhii fedhii isaanii adda baasanii walitti qindeessuun adeemsa sababa waldhabdee jaarmiyaalee sanaa mul'isu akka lafa kaa'atan gochuun furmaata laatuudha.Waldhabdee too'achutti otoo hingalin dura tarsiimoofi miidhaa inni fiduu malu irratti xiyyeeffachuun sababa qaamolee lamaan gara waldhabdeetti geesse addaan baafachuun barbaachisaadha. ''Ginty argue that any conflict management strategies should not direct addressing violence rather the effert and strategies should focus on identifying and satisfying unmet human needs which leads to violence,'' (Ginty, 2006:34).

Kaayyoon tarsiimoowwan kanneenii waldhabbii namootaa harkatti deeffatanii too'achuufi paartilee adda addaa waldhaban giddutti rakkoo uumame hir'isuudha. Hawaasa Oromoo keessatti dhimmi waldhabbii namoota hubannoofi muuxannoo qabaniin ilaalama. Bornard Smayer yaada kana karaa saayisaawaan ibseera. ''Organizatio will hire facilitators to guide them in a strategic planning, goal setting, quality circles, team buildings and all mannar of tainig.'' Adeemsa waldhabbii furuu keessatti hubannoofi muuxannoon namoonni waldhabbii jaarsummaa qaban gadi fageenyaafi guutummaan hiikamuu rakkootiif ga'ee guddaa qaba.

Kanaafuu, haalli waldhabbiin ittiin furamu kan ijaarsaa yookkiin diigumsaa ta'uu danda'a. Rawls, (1996) yaada kana akkana jechuun ibsa, ''the norms of cooperation and constructive conflict resolution reflect some basic values to which people who one profoundly devided by reasonable religious philosophical and moral doctrines can adhere.'' Kanaafuu, waldhabbii safuufi amantaa gareewwan waldhabanii xiyyeeffannaa keessa galchuudhaan karaa sirrii ta'een araarsuun barbaachisaadha. Araarri jaarsummaa aadaa tooftaa waliigaltee kan ammayyaa gadi hintaaneefi fudhatama kan qabuudha.

Dhimma waldhabbii irratti hojiin hojjatamu tooftaa walitti hidhamiinsa namootaa yookiin hawaasaa ittiin cimsuuf adeemsa nama muuxannoo horachiisuuti. Ciminni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo haalli ijaarsa jaarmiyaa isaa, jabaachuun kan ittiin madaalamuun dandeettii rakkkoo waldhabbii hiikuu hawaasa sana keessatti horatameedha. Xiinxalaan hubannaa waldhabbii addaan baafachuu horachuun meeshaa dandeettii waldhabbii hawaasa keessaa hiikuu akka gonfannu nugargaara. Kunis adeemsa waldhabbii hiikuu bu'a qabeessummaafi oomishtummatu irraa baratamuu qaba. ''Kanaafuu, adeemsa waldhabdee jaarsummaan furuu keessatti tarsiimoon waldhabbiin ittiin furamaa ture adeemsa irra deebii hinqabneefi jijjiirama guutummaa rakkoo hawaasaa kan furuudha'', Umar (2012:31-32).

Yaada kana irraa kan hubatamu, tarsiimoon waldhabbii furuu kun tasuma kan uumame osoo hintaane, adeemsa seera-qabeessa, hojii kalaqaafi falaasama dhala namaa yeroo dheeraa ummata keessatti beekamaa ta'eedha. Kana irraa ka'uudhaan haalli uumama waldhabbii iddoo waldhabbiin irratti uumamu, adeemsa waldhabbii furuun keessa darbuu qabu kan murteessu garee hawaasaa sanaati.

Namoota yookiin gareewwan namootaa hariiroo waliin qaban giddutti waldhabdeen yoo mudate hamma danda'ameen karaa ijaaraa ta'eeniifi fedhiii qaamota lameenii kabachiisuu danda'uun waldhabdee furuun barbaachisaadha. Waldhabdeen garee tokko yemmuu uumamu gara sadarkaa hammeenyaatti ce'uu kan danda'u keessumattuu, waldhabdeen qabeenyaafi diinagdee gareewwan giddutti uumamu irraa kan madde yoo ta'eedha.

2.9. Waldhabdee Furuu

Waldhabdee furuu jechuun adeemsa qaamota wadhaban lamaafi isaa ol giddutti karaa fedhii qaamota waldhabdee kana keessatti qooda fudhatan hundaa giddutti itti quufinsa fiduu danda'uun nagaafi tasgabbii buusuuti. Stobbe, (2011:16) irratti yaada kana yoo cimsu, ''The term resolution bears a meaning seeking solution to a problem through cooperation and discussion,'' Jedha. Adeemsi araara buusuu rakkoo qaamonni lamaan irratti waldhaban barbaadanii fala kaa'uu qofa osoo hintaane, hariiroo jireenya hawaasummaa gidduu isaaniitii cite deebisanii suphuu ofkeessatti kan hammateedha.

2.10. Jaarsaafi Jaarsummaa

Waldhabbii ittisuufi too'achuun dhimmichi sadarkaa walhimannaa otoo hinga'in dura wanta raawwatamuu qabuudha.Waldhabdee jaarsummaan furuun maal akka ta'e ilaaluun duratti jaarsaafi jaarsummaan maal akka ta'e balballoomsuun barbaachisaadha.

Jaarsi qaama hawaasaa keessaa isa tokko ta'ee, nama umriin bubbule, yaadaan bilchaate, muuxannoofi hubannoo cimaa kan qabu, akkasumaas hawaasa naannoo biratti dhageettiifi fudhatamummaa guddaa kan qabuufi nagaafi tasgabbii naannoofi biyyaa buusuu keessatti qooda cimaa kan qabuudha. Jaarsoni ammoo namoota waldhaban araarsanii rakkoo namoota giddutti kallattiifi alkallattiin uumaman naannoo isaan jiraatanitti yoo dhaga'an dhama lamaaniin affeeramanii yookiin fedhii isaaniitiin osoo isaan gara walhimannaa seeraatti hindeemin, qabeenya walii hinballeessin, maqatu nubada jedhanii waan safeeffataniif, dubbii harka isaaniitti akka deebitu dhama lamaan gaafachuun walitti araarsuuf kan fudhataniidha.

Jaarsi namoota waldhaban gidduu seenuudhaan yoom, maaliif, eessatti rakkoon akka uumame ilaalee naannoo ofiitti nagaafi tasgabbii kan buusuudha. Jaarsi ollaa, firaafi qaamota biroo araarsuuf dhaabbata nagaa baasii tokko malee hawaasa kan tajaajiluudha.

Gama biraatiin ummanni Oromoo aadaafi bartee cimaa sirnaan ijaarame kan waldhabdee ittiin furuufi ittisu mataa isaa niqaba. Jaarsummaan, araarri aadaa jaarsota hawaasa naannootiin raawwatamu kun, mala gosoonni Oromoo hundi waldhabdee isaan giddutti uumame furachuuf itti gargaaraman keessaa isa ijoodha. Malan, (1997) yaada kana yoo cimsu, ''In the traditional Oromo society, as it is true in other traditional societies as well, ''jedha. Jaarsonni hawaasa isaan keessa jiraatan keessatti rakkoon yoo uumame yeroo murtaa'e keessatti araara buusuuf dirqama hawaasummaattu isaan irra jira. (Asefa, 2001; Lawis, 1988) yaada kana yoo gabbisan, ''community elders are supposed to resolve it on the spot or fix a date usually weekends or holidays to mediate the disputant's'' jedhu. Jaarsonni dhimma kana kan raawwataniin karaa dhaabbata isaanii jaarsa biyyaa yookiin jaarsa araaraa jedhamuun ta'a.

Jaarsonni araaraa kan filatamanii namoota waldhabaniin yookiin karaa fira aantee isaaniitiindha.

Jaarsonni akka jaarsa biyyaa yookiin jaarsa araaraatti filaman kunneen yeroo baay'ee beekumsa safuufi seera aadaa hawaasaa kan qaban, loogummaa irraa bilisa ta'uun maqaa gaarii kan qaban, akkasumaas namoota amansiisuu irratti ga'umsa cimaa kan qaban yoo ta'aniidh. Kana qofa osoo hintaane hangafummaadhaanillee jaarsi filamuu danda'a.

Akka Dejene (1991) jedhutti, ''jaarsonni sanyiin isaanii sirna gadaa keessatti hirmaannaa qaban araara jaarsummaa keessatti nibarbaadamu; sababni isaas murtiin isaan kennan seeraafi heera Oromoo irratti hubannoo ga'aa qaban jedhamee waan amanamuuf,'' jedha. Haata'uu malee naannoo qorannoo kanaatti jaarsonni akkaataa hangafummaa isaaniitiin qaarteedhaan qosoota jiran irraa filatamu. Jaarsonni kunneen *shanacha balbalaa yookiin saddeeta* jedhamuun beekamu. Jaarsonni filataman kunneen hojii isaanii osoo hinjalqabi dura hawaasa isaanii irraa eebba fudhachuun isaan tajaajiluu eegalu.

Jaarsi yeroo baay'ee araara buusuu keessatti fedhiidhaan keessatti hirmaata. Haata'uu malee dhimmoota ijoo ta'an kan akka waldhabdee maatii, keessattuu araara waldhabdee Abbaafi Ilmaa keessatti yoo dhimmichi cimaa ta'e isaan lamaantu gama lachuuyyuu jaarsa araaraa baafata. Haalli kunis ''jaarsa bitaafi mirgaa'' jedhamee beekama (Dajanee, 2002:46). Haata'uu malee jaarsi Oromoo garee lamaan irraayyuu bilisa jedhamee amanama. Bu'uuruma kanaan ''Jaarsi abbaa hinqabu'' jedhamee beekama. Kun ammoo jaarsi jara lamaanuu loogii tokko malee qixa kan tajaajilu ta'uu namatti agarsiisa. Lakkoofsi jaarsota jaarsummaa irratti hirmaatanii yeroo baay'ee shan yoo ta'ellee, akkaataa cimina rakkoo irratti hundaa'uun hanga digdamaatti deemuu danda.a. Fakkeenyaaf waldhabbiin kan gosaafi gosaa yoo ta'e baay'inni jaarsaa dabaluu danda'a (Arabafi Birhaanuu, 2008; Asefa, 2001).

Egaa akka walii galaatti, yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, jaarsonni araaraa dandeettiifi beekumsa aadaa qaban qofaan osoo hintaane, hangafummaafi hirmaannaa Sirna Gadaa keessatti qabaniinillee filatamuu akka danda'aniidha.

2.11. Yaadrimee Araaraa

Hayyoonni baay'een maalummaa araaraa ilaalchisee irra caalaa bifa walfakkaatuun hiika itti kennu. Maalummaa araaraa ilaalchisee (Simbey and Merry, 1986:1) waabeffachuun hiika yoo kennu,

> *A process of settling conflict in which the third party over sees the negotiation between two parties; but does not impose an agreement. Bush and Folger (2005:8) conceive it as informal process in which a neutral third party with no power to impose a resolution helps the desputing parties try to reach mutually accepted settlement.*

Roberts (2008:7) gama isaatiin yoo ibsu, ''mediation is a form of intervention in which a third party, the mediator, assists the parties to a despute to negotiate over the essues that devide them,'' Jedha. Akka yaada hayyoota armaan oliitti, jaarsummaan qaamotni waldhaban lamaan kallattiin walitti dhufanii waliin dubbachuun rakkoo isaan gidduu jiru akka furataniif carraa bal'aa isaanii kan uumu ta'uu isaati.

Furmaanni booda irratti qaamotni waldhaban lamaan irra ga'uu qaban isaanuma mataa isaanii irraa kan madduufi kan isaan lameenuu quubsu ta'uu akka qabuudha. Inni kun ammoo qaamonni lameenuu rakkoo isaanii araara jaarsummaatiin fixachuu keessatti mirgaafi angoo walqixaa qabaachuu akka danda'an agarsiisa. Adeemsi dubbii araara jaarsummaa al-idilee waan ta'eef qaamonni waldhaban lamaan haala bilisa ta'een yaada isaanii ibsachuu, yaada araaraa akka deeggaran yookiin mormaniif karaa saaqaaf.

Akkuma hiika araara jaarsummaa armaan olii irraa hubachuun danda'amutti, ga'een jaarsotaa qaamota waldhaban akka walitti dhufan haala mijeessuu irra kan darbee miti. Jaarsonni araaraa namoota waldhaban irratti murtii yookii furmaata kennuun dhiibbaa gochuu hindanda'an. Kun ammoo jaarsonni araaraa gartummaa jara lamaanii irraayyuu bilisa ta'uu isaanii namatti agarsiisa.

2.12. Sakatta'a Qorannoo Barruu Walfakkii

Mata duree qorannoo kanaatiin kan walitti siiquu danda'an qorannoowwan adda addaa kanneen armaan dura hojjataman dhiyaatanii jiru. Qorannoon kanaan hamma tokko kan walitti siiqu Umar (2004) '' Qaaccessa Koottu-Dhufee Araara Dubbii Gumaa keessatti'' kan jedhu yoo ta'u, xiyyeeffannoon guddaan qorannoo isaa sirna koottu-dhufee

(fookloorii) qaaccessuu yoo ta'u, qorannoon koo garuu Qaaccessa Fayyadama Afaanii irratti xiyyeeffata. Qorannoowwan kana lameen kan walitti dhiyeessu, lamaanuu jaarsummaa Oromoo Arsii irratti xiyyeeffachuu isaaniiti.

Ayyuub (2008) mata duree "*Language use of Jamican and Rastafarian Commumity in Shashemene*" jedhu irratti hojjetee jira. Qorannoon kun fayyadama afaanii hawaasa Raastafariyaan kan hawaasa naannoo Shaashamannee waliin madaaluudha. Argannoon qorannoo kanaa fayyadamni afaanii hawaasa Jamaa'ikaafi Raastafariyaan Shashamannee keessa jiraatu kan hawaasa naannoo waliin walitti firoomsanii itti gargaaramuu isaaniiti. Kunis, hawaasni naannoo kanaa afaanota hedduu akka afaan tokkoffaafi lammaffaatti dubbatanis Afaan Amaaraa irra caalaa kan dubbatan ta'uu ibsee jira.Walitti dhufeenyi afaanota kanneenii seenaa darbe keessatti hawaasni gara garaa hariiroo waliin qaban irraa akka madde ibsa.

Qorannoon koo ammoo, Qaaccessa fayyadama Afaan Oromoo Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu Aanaa Dodolaa irratti xiyyeeffata. Qorannoo kanaafi kan Ayyuub tokko kan isaan taasisu, qorannoon lamaanuu itti fayydama afaanii irratti kan xiyyeeffatan ta'uu isaaniiti. Kan isaan adda taasisu garuu, qorannoon kun Qaaccessa fayyadama Afaan Oromoo Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu keessatti qabiyyeen qaaccessuu irratti waan xiyyeeffatuuf qorannoo isaa irraa adda ta'a.

Qorannoo biroo kan fayyadama afaanii waliin walitti dhiyeenya qabu, Zalaalam (2012) mataduree "Xiinxala Fayydama Afaan Oromoo: Beeksisoota Taappeellaa Magaalaa Adaamaa" jedhu irratti hojjateedha. Argannoon qorannoo kanaa, beeksisoota taappeellaa Magaalaa Adaamaa keessa jiran dogoggora caasaa, qubee, sirna tuqaalee, hanqina jijjirraa maqaafi fayydama jechoota mijatoo hin taanee akka qaban ibsee jira. Haata'uu malee, qorannoon Zalaalam itti fayyadama afaanii beeksisoota taappeellaa magaalaa Adaamaatiin yoo walqabatu, qorannoon koo garuu, Qaaccessa fayyadama Afaan Oromoo Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu Aanaa Dodolaa xiinxaluu irratti xiyyeeffata.

Qorannoon inni biro, fayydama Afaanii wajjiin walitti dhiyaatu, kan Gabii (2015) mata duree ''Fayyadama Afaan Oromoo hordoftoota Amantii Islaamaa Anaa Xiyoo biratti

mul’atan xiinxaluu’’ jedhu irratti hojjate yoo ta’u, argannoon qorannoo kanaa Afaan Oromoofi Afaan Arabaa walitti makuun fayyadamuu yoo ta’u, kun ammoo guddina Afaan Oromoo irratt dhiibbaa qabaachuu akka danda’u kan mul’iseedha.

Qorannoowwan kana lameen wanti tokko isaan taasisu, lamaan isaaniituu qorannoo itti fayydama Afaan Oromoo irratti kan gaggeeffaman ta’uu isaaniiti.

Qorannoo koo kana adda kan isa taasisu, Qaaccessa fayyadama Afaan Oromoo Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu Aanaa Dodolaa xiinxaluu irratti kan xiyyeeffatu waan ta’eef, qorannoo Gabii irraa adda isa taasisa. Haaluma walfakkaatuun mata duree qorannoo kootiitiin kan walitti siiqu inni biraan, Alemu (2013) ‘’A Discourse Analysis of Jaarsummaa, Atraditional method of dispute resolution by community elders’’ Mata duree jedhu irratti kan hojjatame yoo ta’u, walfakkeenyi qorannoowwan kana lamaanii fayyadama Afaanii irratti xiyyeeffachuudha.

Garaagarummaan isaanii garuu, kan Alemu waldhabdee Dhiirsaafi Niitii irratti kan xiyyeeffatu ta’ee argannoon isaa olaantummaa angoo dhiirti dubartii irratti qabdu kan agarsiiseedha; qorannoon koo garuu, Qaaccessa fayyadama afaanii waldhabdee Abbaafi Ilmaa jaarsummaan furuu irratti xiyyeeffata.

BOQONNAA SADI: Beedduuba, Saxaxaafi Mala Qorannichaa

3.1. Beedduuba

Jaarsummaan aadaa ummata Oromoo keessatti bakka guddaa kan qabduufi sirna seera bulchiinsa aadaa beekumsa duubee hawaasa naannichaati. Jaarsummaan dhugaa qabatamaa irratti kan hundoofteefi jireenya guyyuu guyyuu hawaasichaa kan agarsiistuudha. Adeemsa sirna gadaa keessatti ummanni Oromoo seeraafi heera ittiin walbulchu kan mataa isaa qaba.Tooftaa ittiin walbulchaniifi hogganan keessa jaarsummaan isa tokkodha. Kanaafuu, jaarsummaan beekumsa aadaa uumaan isa badhaase kan ittiin walbulchaniifi too'atan yoo ta'u, qajeeltoo dhaabbataa mataa isaa kan qabuufi bifa waliin dubbiitiin kan raawwatamu ta'ee, namoonni hubannoofi muuxannoo gahaa qaban qofti beekan, afaan haasawa idilee irraa adda kan ta'e, mala karaa aadaa ta'een waldhabdee hiikuu dhaloota irraa dhalootatti darbaa dhufeedha.

3.2. Saxaxaa Qorannichaa

Qorannoon kun mala ibsaatiin Qaaccessa fayyadama Afaan Oromoo Araara dubbii jaarsummaa Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Anaa Dodolaa keessatti yeroo ammaa hojiirra oolaa jiru xiinxaluu irratti kan hundaa'edha. Qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatiin kan qaacceffameedha. Kanaafuu, qorataan qorannoo kana gaggeessuuf adeemsa qorannoo kanaa filateera. Walumaagalatti, boqonnaan kun mala qorannichaa ofkeessatti kan hammate yoo ta'u, mala qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda odeeffannoo, iddattoofi iddatteessuu, madda ragaafi malli odeeffannoon itti funaaname, wal duraa duubaan dhiyaatanii jiru.

3.3. Mala Qorannichaa

Qorannoon kun mala akkamtaatti fayyadamuun gaggeeffame. Qorannoo kana keessatti odeeffannoon guurame lakkoofsaan osoo hintaane ibsaan hiika kan argate waan ta'eefdha.Kana irratti Abiyyiifi kaawwan (2009:36) yoo ibsan, ''Qualitative research involves studies that do not attempt to quantify their results through statistical summary or analysis,'' jedhu.

Dabalataan, Dastaa (2002:20) ''qorannoon mala akkamtaatiin gaggeeffamu odeeffannoo argate mala addeessaatiin ykn ibsaatiin dhiyeessa,'' jedha.

Yaada kana irraa malli kun gadi fageenyaan xiinxaluu irratti humna qabaachuufi gama amanuufi hubannoo bal'isuufis haala kan mijeessu ta'uu hubanna. Kanaafuu, kaayyoon qorannoo kanaas xiinxala fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa waldhabdee abbaafi ilmaa keessatti waan ta'eef qorataan mala kanatti fayyadamee jira.

3.3.1. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun jaarsota araara dubbii jaarsummaa battala dubbii jaarsummaa sadan irratti hirmaatan irratti kan murtaa'uudha. Jamaan qorannichi irratti gaggeeffamuus miseensota jaarsota araara dubbii jaarsummaa sadan iirratti qooda fudhatan akka iddattotti fudhachuun yoo ta'u, dhimmi qoratamu ammoo haala fayyadama afaanii isaan araara dubbii jaarsummaa sana keessatti gargaaraman qaaccessuudha.

3.3.2. Madda odeeffannoo

Maddi odeeffannoo qorannoo kanaa madda odeeffannoo tokkoffaati. Sababni isaas odeeffannoon kan irraa argame hawaasicha naannoo muuxannoofi hubannoo araaraa dubbii jaarsumaa qaban aanicha keessa jiraatan irraay. Jarreen kun ammmoo dhimmichaaf odeeffannoo kennuu irratti akka madda ragaa tokkoffaatti ilaalamu.

3.3.3. Iddattoo

Akkuma daangaa qorannichaa jalatti ibsamuuf yaalame kanneen qorannoon kun ilaallatu hunda irraa odeeffannoo funaanuun bu'a qabeessummaa isaa daran akka cimsu beekamaadha. Haata'uu malee humna qorannoo kanaatii ol ta'a. Kunis yeroo, baajata, meeshaalee barbaachisan gahaatti argachuu waan gaafatuudha. Kanaafuu, iddattoo gargaaramuun barbaachisaadha. Gosa qorannoo akkamtaa keessatti baay'inaan haalota, gochoota ykn dhimmoota ibsuu irratti waan xiyyeeffatuuf dhimmi iddattoo xiyyeeffannaa guddaa akka hinqabne Kumar (2005:165) akkanatti ibsa, ''In Qualitative research the issue of sampling has little significance as the main aim of most qualitative inquires is either to explore or describe the diversity in a situation, phenomenon, or issue.''

Qorataan qorannoo kana gaggeessuu keessatti iddattoon dhimma itti ba'e gosa iddatteessuu keessaa miti-carraadha. Kun kan ta'eef jamaa filataman keessaa iddattoo filachuuf carraan waan hinfayyadamneef.

Bu'uuruma kanaan, qorannoo kana irratti qoratichi gosa iddatteessuu keessaa miti-carraafi isa jalatti ammoo iddatteessuu akkayyoo dhimma bahuun jaarsota battala dubbii sadan (Hara Daakkiyyee, Biqqiiqqaa Maqqaallituufi Aashanaa Roobee) irratti argaman 40 keessaa muuxannoo, hubannoo, dandeettiifi ga'umsa dubbii jaarsummaa akkasumas fudhatamummaa isaan hawaasa naannichaa biratti qaban bu'uura godhachuun 33% fudhachuun jaarsota 14f afgaaffiin dhiyaatee odeeffannoon irraa funaanamee jira.

3.4. Maloota Funaansa Odeeffannoo

Akkaataa qorannoon kun fiixaan ba'uu danda'utti maloota odeeffannoon ittiin funaanamu amala mata-duree kanaaf ta'uun xiinxaluun kanneen armaan gadiitti gargaarameera.

3.4.1. Afgaaffii

Afgaaffiin namoota barreessuufi dubbisuu hindandeenyeef kan dhiyaatu yoo ta'u, dhugummaa qorannichaa mirkaneessuuf odeefkennitoota dhimmicha gadi fageenyaan beekan gaafachuudha. Bu'uuruma afgaaffii qorataan gaaffii afaaniin iddattoowwan filatamaniif gaaffannoo dhiyeessuudha. Kunis iddattoowwan qorataan fuulletti wal arganii odeeffannoo walii kan itti kannaniidha. Afgaaffiin, malli funaansa ragaa kun odeeffannoo baay'ee murteessaa ta'e bifa gaaffii banaan qophaa'an gaafachuudha. Hayyoonni adda addaa faayidaa mala kanaa kallattii gara garaatiin balballoomsu. Punch (1998:29) barbaachisummaa meeshaa kanaa haala itti aanuun ibseera.

''The interview is one of the main data collection tools in qualitative research. It is a very good way of assessing people's perceptions… of situations and construction of reality. It is also one of the most power ways we have of understanding others.'' Gaaffilee banaa kan jedhaman odeeffannoo kennaan osoo hindhiphatin taphachaa waan gaafatame sana bu'uura godhatee hanga beeku muuxannoo ofiifi namootaa eeraa deebii kennuudha.

Deebiin inni kennu daangaa hinqabu. Afgaaffii hincaaseffamne qopheessee iddattoowwaniif dhiyeessuun odeeffannoo isaan kennan dursee isaan hayyamsiisee waraabbachuun barreeffadhee jira. Kan waraabbame ammoo gara barreeffamaatti jijjiiruun qaaccessaaf akka ta'utti mijeessee jira. Kunis, dhimmicha irratti odeeffannoo ga'aa haala ifa ta'een argachuuf yaadameeti. Haaluma kanaan odeeffannoon gahaa ta'e argamee jira.

Faayidaa afgaaffii kanaa Addunyaa (2011:64) yoo ibsu, ‘’Malli kun warra odeeffannoon irraa argamu sana qaamaan yookiin sagalee isaanii waan dhiyeessaniif odeeffannichi argamu aslii ta.a,’’ jedha. Qorataanis afgaaffiin kaayyoo qorannoo kanaa galmaan ga’uu keessatti shoora guddaa qaba jedhee waan itti amaneef itti gargaaramee jira. Haaluma kanaan balballoomsa fayyadama afaanii waldhabdee Abbaafi Ilmaa Oromoo Arsii Aanaa Dodolaa irratti iddattoonni hirmaatan jaarsota waldhabdee namoota dhuunfaa, garee, gosoota adda addaa furuu keessatti dandeettiifi muuxannoo gahaa qaban battala dubbii sadan (Hara Daakkiyyee, Biqqiiqqaa Maqqaallituufi Aashanaa Roobee) irratti argaman 40 keessaa 33% fudhachuun jaarsota 14f afgaaffiin dhiyaatee odeeffannoon irraa funaannachuun qaaccessee jira.

3.4.2. Waraabbii

Dhimma raawwatamu tokko battala sanatti argamanii waraabuun odeeffannoo argamu sana caalatti qabatama waan taasisuuf baay’ee barbaachisaadha.

(Mayr, 2008) yaada kana yoo cimsu ‘’…Recording of the actual interaction can provide more accurate picture of what really happens in discoursive social practices,’’ jedha. Anis kanuma bu’uura godhachuun milkaa’ina kaayyoo qorannoo kanaatiif jecha dhimmoota jaarsummaa daawwadhe shan keessaa sadi kan waraabe yoo ta’u, dhimma waldhabdee Abbaafi ilmaa ganda Gannata-Haraa ykn iddoo addaa Hara Daakkiyyee gaafa 25/07/2008fi 02/08/2008 taa’ame qorannoof akka barbaadu isaan hayyamsiisuun taatee battala sanaa waraabee qaaccessuuf akka mijaa’utti barreeffamaatti jijjiiree fayyadama afaanii jaarsonni araara dubbii haala sana keessatti dhimma itti ba’an balballoomsee jira.

3.4.3. Daawwannaa, marii gareefi Yaadannoo Dirree

Battala dubbii jaarsummaa waraabuun cinatti, dhimmoota adda addaa irratti yaadannoo qabachuuf yaalii godhee jira. Daawwannaan qorataan tokko bakka dhimmi qoratamu itti raawwatamu sanatti argamuun taasisu ragaa dhugaa ta’e argachuuf barbaachisaa waan ta’eef itti gargaaramee jira.

Dhimmoota kanneen keessaa haala akkaataa teessuma jaarsotaa, baay’ina jaarsota battala dubbii sanaatti argamanii, umrii isaanii, hariiroo firummaa jaarsonni namoota waldhaban

sana wajiin qabaniifi dhimmoota biroo kanneen miti-dubbii ta'anii adeemsa araaraa sana cimsuu keessatti qooda qaban hunda yaadannoo qabachuu yaalee jira.

Akkasumaas adeemsa odeeffannoo funaanuu kana keessatti jaarsota naannoo nama shan affeeruun dhimmoota waldhabbii kanaan walqabate, sadarkaafi ga'ee jaarsonni hawaasa naannichaa biratti qabaniifi kkf kanneen afgaaffiin hindeebi'in irratti marii garee xiyyeeffannoo gaggeessee jira.

3.5. Mala Qaaccessa Ragaalee

Malli takkattiin qofti qophoofte fayyadama afaanii ittiin qaaccessan hinjiru. ''Researchers who conduct critical discourse analysis often utilizies diverse methods of analysis in there attempt to critically examine a text from different persepectives,'' (Rogers, 2004:7-8).

Kanaafuu, dhimmoota ijoo gaaffilee bu'uuraa qorannichaa keessatti ka'an too'achuudhaaf malli balballoomsaa heddu kanneen yaadaddama bu'uuraa mataa mataa isaanii qaban gargaaramee jira. Haata'uu malee maloonni kunneen amaloota waliigalaa kan waldeeggaraniin niqabu. Maloonni kunneenis kan akka mala balballoomsa sochii *(Rhetirical move analysis)* malli kun caasaa dubbii qaaccessuuf fayyada.

Mala balballoomsa amansiisuu/persuasive appeals analysis (tarsiimoo jaarsonni ittiin amansiisan balballoomsuuf gargaara); *yaadaddama sadarkeessuu* (malli kun mala fayyadama afaanii ittiin balballoomsinu keessaa isa tokko ta'ee, saayinsii xinqooqa tajaajilaa jalatti kan ramadamu yoo ta'u, hariiroo angoo jaarsota gidduu jiru qorachuuf gargaara). Fayyadama afaanii jaarsummaa gochaa jaarsonni dubbii raawwatan yoo ta'u, innis yeroo baay'ee kan mirkanaa'uun xinqooqaan. Kun kan nutti mul'isu malli balballoomsaa kun dhimma hariiroo angoo jaarsota dubbii gidduu jiruudha. Fakkeenyaaf, dubbii jaarsummaa keessatti malli balballoomsa sochii gareen angoo olaanaa qabu haala qunnamtii achi keessa jiru too'achuu akka danda'u adda baasuuf gargaara. Fakkeenyaaf aadaa fayyada afaanii dubbii jaarsummaa naannoo qorannoo kanaa keessatti abbaan murteefi qortichi angoo qixa hinqaban.

Haaluma walfakkaatuun malli balballoomsa amansiisuu, eenyutu eenyuun akka amansiisufi amansiisaan wanta ofii amansiise sana akkamiin hojii irra akka oolu seera kan qabsiisu ta'uu kan ittiin agarsiisuudha. Bifuma walfakkaatuun yaadaddamni angeessuu ummanni afaanitti fayyadamuun eenyummaa hawaasummaa isaaniifi kan dhaggeeffattoota isaanii akkamitti akka ijaaraniifi haalli hariiroo angoo isaan lamaan gidduu jiru maal akka fakkaatu agrsiisa.

Walumaagalatti, kaayyoon guddaan yaadaddama kana sadaniin balballoomsuun barbaadameef, namoonni jechoota waliin maal akka hojjatan balballoomsuudhaaf.

3.5.1. Dhimmoota Filachuu

Sagaleewwan battala dubbii jaarsummaatti waraabbadhe hundaa hamma danda'ameen irra deddeebi'ee dhaggeeffachuuf yaalii godheera.

Dheerinni waraabbiiwwan sagalee battala dubbii jaarsummaa saa'aa 1:15- 3:50 tti garaagarummaa qaba. Gaaffilee qorannoo kiyya waliin kan deemu adda baafachuudhaaf jecha dhimmoota waraabbaman hunda isaaniituu qofaa qofaatti ilaaluuf yaalii godhee jira. Haata'uu malee gadi fageenyaan xiinxaluuf akka naaf tolutti dhimmoota jaarsummaa arge shan keessaa sadi filadheera.

Dhimmoota shanan kanneen keessaa tokko dhimma dhiirsaafi niitii, dhimma haadhaafi ilmaa, dhimma lafaafi dhimma Abbaafi Ilmaafi waldhabdee obboleewwaniiti. Dhimmi dubbii jaarsummaa baay'ee dheeraafi walxaxaa ta'uu irraa kan ka'e hunda isaanii tokko tokkoon qaaccessuun baay'ee ulfaataa waan ta'eef, dhimmoota waraabbadhe sadan keessaa tan waldhabdee Abbaafi Ilmaa fudhachuun gara barreeffamaatti jijjiiruun qaaccessee jira. Sababni ani kana godheef dhimmi takkittiin tun adeemsa araara dubbii jaarsummaa hawaasa naannoo qorannoo kanaa haalaan ibsiti jedhee waan amaneefdha.

BOQONNAA AFUR: QAACCESSA RAGAALEE

Odeeffannoon karaa maloota funaansa ragaa kanneen akka afgaaffii, waraabbii sagalee, marii gareefi yaadannoo dirreetiin maanguddoota sirna araara dubbii jaarsummaa beekan , miseensota irraa funaanaman haala armaan gadiitiin qaacceffameera. Ragaawwan mata-durichaan walqabatan guutummaa, sirrummaafi qulqulinni isaanii calalmee mirkanaa'eera. Ragaawwan kaayyoo qorannichaatiin walhinqabannefi hir'uu ta'an battalumaatti keessaa haqamanii jiru. Ragaawwan haala walfakkeenyaatiinfi garaagarummaa isaaniitiin akaakuu akaakuun kophaa kophaatti gurmeeffamniiru. Ragaawwan argaman bifa barreeffamaatiin qindaa'anii ibsamaniiru.

Bu'uuruma kanaan qaaccessi boqonnaa kanaa ibsa adeemsa jaarsummaatiin eegale. Itti aansuun tajaajilli afaanii erga balballoomfamee booda maalummaan kutaalee fayyadama afaanii jaarsummaa afran kanneen akka baniinsaa, cokaa, gungumaafi araaraa duraa duubaan qaacceffaman. Kutaan baniinsaa eebbaan kan jalqabu yoo ta'u gulantaawwan afur ofkeessaa qaba. Kutaa kana keessatti too'annoofi falmii dubbii jalqabuuttu qaacceffame.

Kutaan inni lammataa coka yoo ta'u, sadarkaa afur keessa darbuun qaacceffame. Kutaa kana keessatti abbaa murtee irraa hayyama fudhachuu, qortoonni dubbii akka jalqaban ajaja kennuu, kutaa itti eenyu akka jalqabuu qabu irratti walfalmuufi waldhabdoonni akka dubbatan gaafachuun dabaree isaanii eeganii qaacceffamanii jiru.

Kutaan inni biraan kutaa gungumaa yoo ta'u, innis dubbii dhiyaate irratti otoo gara araaratti hince'amin dura yaada kennuu irratti xiyyeeffata. Kutaan kun sadarkaa sadi ofkeessaa kan qabu ta'ee, sadarkaawwan isaa jahan wajjiin qaacceffaman. Kutaan araaraa kutaa dhumaa fayyadama afaanii jaarsummaa ta'ee gulantaawwan saglan isaa faana qaacceffame.

Walumaagalatti, kutaaleen afran fayyadama afaanii jaarsonni battala dubbii jaarsummaa waldhabdee abbaafi ilmaa keessatti dhimma itti ba'an boqonnaa kana jalatti odeeffannoowwan karaa maloota armaan olitti eeramaniin argaman tartiiba isaanii eeguun akka armaan gadii kanatti qaaccesseera.

4.1. Ibsa Adeemsa Jaarsummaa

Jaarsummaan Oromoo Arsii biratti akka gochaa safuufi dhaabbata hawaasummaa guddaa tokkotti ilaalama. Jaarsummaan galmeefi hirmaattota haa xiqqaatus, haa guddatus ga'ee dhaabbataa qaban kan qabuudha. Jaarsonni dubbii yeroo baay'ee muka guddaa gaaddisa qabu, kan hirmaattota hundaafuu gaaddiseessuu danda'u jala taa'u. Yemmuu taa'an kana akka feetetti kan taa'an osoo hintaane, hirmaattonni hunduu fuulaan walitti gara galanii akka geengootti marfatanii taa'u.Battalti jaarsummaan itti taa'amu mataan isaa 'gaaddisa' jedhamee waamama. Jaarsonni dubbichaaf bayan akkuma waliigaattuu *'yaa'a' yookiin 'bayii'* jedhamu. Lakkoofsi jaarsota bayanii cimina dhimmichaa bu'uura godhachuun garaagarummaa qaba. Garuu, jaarsummaa keessatti isaan armaan gadii miseensota murteessoodha. Murticha ykn jaarsa waltajjii kan jedhamu yoo ta'u, inni kun gosa hangafa taate keessaa filama.

Inni lammataa ammoo haala mijeessitoota ykn qora lamii kan jedhaman yoo ta'u, naannoo qorannoo kootiitti, jarri kun qora bitaa-mirgaa jedhamuun gosti hangafa ta'e yoo jiraate achi keessaa filamu, ykn ga'umsaafi muuxannoo isaanii irratti hundaa'uun falatamu. Garuu naannoo qorannoo kootiitti kanneen isaan keessaa filataman ardaafi gosa keessaa waan ta'eef Qora Ardaafi Qora gosaa jedhamuun battala jaarsummaa sana keessatti qooda fudhatan. Waltajjiin jaarsumaa kan eegaluun haala mijeessitoota ykn qora lamaaniin yoo ta'u, isaanis kan filatu jaarsa waltajjii ykn abbaa murteeti. Battala jaarsummaa keessatti murtichi yeroo baay'ee haala mijeessitoota dhaabbiidhaan isa wajjiin hojjatan qaba. Haala mijeessitoonni itti gaafatamummaa heddu qabu. Tokkoffaa dhimma guyyichaa nibeeksisu; dabaree qabsiisu; jaarsota biroo wajjiin ta'uun murtii abbaan waltajjii kenne nimirkaneessu. Walumaagalatti, haala mijeessittoonni abbaan murtii adeemsa jaarsummaa akka too'atu gargaaru. Naannoo qorannoo kootiitti jaarsummaan bakka abbaan waltajjii (murtichi) hinjirretti gaggeeffamu hinjiru.Sababni isaas yaada jaarsotaa bu'uura godhachuun haalaafi dubbii cuunfuun kan qajeelchu isa waan ta'eef. Waldhabdoonni qophaa qophatti *himataafi dachaafataa* jedhamuun beekamu. Waldhabdoonni jaarsota isaaniif dubbatan dabalatee dhama jedhamu. Sirna jaarsummaa keessatti carraan duraa waldhabdootaaf kennama.

Adeemsi jaarsummaa murtichaafi haala mijeessitootaan too'atama. Adeemsi carraa fudhachuufi dubbachuu kan danda'amu yoo murtichi ykn haala mijeessitoonni hayyama kennan qofa ta'a. Jaarsonni dabaree fudhachuu yoo barbaadan *na gungumsiisaa* ykn *gunguma nafuudhi* jedhu. Hiikni isaa nidubbadhaa carraa naaf kenni jechuu ta'a. Murtichi gaaffii kanaaf deebii kennuu yoo barbaade, *koottaa* jedha. Waldhabdoonni garuu gidduun dubbatan taanaan adabbii qabu. Adabbiin kunis yaatu jedhama. Yoo waldhabdoonni gidduun dubbatanii seera yoo cabsan murtichi akkana jedha. ''Yaatuun siyaatee, kormaa-goromsi siyaate'' jedha. Akka odeefkennaan tokko jedhanitti, ''Yeroo durii namni haala kanaan adabame kormaafi goromsa fidee qaluun jaarsota dubbii jaarsummaa kanaaf taa'aniif dhiyeessa. Haata'uu malee yeroo ammaa kana horii qaluun hafee qarshii 10-50 akka kennu taasifama.''

4.2. Qaaccessa Tajaajila Fayyadama Afaanii Jaarsummaa

Mata duree kana jalatti fayyadama afaanii jaarsummaa waldhabdee abbaafi ilmaa furuu keessatti Oromoo Arsii biratti dhimma itti bahamutu qaacceffama. Qaacceffamni kunis kutaalee jaarsummaa tokkoof taa'aman afran bu'uureffachuun haasaa dhiyaatu irratti gaggeeffama. Isaanis kutaa baniinsaa, cokaa, gungumaafi araaraa kan jedhaman ta'ee tokko tokkoon isaanii gulataafi sadarkaalee mataa isaanii faana duraa duubaan qaacceffaman. Gulantaaleefi sadarkaawwan kutaa baniinsaa bifa armaan gadii kanaan qaacceffamaniiru. Kutaa kana keessatti kan xiinxalamu akkaataa fayyadama afaanii dubbii jaarsummaafi haala xinqooqa isaa irratti xiyyeeffachuun ta'a.

4.2.1. Kutaa Baniinsaa

Kutaan fayyadama afaanii jaarsummaa kan jalqabuun eebba jaarsota battalaatiin ta'ee, xiffannoon guddaan kutaa kanaa waldhabdee mudate kana loogiifi gartummaa tokko malee araarsuufi araara isaanii kana keessatti waaqni isaan gargaaree araarri akka bu'u hawwii qaban agarsiisuudha. Kutaan kun gulantaawwan bu'uura ta'an afur ofkeessaa qaba. Isaanis akka armaan gadii kanatti dhiyaatanii jiru.

T.L	Dubbattoota	Gulantaawwaniifi sadarkaalee	
1.	Abbaa Murtee/Jaarsa Waltajjii	Gulantaa 1	Eebba eebbisuu
2.	Abbaa Murtee/Jaarsa Waltajjii	Gulantaa 2	Jalqabuu
3.	Abbaa Murtee/Jaarsa Waltajjii	Sadarkaa 1	Qorti lamiin dubbii akka eegaltu ajajuu
4.	Qora lamii	Sadarkaa 2	Dhimmicha ifa baasuu
5.	Qora lamii	Sadarkaa 3	Too'annaa fudhachuu
6.	Qora lamii	Sadarkaa 4	Eenyu dubbicha akka eegaluu qabu irratti walfalmuu
7.		Gulantaa 3	Araaraaf haala mijeessuu
8.	Abbaa Murtee	Sadarkaa 1	Araaraaf waamicha godhuu
9.	Qora Lamii	Sadarkaa 2	Waamicha araaraaf taasifame fudhachuu
10.	Abbaa Murtee	Sadarkaa 3	Murtee araaraa kennuu
11.	Qora Lamii	Sadarkaa 4	Murtee abbaa murtee mirkaneessuu
12.		Gulantaa 4	Kutaa cokaa/dhaggeeffannaatti ce'uu
13.	Qora Lamii	Sadarkaa 1	Haasaa jalqabuudhaaf abbaa Murtee irraa hayyama argachuu
14.	Abbaa Murtee	Sadarkaa 2	Qortichi/haala mijeessaan dubbii akka jalqabu ajaja kennuu.
15.	Qora Lamii	Sadarkaa 3	Kutaa itti aanu eenyu akka jalqabuu qabu irratti walfalmuu
16.	Qora Lamii	Sadarkaa 4	Waldhabdoonni/dhamti lameen akka dubbatan gaafachuu

Gabatee 1 Gulantaawwan kutaa baniinsa fayyadama afaanii dubbii jaarsummaa kan agarsiisu. (Waraabbii sagalee dubbii jaarsummaa gaafa 25/07/08 Hara Daakkiyyetti taa'ame irraa kan fudhatame).

Oromoo Arsii biratti kutaan baniinsa dubbii jaarsummaa yeroo baay'ee kan banamuun kadhaa Rabbii ykn eebba jaarsotaatiin. Gulantaa kun battala dubbii jaarsummaa ani arge hunda irrattuu nijira. Garuu yeroo hunda eebbaan jalqaba jechuun dirqamaa miti.Haata'uu malee dhimma tokko eebbaan eegaluun ummata Oromoofi ummata aadaa Oromoo fakkaatu qabu kan biroo biratti beekamaadha. Eebbi taasifamu haala xinqooqa naannoofi dheerinaafi gabaabinaan garaagarummaa xinnoo haa qabaatu malee Oromoo Arsii biratti yeroo baay'ee kan fayyadaman kan armaan gadiiti.

T.L	Jaarsa	Jaarsota
1.	Faateen sii dhagayi	Dhagayi
2.	Waaqni sii dhagayi	Dhagayi
3.	Dhagayii sii uwwaadhu	Uwwaadhu
4.	Lafti sii dhagayi	Dhagayi
5.	Dhibbi sii dhagayi	Dhagayi
6.	Dhibaayyuun sii dhagayi	Dhagayi
7.	Waraana qaqeessi	Qaqeessi
8.	Mana qaqaatti si bulchi	Bulchi
9.	Gadabi si galchi	Galchi
10.	Gadaa si hulluussisi	Hulluussisi
11.	Nagaan nu oolchi	Oolchi
12.	Nagaan nu bulchi	Bulchi
13.	Araara nagaa godhi	Godhi
14.	Afaan keenya wal beessisi	Beessisi
15.	Afaan nagaa nudubbachiisi	Dubbachiisi
16.	Dhugaan haa mootu	Haa mootu
17.	Hanni sun toltu.	Toltuun haa toltu.

Gabatee 2 Eebba jaarsonni dubbii jalqabuun duratti kutaa baniinsaa keessatti taasisan kan agarsiisu. (Daawwannaa battala jaarsummaa sadan taa'aman irraa kan fudhatame).

Eebba kana irraa hubachuu kan danda'amu dhugaa akka dubbataniifi afaan isaanii akka tokko taasisu waaqaafi lafa kadhachuun eegalan. Eebba isaanii kana keessatti jaarsonni dhugaa dubbachuuf waadaa galuu isaaniifi araara buusuu keessatti waaqni akka isaan gargaaru kadhatan ykn gargaarsa waaqaatiin dhugaa bira ga'uu akka danda'an kadhatan.Dubbii isaanii keessatti 'dhugaan haa mootu' yoo jedhan dhugaan akka waan lubbuu qabuu tokkotti diinaan/kijibaan/dharaan falmattee injifachuu akka dandeettutti ibsan.

Yaanni kun ammoo kan agarsiisu, dhugaaf xiyyeeffannoo kennuun dhugaa dubbachuufi murtee haqaa kennuufi qophii ta'uu isaanii waadaa seenuu isaaniiti. Ce'umsa kana keessatti jaarsonni hawwii araaraaf qabanis keessatti ibsatanii jiru. Eebba godhachuun jaarsotaa alkallattiidhaan gochaa isaanii seera qabsiisuufi waldhabdoota biratti amanamummaa akka argatan isaan gargaara.

Karaa biraatiin, eebbi kun waldhabdoota aarii irraa hir'isuufi xinsammuudhaan tasgabbaa'anii araaraaf akka ofqopheessan isaan gargaara.

Fayyadama afaanii jaarsummaa keessatti ‘’eebbi maaliif barbaachise’’ gaaffii jedhuuf, jaarsonni marii garee irratti hirmaatan keessaa Obbo Bariisoo Nuuree deebii yoo kennan, ‘’milkaa’ina dubbiitiif gargaarsa waaqaa argachuuf,‘’ jedhu. Gabaabumatti, kutaan ce’umsaa kun sirni jaarsummaa nagaafi milkaa’inaan akka raawwatu haala gaarii kan mijeessuudha.

Eebbi yeroo baay’ee sirna jaarsummaa dura dhufa; haata’uu malee akka tasaa ta’ee kutaa jalqaba marii irratti dhufuu danda’a. Haalli kun dubbii jaarsummaa haaraas ta’ee, ta bulte irratti hojii irra ooluu danda’a.

4.2.2. Dubbii Jalqabuu

4.2.2.1. Maaliif akka ba’an walgaafachuu

Kaayyoon kutaa kanaa jaarsonni battalichaa maaliif akka walitti qabaman kan keessatti kan walgaafatannidha. Haasofni kutaa kanaa kan jalqabuun abbaa murteetiin yoo ta’u, innis qorti lamaan akka waldubbisan isaan affeera. Walnaa dubbisaan adeemsuma dubbii jaarsummaa yoo ta’u, qortoonni waldubbisuun maaliif akka ba’an wal gaafachuun dubbii araara jaarsummaatiif akka ba’an walitti himu. Itti aansuun dubbiin laaluuf deeman kun dubbii haaraafi tan bulte ta’uu adda baasuuf jecha gaaffii walgaafatu. Haala kanaan qortichi ardaa *‘’kaaya moo kaayoo?’’* jechuun gaafate. Gaaffii isaa kana irraa hubachuun kan danda’amu dubbiin har’aa tun haaraa moo tan bulte dubbachuuf deemna yaada jedhu agarsiisa. Dabalataan ‘’*bayitu kaaya, baatu dhugaa dubbadhutu kaaya*.’’ Kun kan agarsiisu duraan dursee guyyaan beellama dubbii isaanii har’a ta’uufi erga as ba’anii battalatti argamanii ammoo dhugaa irratti hundaa’anii waldhabdoota araarsuu akka qaban agarsiisan.

Kutaan dubbii jalqabuu kun sirna jaarsummaa kamiiyyuu keessatti hojii irra ooluun dirqama. Gulantaan kunis sadarkaa afur qaba. Kutaan kun kan eegaluun, haala mijeessitoonni akka waldubbisan ajajuun ta’a. Haasofni kutaa kana keessatti taasifamu, murtichaafi haala mijeessitootaan hogganama. Abbaan Murtee/Waltajjii haala mijeessitoota/qortoota akkana jechuun ajaja.

Abbaa Murtee ‘’*Mee qorti walnaa dubbisaa.’’* Haalli dubbii kun ajaja olaantummaa sadarkaa angoo Abbaan Murtee qabu agarsiisa.

Sadarkaa sirna dubbii jaarsummaa kamiiyyuu keessatti abbaan murtee odeeffannoo wayii sirnichaaf dabarsuun ergaa isaa waliin dubbii keessa dabarfata. Sadarkaan itti aanu dhimmicha beeksisuu ta'a Tartiibni isaas kan raawwatuun gaaffiifi deebii qortoonni/haala mijeessitoonni taasisaniin ta'a.

T.L	Qortoota	Dubbii dubbatamu
1.	Qora Gosaa	Koottaa/Koottu
2.	Qora Ardaa	Koottaa-dhufe
3.	Qora Gosaa	Maaliif baye?
4.	Qora Ardaa	Dubbiif baye.
5.	Qora Gosaa	Dubbii dayaa.
6.	Qora Ardaa	Kaaya moo kaawoo?
7.	Qora Gosaa	Kaaya/Kaawoo.
8.	Qora Ardaa	Kaayalle. Kaayolle, dhugaa.
9.	Qora Gosaa	Dhugee nagayaan isinitti haa galu.
10.	Qora Ardaa	Anaa, Si'uu.
11.	Qora Gosaa	Maaltu kaaya?
12.	Qora Gosaa	Bayitu kaaya.
13.	Qora Ardaa	Ee,
14.	Qora Gosaa	Baatu dhugaa dubbadutu kaaya.
15.	Qora Ardaa	Ee
16.	Qora Gosaa	Ee
17.	Qora Ardaa	Koottaa.
19.	Qora Ardaa	Koottaa-dhufe
20.	Qora Gosaa	Bayitu kaayaa, yoo baate dhugaa dubbadhuunillee kaayaa, sii galuu? Sii galuu? Sii gala.
21.	Qora Ardaa	Dhugee nagayaan isinitti haa galu.

Gabatee 3 Fayyadama afaanii jaarsonni kutaa dubbii jalqabuu keessatti taasisan kan agarsiisu. (Waraabbii dubbii jaarsummaa gaafa 17/05/08 Aashanaa Roobeetti taa'ame irraa kan fudhatame)

Haasaa armaan olii keessatti qortoonni jaarsonni maaliif akka walgayan/yaa'an agarsiisan. Qortichi gosaa ''*Maaliif baye?''* jennaan qortichi ardaa ''*'Dubbii/Araara*.'' Jedhee deebiseef. Booda dubbiin akkamii akka harka isaanii jirtu waliin dubbii isaanii keessatti agarsiisan. Waliin dubbii battala dubbii jaarsummaa keessatti haasofni yeroo hundaa kan eegaluun qora gosaatiin. Qortichi gosaa qora ardaa dubbiin akkamii akka harka isaanii jirtu gaafate.

''Kaaya moo kaawoo? *Ta bulte moo haaraa*?'' Jedhee yoo gaafatu qortichi ardaa ammoo ''kaaya ykn kaawoo jedhee deebiseef. Waliin dubbii isaanii keessatti dhimmichi maal akka ta'e waan hinbeekne fakkaatanii walgaafatanillee, maaliif akka dhufaniifi rakkoo akkamii furuuf akka deeman nibeeku.

Waliin dubbiin bifa gaaffiifi deebiitiin taasifamu kun tarsiimoo isaan hirmaattotaafi namoota dhuunfaa waa'ee dhimmicha guyyaa sanaa quba hinqabne, kanneen battala dubbii sanatti walgayaniif dubbichi dhimma maalii akka ta'e kan ittiin hubachiisaniidha.

Battala dubbii jaarsummaa keessatti qortoonni haasaa isaanii keessatti waliin dubbii fayyadamu. Kana kan godhaniif namoota battala dubbii sanatti argamaniif tooftaa dubbii mataa isaaniitti gargaaramuun dhimmichaan wal barsiisu. Karaa biraatiin kana kan raawwataniif kutaan gara kutaa biraatti ce'uu isaafi murtee abbaa murtichaa mirkaneessuuf itti gargaaramu.

Waliin dubbii kana keessatti yeroo hundaa qortichi gosaa akkana jechuun eegala. ''*Koottu/Koottaa,''* qortichi ardaa garuu ''*dhufe* ykn *Koottuu-dhufe''* jechuun deebisa. Yoo kana jedhu waamicha ati naaf gooteef si jalaa dhaga'ee na wajjiin haasa'I jechuu ta'a. Akka aadaatti deebiin jalqabaa 'dhufe' jettu sirriidha. Sababni isaas qortoota lamaan keessaa umriidhaanis ta'ee sadarkaa hawaasummaa kan biraa qortichi ardaa qabu sana waan agrsiisuufdha. Ammaas waliin dubbii isaanii keessatti, qortichi gosaa yeroo hundaa kan gaafatu yoo ta'u, qortichi ardaa mmoo yeroo hundaa deebii deebisaaf.Qortichi gosaa qora ardaatiif *''dhugaa''* jechuun deebii isaa mirkaneessaaf.Qortichi ardaa gama isaatiin eebba kennuun qora gosaatiif deebisa. Yeroo baay'ee eebbi isaan fayyadaman *''Alaa galaa, waa tolo dayaa, dhugee nagayaan isinii haa galu''* (sa'aa namni kee nagayaan dhugee, oolee haa galu yaadrimee jedhu ofkeessaa qaba). Waliin dubbiin qortoonni lameen armaan olitti waliin taasisan ifatti kan agrsiisu hariiroo hawaasummaa keessatti ga'ee hangafummaafi quxisummaan taphatuudha. Akkaataa safuu hawaasa Oromoo Arsiitti hangafni *'woyyooma'* dha jedhama. Kabaja guddaa qaba jechuudha. Kanaafuu, garee hawaasaa kanaa iddoo guddatu kennamaaf. Qortoonni waliin dubbii kan filataniif hirmaattonni dubbii isaanii kana xiyyeeffannoon hordofuun odeeffannoo barbaachisaa ta'e akka argataniif. Qortoonni dhimmicha ibsanii erga ka'anii booda qaamni dhufuu qabu hundi argamuu isaa adda baafachuuf gara too'annoo fudhachuutti darbu (kutaa 3ffaa) ta'uu isaati. Gaaffiifi deebiin (waliin dubbiin) isaa haala armaan gadii kanaan ta'a.

T.L	Qortoota	Dubbii
1.	Qora Gosaa	Sii bayee?
2.	Qora Gosaa	Hintoo'adha …. Isinii bayee?
3.	Qora Ardaa	Ee baye
4.	Qora Gosaa	Koottaa
5.	Qora Ardaa	Koottaa
6.	Qora Gosaa	Kanaan dubbadha moo? Gara dhaqu qaba?
7.	Qora Ardaa	Gara dhaqu qaba.
8.	Qora Gosaa	Gara dhaqu qabaallee sii gala.
9.	Qora Ardaa	Dhugee nagaan isinii haa galu.
10.	Qora Gosaa	Isinii bayee? (garana)
11.	Qora Ardaa	Ee baye.
12.	Qora Gosaa	Koottaa.
13.	Qora Ardaa	Koottaa.
14.	Qora Gosaa	Gara lachiiyyuu baye jedhe.
15.	Qora Ardaa	Ee ….

Gabatee 4 Hirmaattonni (jaarsonni araara dubbii jaarsummaa waldhabdee abbaafi ilmaa irratti argamuu qaban) gama lamaan irraayyuu jiraachuu adda baasuuf jecha too'annoo fudhatamu kan agarsiisu. (Waraabbii sagalee dubbii jaarsummaa gaafa 02/08/08 Hara Daakkiyyetti taa'ame irraa kan fudhatame).

4.2.2.2. Too'annoo Gaggeessuu

Jalqaba qortichi gosaa qora ardaa ''*sii bayee*?'' Jechuun gaafate. Jaarsi gara keetii hundinuu sii argamee jechuu ta'a.Qortichi ardaa ''*hintoo'adha''* jedhe. (Dhufuufi dhufuu dhabuu isaanii adda baafadha) yaada jedhu qaba. Qortichi waldhabdoota (dhama) lamaanuu tokko tokkoon gaafachuun jaarsonni gama lamaaniituu dhufuufi dhufuu dhabuu isaanii adda baafate. Itti aansuun qortichi gosaa *''kanaan dubbadha moo gara dhaqu qaba?''* Egaa qortichi gosaa gaaffii kana kan gaafateef jaarsota abbaan baafate qofa waan too'ateef, kun ga'aa yoo hintaanee jaarsota gurbaan baafatees guutumaan guututti dhufuu isaanii gama lachaniiyyuu adda haa baafannuu ergaa jedhu ofkeessaa qaba. Booda qortichi gosaa ''*gara dhaqu qabaa sii gala,''* jedheen. Dubbii kana fudhannee yoo ilaalle, gaaffii dura qortichi gaafate bu'uura godhachuun yaanni ati dhiyeessite sirriidha jedhee mirkaneessuufii isaa irraa hubanna. Haaluma kanaan jaarsi dubbii gama abbaafi ilmaa irraallee qixa sirrii ta'een argamuu isaanii erga mirkaneeffatanii booda gara kutaa itti aanuu ce'u. Waliin dubbiin qortootaa kun angoo ykn miira abbuummaa qora jaarsonni battalichaa ykn dirree dubbii Jaarsummaa irratti qaban agarsiisa. Akkuma too'annoo xumuraniin qortoonni kutaa itti aanu eegalu.

4.2.2.3. Falmii gaggeessuu

Inni kun qaama dubbii jalqabuu keessaa isa tokko ta'ee dubbii bulchuufi fixuu irratti falmii gaggeessuudha.

Isaan lamaanuu yemmuu walfalman sababa mataa mataa isaanii dhiyeessu. Qrtichi ardaa dubbii arsiittu bulaa xumurama jedhee yaada isaa yoo dhiyeessu, qortichi gosaa ammoo duraanuu manaa kan baaneef dubbannee araara buusuuf jechuun sababa mataa isaa dhiyeessa. Falmii kana kan taasisaniif abbaan murtee gidduu isaanii seenee araara haa buusuu waan barbaadaniif. Kun ammoo alkallattiidhaan waldhabdoonni akka araaraman mallattoo agarsiisuudha. Kutaa kana keessatti ammoo dubbii araara jaarsummaa eegaluu irratti kan walfalman yoo ta'u, Inniis haasofni kutaa kana keessatti taasifamu akka armaan gadii kanatti dhiyaatee jira.

T.L	Qortoota	Dubbii
1.	Qora Gosaa	Hindubbadha moo? Hinbulfadha?
2.	Qora Ardaa	Hinbulfadha.
3.	Qora Gosaa	Maaliif?
4.	Qora Ardaa	Dubbii Arsiittu bulaa bayaaf.
5.	Qora Gosaa	Hindubbadha.
6.	Qora Ardaa	Maaliif?
7.	Qora Gosaa	Dubbachuuf bayeera; araarsuuf baye.
8.	Qora Ardaa	Ahaa…
9.	Qora Gosaa	Ahaa…
10.	Qora Ardaa	Ima bulfadha.
11.	Qora Gosaa	Maaliif?
12.	Qora Ardaa	Jaarsillee bal'atee natty hinbaanee… dubbiin Arsiillee kaleessaa bulaa baatii,… kanumaaf hinbulfadha jedhe.
13.	Qora Gosaa	Ima dubbadha.

Gabatee 5 Falmii dubbii araara jaarsummaa eegaluu irratti taasifame kan agarsiisu. (Waraabbii dubbii battala jaarsummaa 14/08/08 Biqqiiqqaa Maqqaallituutti taa'ame irraa kan fudhatame)

Walfalmiin qortootaa hanga abbaan murtee yaada araaraa qabatee gidduu seenutti, itti fufe. Falmii isaanii kana keessatti qortichi ardaa dubbiin akka bultuuf yoo falmatu, qortichi gosaa ammoo dhiibbachaa ture. Kutaan kun jalqaba dubbii fayyadama afaanii jaarsummaa keessatti isa muummeefi ijoodha. Falmiin qortoonni taasisan kun faayidaa heddu qaba (akka jaarsota naannichaatti). Faayidaa isaa keessaa inni tokko gayee abbaa murtii battala sana irratti adda baasuuf gargaara. ''*Qorti lamaan walmormuun bu'aa maalii qaba?''* Gaaffii jedhuuf, deebii yoo kennan, *''wanti qorti lamaan walfalmituuf, abbaan murtii akka dhalatuuf, Abbaa murtii argatuuf walmormuu qaba,''* jedhu. Erga

isaan araarsee booda abbaa murtee ta'a.Falmiin kun karaa biraatiin mallattoo adeemsa dubbii jaarsummaati. Araaramuun qortootaa, alkallattiidhaan mallattoo araara waldhabdootaa mul'isa.

Akka gaafatamaan tokko deebisetti, mormiin qortoota lamaanii waldhabdeen jiraachuufi waldhabdee kana booda ammoo araarri jiraachuu akka danda'u agarsiisa. Gaafatamaan biraa obbo Caakkuu Waaqoo akka jedhanitti, ''Yoo mormiin hinjirre, yoo qorti lamaan walii galte, dubbiinuu hinjirtu; wanti araarsan maaltu jiraata ree?'' Erga qortoonni falmii isaanii yeroo murtaa'eef itti fufanii booda abbaan murtee araaraaf gidduu seenuuf gaaffii dhiyeesse. Inni kun ammoo jalqabbii kutaa sadaffaa baniinsa araara qortootaa mul'isa.

Kutaan kun sirna dubbii jaarsummaa arge hunda irratti kan jiru yoo ta'u, akka gulantaa dirqamaatti fudhatama. Gulantaan kunis sadarkaa afur keessa darbuun raawwata. 1. Araaraaf waamicha dhiyeessuu 2. Waamicha araaraaf dhiyaate fudhachuu 3. Murtee araaraa kennuu 4.Yaada murtee abbaan waltajjii ykn murtichi dhiyeesse mirkaneessuudha.

T.L	Qortoota	Dubbii
1.	Abbaa Murtee	Amma kan kun hindubbadha jedhe, kan kuun hinbulfadha jedhe, araara.
2.	Qora Gosaa	Koottaa.
3.	Qora Ardaa	Koottaa.
4.	Qora Gosaa	Kan ani hindubbadha jedhe, kan ati hinbulfadha jette araara jedhan.
5.	Qora Ardaa	Haa caqafnuu (dhaggeeffannuu) kaa.
6.	Abbaa Murtee	Araara sii kenne jedhe jechuu argadhu; toltuu sii haa kennuu jedhe jechuu argadhu. ''Tokko hindubbadha jedhe,'' jechuu argadhu. Hinbulfadhaanillee uumee isiitii jedhe jechuu argadhu. Hindubbadhaanillee uumamaa jedhe jechuu argadhu. Amma kan hinbulfadha jedhe wayaa irraa argadhu. Kan hindubbadha jedhee dubbii dhiisanii qori.
7.	Qora Gosaa	Koottaa.
8.	Qora Ardaa	Koottaa.
9.	Qora Gosaa	Hinqora moo hinqopha (murtii)
10.	Qora Ardaa	Hinqora
11.	Qora Gosaa	Hinqoraa sii gala (Qora galuu,… galuu,… sii gala).
12.	Qora Ardaa	Alaa galaa (Dhugee nagaan isinii haa galu).

Gabatee 6 Kutaa dubbii jalqabuu keessatti gulantaawwan walfalmii jaarsotaa (abbaa murteefi qora lamaan) kan agarsiisu. (Waraabbii dubbii battala jaarsummaa 14/08/08 Biqqiiqqaa Maqqaallituutti taa'ame irraa kan fudhatame)

4.2.2.4. Murtee abbaa murtee dhaggeeffachuu

Akkuma armaan olitti balballoomsuuf yaalametti, erga qortoonni lamaan hinbulfadhaafi nibulfadha yaada jedhu irratti cichanii booda yaada murtee kan isaan lamaan walii galchu qabatee kan dhufu yoo ta'u, jarri lamaanuu yaada sirrii akka qabatan xinsammuudhaan isaan erga jajjabeessee booda yaadaa murtee lafa kaaya.

Akkuma armaan olitti ilaaluun danda'ametti, gulantaan kun kan eegaluun araaraaf waamicha dhiyeessuun. Gaaffii abbaa murtee bu'uura godhachuun qortoonni falmii isaanii dhaabanii gara waamicha araara fudhachuutti dhufan. Akkuma qotoonni waamicha araaraa fudhataniin itti aanee kan dhufe murtii araaraa kennuudha. Murtee araaraa kan kennu abbaa murtee yoo ta'u, inniis bifa kabajaa qabuun raawwata. Jalqaba eebba jara lamaaniif kenne. Yaanni qortoonni lameenuu kennan sirrii akka ta'e mirkaneessa.

Haala kanaan jara lameeniifuu kabajaafi dhugaa erga kenneen booda jara lamaan keessaa inni tokko ejjannoo isaa akka gadi dhiisu gaafata. Yeroo baay'ee abbaan murtee dubbii haala mijeessaa isa jalaa siiquu dide irratti hundaa'ee yaada murtee kenna. Haalota hundaa irratti qortoonniifi hirmaattonni battalichaa hundinuu yaada araaraa abbaa murteetiin dhiyaate hundaa fudhatanii jiru. Ibsi sii kenne jedhu kan nutti agarsiisu sadarkaa olaantummaa abbaa murtee yoo ta'u, inni kan murtee kennu; warri kaan ammoo murtee kenname fudhatan ta'utu irraa hubatama. Haata'uu malee abbaan murtee sadarkaa kamittuu erga wixinee yaada araaraa dhiyeesseen booda, qortoonni dhimmicha gadi fageenyaan xiinxalanii akka mirkaneessaniif ''*qori''* jechuun waliin dubbadhaa ajaja jedhu dabarsa. Kun ammoo hirmaattonni battala sana jiran kanneen biroollee adeemsa murtee kennuu keessatti hirmaachuu akka danda'an karaa isaanii saaqa.

Akkuma armaan olitti ilaaluun danda'ametti, qortoonni murtee abbaa murtee mirkaneessanii jiru.Sadarkaa murtee abbaa murtee mirkaneessuu keessatti qortichi **gosaa** *hinqora moo hinqopha?''* Jedhee gaafata. ''*Ni dubbadha moo nidhiisa''* (yaada abbaa murtee nifudhanna moo nimormina yaada jedhu ofkeessaa qaba. Gaaffii kana qortichi ardaa ''*Hinqora/Hinqopha''* jechuun deebisa. Eeyyee, nidubbanna ykn murtii abbaa murtee nifudhanna jechuu isaati. Haala kanaan qortichi murtii abbaa murtee mirkaneessa. Adeemsi kun ammoo jaarsonni warri hafaniis dubbii keessatti akka hirmaatan karaa bana.

Fakkeenyaaf, yaanni ‘’*Qoraa galuu,…? Galuu,…? Sii galaa?’’* jedhu murtii abbaa murtee ilaalchisee hirmaattonni biroo namni yaada qabu yoo jiraate akka dubbatu affeeruu isaanii agarsiisa. Haala kana keessatti qortichi qoraa galuu… galuu… jedhee sii gala osoo hinjedhin mormiin dhaggeeffattoota irraa yoo ka’e, murtiin abbaa murtee sun mirkanaa’uu hindanda’u.

Osoo hirmaattonni hindubbatin garuu, dursee ‘’s*ii gala’’* jennaan, mormiin kana booda dhufu kamiiyyuu fudhatama hinqabu. Haata’uu malee osoo qortichi ‘sii gala’ hinjedhin hirmaattota keessaa namni tokko *‘’Qophe/ Dachaase/ Itiche’’* yoo jedhe, murtii abbaa murtee sana akka hinfudhanne mormii agarsiise jechuudha.

Yeroo tokko tokko ammoo hirmaataan mormuu yoo barbaade, *‘’Qora jala’’* jedha, yeroo kana qortichi dubbii dhaabuun namtichi yaada isaa ifa akka taasiu gaafatee, yaada isaa erga dhaggeeffateen booda, sirrii ta’uufi ta’uu dhabuu isaa murteessa. Adeemsi kun sadarkaa dubbii jaarsummaa abbaan murtee murtii kennu keessatti dhugaa hinhaalamneedha.

Adeemsa sirna araara dubbii jaarsummaa keessatti, murtiin abbaan murtee kennu kamiiyyuu jaarsota waltajjiitiif erga ibsamee, yaanni irratti kennameen booda sagalee guutuu jaarsota battalichaatiin mirkanaa’a. Kun ammoo adeemsa dubbii jaarsummaa keessatti haqummaan jiraachuufi loogii irraa bilisa ta’uu isaa waan akka ragaatti ibsamuudha. Haala mijeessitoonni/qortoonni yaada araaraa abbaa murteetiin dhiyaate erga mirkaneessaniin booda, gara kutaa itti aanutti ce’u. Kutaan baniinsaa haala kanaan kan raawwatu yoo ta’u, kutaan itti aanu ammoo kutaa dhaggeeffachuu (Cokaa) ta’a.

4.2.3. Kutaa Cokaa

Kutaan kunis adeemsa sirna fayyadama afaanii jaarsummaa keessatti kan hafuu hindandeenye yoo ta’u, innis akkuma warra armaan olii sadarkaa afur qaba. Xiyyeeffannoon guddaan kutaa kanaa waldhabdee uumamteen walqabatee waldhabdoota lamaan irraa odeeffannoo barbaachisaa ta’e sassaabuudha. Kutaa kana keessatti odeeffannoo dhama lamaan irraa funaanuuf sadarkaawwan afur keessa darbuun dirqama ta’a. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

1. Abbaa Murtee irraa hayyama fudhachuu 2. Qortoonni/ haala mijeessitoonni dubbii akka eegalan ajaja kennuu 3.Kutaa itti aanu eenyu jalqabuu akka qabu irratti falmii gaggeessuu 4. Waldhabdoonni akka dubbatan gaafachuufaadha.

4.2.3.1. Abbaa Murtee irraa hayyama fudhachuu

Kutaa kana jalatti gara cokaa osoo hinseeniin dura abbaan murtee akka yaada irratti kennu qortichi gosaa dalgaan gaafata.

''Amma tiyya jedha moo ree abbaa qaba?'' jechuun gaafata. Qortichi ardaa ammoo *abbaa* qaba jechuun dubbiin kallattiin abbaa murtee akka ilaaltu agarsiise. Bu'uuruma kanaan abbaan murtee akkuma gabatee armaan gadii irraa hubachuun danda'amu qortoota lamaan erga eebbiseen booda yaada murtee kenne. Kutaan raawwii gulantaa kanaa waliin dubbii qortoonniifi abbaan murtee taasisan akka armaan gadii kanatti dhiyaateera.

	Qortoota	Dubbii
1.	Qora gosaa	Amma tiyya jedha moo ree abbaa qaba?
2.	Qora ardaa	Abbaa qaba.
3.	Qora gosaa	Abbaa qaba jedhan.
4.	Abbaa murtee	Abbaa ambaa Rabbi isin haa godhuu, argadhu. Amma sii kenne jedhe jechuu argadhu. Toltuu Rabbi sii haa kennuu argadhu. Dubbiin kaayaan bulte jedhe jechuu argadhu.Kaaya lafa kaayate fuudha jedhe jechuu argadhu. Dhama lamaan dubbiin waldhabdee, qara cottee hinjirtu jedhe jechuu argadhu. Amma ka cokamuu, waan baddalamu, abbaa miidhaa jiru cokama jedhe jechuu argadhu. Taraan isa gaafa jedhe jaarsi jechuu argadhu. Taraan isaanii ammaa, dhamti gurbaa hincokamaa, qoraan cottaa qori.
5.	Qora gosaa	Koottu/Koottaa.
6.	Qora ardaa	Koottaa/dhufe.
7.	Qora gosaa	Coki jedhe.
8.	Qora ardaa	Ee jedhe.
9.	Qora gosaa	Amma itti dhaqaa ree?
10.	Qora ardaa	Na waamtee, hangafaa dhaqaa.
11.	Qora gosaa	Dhaqaa
12.	Qora ardaa	Ooo…
13.	Qora gosaa	Erguuf qaraa si waame.
14.	Qora ardaa	Ooo…
15.	Qora gosaa	Koottaa (gara mucaa/Ilmaa)

Gabatee 7 Kutaa waliin dubbii qortoonniifi abbaan murtee gara kutaa cokaatti ce'uuf taasisan kan agarsiisu. (Waraabbii dubbii jaarsummaa gaafa 06/07/08 Aashanaa Roobeetti taa'ame irraa kan fudhatame)

4.2.3.2. Qortoonni Dubbii akka jalqaban ajaja kennuu

Waliin dubbii isaanii kana keessatti kan isaan irratti walii galan hayyama abbaa murtee malee kutaa itti aanu kana fedhii isaaniitiin jalqabuu akka hinbarbaanneefi abbaan murtee jalqabuu akka qabuudha. Abbaan murtee kabajaafi gaaffii qortootaa bu'uura godhachuudhaan '' Abbaa ambaa Rabbi isin haa godhu'' jedhee erga isaan eebbisee booda kutaa itti aanu akka jalqaban isaaniif hayyama kenne. Kana qofa osoo hintaane kutaa kana keessatti qortoonni maal hojjachuu akka qaban kallattii kaaye. Kana kan nuuf mirkaneessu *''taraan isa gaafadha jedhe jaarsi jechuu argadhu, taraan isaanii ammaa, dhamti gurbaa hincokamaa qoraan cottaa qori''* jechuun gara waldhabdoota irraa odeeffannoo fuudhutti akka qorti lamaan ceetu kallattii kaa'e.

4.2.3.3. Kutaa itti aaanu eenyu akka jalqabuu qabu falmii gaggeessuu

Akkuma armaan olitti tuquuf yaalametti, qajeelfama abbaa murtee irraa dhufe bu'uura godhachuudhaan qortoonni gara kutaa itti aanutti ce'uudhaan kutaa kana eenyu jalqabuu akka qabu irratti falmii gaggeessan.

Qortoonni, isaan keessaa namni tokko dursee akka dubbatu yeroodhaaf walaffeeranillee, yeroo baay'ee kan dursi kennamuuf isa hangafa ta'eef.Yaada kana kan nuuf mirkaneessu ''nawaamtee? Hangafaa dhaqaa.'' Jaarsonni aadaa hinoolchinuuf eenyu dursuu akka qabu walgaafatu malee yaadaan nibeeku. Kana mirkaneeffachuudhaaf ''*qaraa si erguuf siwaame''* kan jedhu haqa kana nuuf mirkaneessa. Hangafummaan kun umriifi sanyiin ta'uu danda'a; kan isaanii kun garuu hangafummaa sanyiiti. Walfalmiin qortoonni taasisan walkabajaafi hamilee walii eeguuf malee, qortichi quxisuun qorticha isa hangafa dura akka hindubbanne hawaasa naannichaa biratti beekamaadha.

4.2.3.4. Waldhabdoonni akka dubbatan gaafachuu

Gubbaa irratti akkuma balballoomsuuf yaalametti, kutaa kana eenyu jalqabuu akka qabu erga irratti walii galamee booda, gulantaa kutaa cokaa afraffaa kana keessatti dhamti lameen jaarsotaaf odeeffannoo dhimma waldhabdee isaanii akka dubbatan taasifama. Haaluma kanaan himataan himata isaa yoo dhiyeessu, jaarsonni ammoo harkaa fuudhu. Itti aansuun jaarsonni yaada dabalataa gaafachuuf abbaa murtee dabaree gaafatu. Erga hayyama argatanii gaafataniin booda himataan deebii nikenna. Gidduu kanatti gama

lameeniiyyuu namni mormii qabu (dachaafataan) yoo jiraate carraa kennuufin yoo hinjirree hayyama abbaa murtee irratti hundaa'uun gara kutaa marii (gungumaa) ce'uun maricha goolabu. Kana booda qorti lameen kutaa itti aanu akka jalqabsiisuuf abbaa murtee affeeru. Haaluma kanaan himataan hirmaattota battala dubbichaatiif rakkoo isaa ibsachuun fincaaniif akka ka'u godhame.

Tartiibni kutaa cokaa haala itti aanu kanaan gabatee armaan gadii keessatti dhiyaatee jira.

T.L	Qortoota/Dubbattoota	Gulantaafi sadarkaa	
1.	Himataa 1	Gulantaa 1	Himataan Dhimmicha nidhiyeessa
2.	Jaarsota	Gulantaa 2	Himataa gaafachuu
3.	Jaarsota	Sadarkaa 1	Dabaree argachuuf gaafacuu
4.	Abbaa Murtee	Sadarkaa 2	Dabaree kennuu
5.	Jaarsota	Sadarkaa 3	Gaaffilee gaafachuu
6.	Himataa 1	Sadarkaa 4	Gaaffileedhaaf deebii kennuu
7.	Qora Lamii	Gulantaa 3	Dachaafatti deebisuu
8.	Himataa 2	Gulantaa 4	Dhimmichi dachaafattootaan dhiyaachuu
9.	Jaarsota	Gulantaa 5	Dachaafattoota gaafachuu
10.	Jaarsota	Sadarkaa 1	Dabareedhaaf gaafachuu
11.	Abbaa Murtee	Sadarkaa 2	Dabaree kennuu
12.	Jaarsota	Sadarkaa 3	Gaaffilee gaafachuu
13.	Himataa 2	Sadarkaa 4	Gaaffilee dhiyaataniif deebii kennuu
14.		Gulantaa 6	Gara kutaa mariitti ce'uu
15.	Qora Lamii	Sadarkaa 1	Maricha goolabuu
16.	Qora Lamii	Sadarkaa 2	Abbaan murtee kutaa itti aanu akka jalqabsiisu affeeruu.
17	Abbaa Murtee	Sadarkaa 3	Kutaa itti aanu irratti murtee kannuu.
18	Abbaa Murtee	Sadarkaa 4	Waldhabdoota fincaaniif erguu.

Gabatee 8 Tartiiba fayyadama afaanii kutaa cokaa jaarsota, qora lamii, abbaa murteefi himattoota giddutti taasifame kan agarsiisu. (Waraabbii sagalee dubbii jaarsummaa gaafa 25/07/08 Hara Daakkiyyetti taa'ame irraa kan fudhatame).

Akkuma gabatee armaan olii keessatti balballoomsuuf yaalametti, kutaan cokaa dhimmicha dhiyeessuun eegala. Kanumaan walqabatee dhimmoonni kutaa cokaa armaan olii keessatti raawwataman armaan gaditti bal'inaan balballoomfamanii jiru. Jalqaba irratti himataan haalduree tokko malee rakkoo isaa dhiyeeffata.

Haata'uu malee yoo himataan dubbii dheeressee wantuma dura jedhe irra deddeebi'ee kan dubbatu yoo ta'e, bifa kabajaa qabuun abbaan murtichaa ''*gabaabsi''* jechuun dhaabsisuu nidanda'a. Akkaataan himattoonni rakkoo isaanii itti dhiyeessan namaa gara namaatti garaagarummaa haa qabaatu malee akkaataan caasessanii dhiyeessuu irratti wanti isaan ittiin walfakkaatan nijira. Naannoo qorannoo kanaatti kan hubachuun

danda'ame, himattoonni yemmuu himannaa isaanii dhiyeessan seenduubee dhimmichaa irraa ka'uun himata isaanii tarreessu. Hammeenya waldhabdee isaanii hubachiisuuf jecha waldhabdee asiin dura isaan gidduu tureefi bu'aa isaa seenessuudhaan gara madda ka'umsa waldhabdee himata yeroo ammaa keessa jiran kanatti ce'ama. Seenaan waldhabdee Abbaafi Ilmaa dhimma 1ffaa irraa fudhatame akka armaan gadii kanatti dhiyaatee jira.

Haala 1ffaa

Himataa: *Ani rakkoon kiyya, jaarsi kun daaru, daara nahinbaasu; barnoota nahinbarsiisu; na arrabsee arrabaan namiidheera kanaan dura. Akkasittuu obsee deemaa tureera. Akkuma sanuu, akkuma inni jedhu sanuu, ani arrabaan hinmalle. Daarraan keessaa hinqabu. Deephee ammallee, garuu lafa naa kennuu didee, tajirtullee narraa fudhate. Rakkinni kiyya kana kunoo.* Dhimma tokkoffaa keessatti, dhimmi ka'umsa waldhabdee isaanii, dhimma barnoota barachuu dhabuu, daara bahuu dhabuu ykn arrabsamuu osoo hintaane, dhimma Lafa qonnaa dhabuufi irraa fudhatamuuti. Gurbaan garuu dhimma kana kan kaaseef, seenaan waldhabdee isaanii hammam akka hidda gadi fageeffate agarsiisuuf malee ka'umsi waldhabdee isaanii kana ta'eetii miti. Himattoonni dubbii jaarsummaa keessatti yeroo baay'ee tartiibuma kana hodofu. Egaa gurbaan ''Jaarsi kun arrabaan namiidheera; hoccuu hinqabu'' yoo jedhu maleenyaa seenessuu hordofuun rakkoo isaa walduraa-duubaan seenesse.

Himattoonni, erga seenaa waldhabdee isaanii tarreessanii xumuranii booda, jaarsonni battalaa gaaffii gaafachuu itti fufan. ''Although, its length warries across cases, this move was obligatory in the hearing phase,'' (Alemu, 2013:172). Akka jaarsonni jedhaniifi ofii kootii hubadhettillee, dachaafataa irraa kan hafe, hirmaattonni waltajjichaa hundinuu gaafii kaasuufii nidanda'u.

Jaarsonni gaaffii isaanii qindeeffachuun dhimmoota tokko tokko irratti akka odeeffannoo dabalataa argachuu danda'anitti karaa alkallattii ta'een waldhabdoota yaadachiisu. Kun ammoo waldhabdootni wanti irraanfatan yoo jiraate akka yaadataniif isaan gargaara.

Adeemsa dubbii jaarsummaa keessatti, kutaan gaafannoo sadarkaa afur keessa darbuun raawwatama. Sadarkaan inni jalqabaa kan eegaluun, dabaree gaafachuudhaan ta'a.

Jaarsonni dabaree aragachuudhaaf immoo akkana jechuun gaafatu, *Na ergaa/naa kennaa* jedhanii yoo gaafatan, abbaan murtee akkana jechuun qajeelcha, *Dhaqaa/Itti dhaqaa.* Haala kanaan jaarsonni gaaffii yoo kaasan, himattonni deebii laatu.Gabateen armaan gadii sadarkaawwan as keessa jiran nutti agarsiisti.

1. **Jaarsa*:*** *Na ergaa sadarkaa 1*
2. **Abbaa Murtee:** *Dhaqaa.*

Jaarsa: *''Ani ammallee isin baradhe. Ammaa, daaraa, midhaan gurguratee, maal ka jettan kana, inni isin horachuuf kana godha. Gaafuma inni waa gurguru kana, daara nabaasi jettaa? Midhaan kana maaf gurgurtaa gaafattuu? Ollaan geettuu? Namaan geettuu? Ilaa jettuu?''*

Gaafichi dheerinaan garaagarummaa haa qabaatuu malee, haalli jaarsonni gaaffii isaanii itti kaasan walfakkaata. Haalli gaafileen jaarsotaa kun sadarkaawwan xixiqqoo afuriin ibsuun nidanda'ama.

Gulantaa 1: *Xiyyeeffannoo barbaaduu*
Gulantaa 2: *Yaada/jecha himattootaa ibsuu*
Gulantaa 3: *Gaaffii kaasuu*
Gulantaa 4: *Gaaficha haala namni biroo* hubachuu danda'uun jecha ofiitiin ibsuu

Gulantaawwan armaan olii afran keessaa sadan isaanii dirqama yoo ta'an, inni afraffaan garuu filannoodha. Himattoota irraa xiyyeeffannoo argachuuf jecha jaarsonni akkana jedhu, ''*Ani si baradhe ykn ani si/Isinitti dhufe, wanti isin baradhu, jedhu. Ani si baradhe,''* jechuun wanti ati himachuu barbaaddu maali? Mee natti himi jechuudha. *Ani isinitti dhufe* jechuun *Ani si dubbise, si gaafadhe,* waa'ee dhimmichaa si wajjiin haasa'uu barbaada, akka jechuuti.

'Wanti ani si baradhu' yoo jedhu ammoo,'waa'ee dhimmichaa akka natti himtu barbaada' jechuu ta'a. Haala kanaan jaarsonni waan himattoonni jedhan irra deebi'anii ibsuun yaada isaanii itti kennu. Jaarsonni yeroo tokko tokko gaaffii isaanii irra deebi'u ykn jecha mataa isaaniitiin ibsu. Gaaffiiwwan armaan gadii kan battala jaarsummaatii waraabbaman jiraachuu kutaa kanaatiif ragaadha. Gaaffileen armaan gadii kunneen kan ka'an jaarsota hirmaattota waltajjii kanneen ce'umsa kana keessatti carraa duraa argatan irraay.

Haala 2ffaa:

Jaarsa: *Amma ani gaafii qaba. Maarree, amma gaafiin ani sirraa qabu* (Gulantaa 1), *Amma gayee kee kana yoma naa kenni jettu* (Gulantaa 2), *Waan qara gaafa dhoofsisaa sii lakkaayee, ka horiillee sii lakkaayee, ka lafaallee sii lakkaayee isa muluu si dhooggatee, si gargaaruu dide moo inuu gaafuma dhoofsisaatuu wayiinuu mana sihinbaafnee?* (Gulantaa 3). *Maal akkamitti, garuu gahee achi keessaa qabdaa kunoo*… (Gulantaa 4).

Akkuma armaan olitti ilaaluun danda'ametti, akkaataan jaarsonni jaarsummaa gaaffilee itti gaafatan kan jaarsota hundaatuu hamma tokko walfakkaata.

Gaaffiin isaan gaafatan hunduu himattootaaf filannoo waan kennuuf deebii laatuuf kan isaan rakkisuu miti. Deebii kennuuf akka tolutti kan qophaa'eedha. Haaluma walfakkaatuun gaaffiin jaarsonni kutaa ce'umsa 1ffaa keessatti himattoot gaafatan himattoonnideebii kennuudhaaf xinsammuudhaan akka qophaa'an isaan gargaara. Fakkeenyaaf, gaaleen *Sibaradhe* jedhu bifa kabajaa qabuun kan dhiyaateedha. Yeroo sibaradhe jedhuun gaafataan waan dura hinbeekne tokko irraa barataara waan ta'eef, isa gaafatamu, miira gammachuuttu itti dhaga'ama. Nama tokko yemmuu gaafii isa gaafannu gaafii gogaafi cufaa ta'e gaafachuu irra gaafii kallattii qabsiisu gaafachuun gaariidha. ''Scholars affair that the use of leading questions in mediation seves as a strategy to gear the attention of disputants to core issues and exploring alternatives,'' (Roberts, 2008; Wolski, 2002). Qortoonni himattoota erga gaaffii irraa fixatanii booda, gara kutaa sadaffaa gulantaa cokaatti darbu. Kutaan kun battala dubbii jaarsummaa hunda keessaa waan jiruuf sirna dubbii jaarsummaa keessatti dirqama. Kutaan kun akka armaan gadii kanatti balballoomfama.

Qora Gosaa: Koottu/Koottaa.
Qora Ardaa: Koottaa/dhufe.
Qora Gosaa: Amma garana hincokannee ree?
Qora Ardaa: Cokanne.
Qora Gosaa: Amma tanumaan gara dubbitti seena moo gara dhaqu qaba?
Qora Ardaa: Gara dhaqu qaba.
Qora Gosaa: Gara dhaqu qabaa qorti tiyya naan jettee itti galuu... galuu...sii gala.

Qora Ardaa: ''*Alaa galaa…dhugee nagayaan sii haagalu (Si baranne/as nutti qabaa''* (Abbaa gurbaa gaafate). Waliin dubbii qortootaa armaan olii kana irraa hubachuun

akkuma danda'amu, qortichi ardaa dachaafataa waltajjii irratti affeereera. Akkuma kutaa 1ffaafi 2ffaa armaan olii himataa keessatti jaarsonni dachaafataan waa'ee himannaa himatamaa ilaalchisee rakkoo tokko malee deebii akka kennuu yeroo ga'aa kennaniif. Haata'uu malee yeroo tokko tokko abbaan murtee dachaafataan dhimma himatamaan ittiin himatame dhiisee kallattii akka gadi hindhiifne sirreeffama nikennaaf. Dhimma dubbii jaarsummaa waldhabdee Abbaafi Ilmaa keessatti jaarsota gama lameeniitiifuu abbaan murtee haasaa isaanii keessatti ofeeggannoo akka godhan akeekkachiisa kenne. Fakkeenyaaf, dhimma 2ffaa keessatti osoo abbaan himannaa isa irratti dhiyaateef deebii hinkennin dura jaarsi tokko akka armaan gadii kana jedhe.

Jaarsa: ''*Isin adha beetasaba….laalladhu, namana keessattu ati nama gudda, namni guddaan hilllaallataa, Rabbi isin haa araarsuu, dubbii qulqulluu gabaabsii… dubbii mucaan himate muluu fashaleessa barbaada hinjedhinii dhugaa bichaa lafa nuu kaa'i.''* Egaa haasaa jaarsaa kana irraa kan xiinxalamu, waan jiru, haqa jirtu akka hindhoksineefi waan hunda ammoo ummata keessatti ifatti akka hin dubbanne lafa kaa'uu isaati. Ibsi ''*Ati nama guddaa, namni guddaan hinlaallataa,''* jedhu, namni guddaan waan garaa isaa keessa jiru hunda ifa baasee ummata keessatti hindubbatu; safuudha; yaada jedhu ofkeessaa qaba. Gaaleen *isin beetasabaa* jettu, abbaan mucaa ofiitiif jireenya isaanii kan fuulduraatiif kunuunsa gochuu akka qabuufi rahiimummaan isaanii akka addaan hincinne suphuu isaati.

Dachaafataan gama isaatiin himata dhiyaate kana waakkachuun ykn amanuudhaan haasaa isaa eegala. Fayyadama dubbii afaanii keessatti 'dachaafata' jechuun himata nama irratti dhiyaate tokkoof deebii barbaachisaa ta'e (amanuu ykn mormuu ta'uu danda'a) kennuu hiika jedhu qaba. Haasawa isaanii kana keessatti himattoonni, dhimma waldhabdee isaanii kana ilaalchisee akka ragaatti kan dhiyeeffatan ardaa ykn olla isaaniiti. Ardaa jechuun sirna dubbii jaarsummaa naannoo qorannoo kanaatti, fira ykn aantee kan manaanis ta'ee jiruufi jireenya hawaasummaatiin waliin jiraatan yaadrimee jedhu qaba. Fakkeenyaaf, waraabbii dhimma 1ffaa keessatti, Ilmi akkana jechuun dubbii isaa jalqabe:

Ilma: ''*Ana rakkinna kiyya garuu ima beettanii, kama namni martuu beennuu, sanumaa maarree?''* Egaa haasawa gurbaa kana irraa hubachuun kan danda'amu, firaafi aantee namootni isatti dhiyaatan waa'ee dhimmichaa hubannoo akka qabanitti ibsaa jira.

Kutaa coka battala dubbii jaarsummaa keessatti dhamti lamaan kallattiin walitti akka dubbatan hinhayyamamu. Battala dubbii jaarsummaa ani arge kamiiyyuu keessatti dhamti lamaan gamaa-gamana taa'anii kallattiin waliin dubbii kan gaggeessan arguu hindandeenye. Fayyadama afaanii dubbii jaarsummaa naannoo qorannoo kanaatti 'dhama' jechuun waldhabdoota lamaan yaada jedhu agarsiisa. Kana qofa osoo hintaane, dhamti lameen dabaree isaanii malee si'a tokko dubbachuun hinhayyamamu.

Dhamti lameenuu dabaree isaanii eeggatanii yeroo isaanii kennamte keessatti dubbatu malee dabaree isaaniitiin ala hindubbatan. Akkuma dachaafataan dubbii isaa xumureen jaarsonni akkuma himataa irratti gaaffii kaasaa turan, haaluma walfakkaatuun dachaafataa irrattiis gaaffilee isaanii tarreessu. Akkuma gaaffii xumuraniin qortoonni, kutaa dhumaa isa cokaa eegaluun gara kutaa mariitti darbu.

Kutaa marii keessatti garaagarummaan xinqooqaa xinnoo haa jiraatu malee haalli isaan afaan itti fayyadaman walfakkaata. Fakkeenyaaf, haala 1ffaa keessatti, Kutaa kana keessattiis yaanni dhiyaate tokko kan hojii irra ooluu danda'uun ajaja ykn qajeelfama abbaan murtee kenneen ta'a. Kutaan kun, kutaawwan armaan olitti balballoomsamaniin walbira qabnee yoo ilaalle gabaabduu haa taatuu malee, kutaan ce'umsaa kun sadarkaa afur qaba. 1. Kutaa cokaa goolabuu 2. Kutaa itti aanu akka jalqabsiisuuf abbaa murtee affeeruu 3. Kutaa itti aanu jalqabuuf murteessuu/walii galuu, 4. Waliin dubbii qortootaafi abbaa murtee bu'uura godhachuun dhama lamaan fincaaniif erguudhaan kutaan cokaa xumurama.

Haala 3ffaa irraa fudhachuudhaan akka armaan gadii kanatti balballoomsee jira.

T.L	Qortoota/Dbbattoota	Haasbarruu xumura kutaa cokaa keessatti taasifamu
1.	Qora Gosaa	Koottu/Koottaa.
2.	Qora Ardaa	Dhufe.
3.	Qora Gosaa	Baradhe.
4.	Qora Ardaa	Ee baradhe.
5.	Qora Gosaa	Ka ofii itti dhaqu moo ka abbaa itti eegu?
6.	Qora Ardaa	Ka abbaa itti Eega.
7.	Abbaa murtee	Amma sii kenne jedhe jechuu argadhu. Abbaa qabdaniin isin haa bulchu jechuu argadhu. Cokti dubbii hinfixxu jechuu argadhu. Amma cottee dubbii garatti deeffatteertaa jechuu argadhu. Dhamti nurraa fincooftii, ardaan walitti nuu hafa jechuu argadhu. Ani bu'ee qori.

Gabatee 9 Tartiiba fayyadama afaanii xumura kutaa cokaafi kutaa itti aanutti ce'uuf taasifamu agarsiisu. (Waraabbii dubbii jaarsummaa gaafa 17/05/08 Aashanaa Roobeetti taa'ame irraa kan fudhatame)

Akkuma armaan olitti qaacceffametti, kutaan cokaa gulantaawwan afur ofkeessaa qaba. Isaan keessaa gabatee armaan olii keessatti kan mul'atu, dhimma 3ffaa irraa kan fudhatame kutaan cokaa xumuramee gara kutaa itti aanu kutaa gungumaatti ce'uu akka barbaadan haasaa abbaa murtee irraa hubachuun nidanda'ama.

Qortoonni haasawa isaanii kana keessatti xumuramuu kutaa cokaa lallaban. Dubbii isaanii kana keessatti jechi 'baradhe' jedhu xumuramuu kutaa kanaa nutti agarsiisa.

Waan gaafachuu qabu gaafadhee irraa hubachuu danda'eera yaada jedhu ofkeessaa qaba. Kana jechuun jaarsonni odeeffannoo waldhabdoota irraa barbaadan hundaa argatanii jiran jechuudha.

Kanatti aansuudhaan kan ta'e, jaarsonni battalaa (qortoonni) abbaa murtee affeerudhaan kutaa itti aanu akka banu taasisuudha. Kana booda, abbaan murtee eebba kennuudhaan tartiibni kutaa itti aanuu maal ta'uu akka qabu murteesse. Haaluma kanaan kutaan cokaa dhumachuu isaa erga mirkaneesseen booda, waldhabdoota/dhama lamaan fincaaniif erge. Haasawa isaanii kana keessatti *''fincaan''* jechuun hanga jaarsonni dhimmicha irratti mari'ataniif waldhabdoonni lameen yeroo murtaa'eef battala dubbii sana irraa fagaatanii taa'uu dhaamsa jedhu ofkeessaa qaba. Jaarsonni waldhabdoota battala dubbii irraa erga fageessanii booda, kutaa itti aanu 'gunguma' kan jedhamutti ce'an.

4.2.4. Kutaa Gungumaa

Jechi ''gunguma'' jechu hiika isaa kallattiin fudhannee yoo ilaalle waan keessa namaa quuqe ykn nama hingammachiifne tokko yoo dhaga'an sagalee gadi qabuun dubbachuudha. Gama biraatiin gunguma jechuun bakakkaa jechuus nita'a. Garuu qorannoo kana keessatti hiika 'yaada/miira ofii ibsachuu jedhu qaba. Kutaan gungumaa kun araara dubbii jaarsummaa keessatti yeroo baay'ee bakka dhamti lameeniifi firri aantee, keessattuu daa'immaniifi ijoolleen isaanii hinjirretti gaggeeffama. Kutaan kun baay'inaan abbaa murteetiin gaggeeffama.

Kutaa gungumaa keessatti akkaataan jaarsonni battala dubbii jaarsummaa itti dubbataniifi jechoota fayyadaman jijjiiramee jira. Fakkeenyaaf, kutaa cokaa keessatti, jaarsonni dabaree gaafachuu yoo barbaadan *'na ergaa'* jechuun dubbatu. Kutaa gungumaa keessatti

garuu, jaarsonni dabaree gaafachuu yoo barbaadan *''Na gungumsiisaa ykn Gunguma na fuudhaa, ykn gabaabumatti, nafuudhaa woyyooma,''* jechuun dubbatu. Egaa haasawa isaanii kana keessatti *'Na gungumsiisaa'* jechuun 'akka yaada keessa kiyya jiru baasee ibsadhuuf carraa naaf kennaa' ergaa jedhu ofkeessaa qaba.

Ammaas jaarsonni kutaa cokaa keessatti dubbii isaanii kan eegalaniin gaalee *'Ani si baradhe' ykn 'Ani si gaafadhe'* jechuun yoo ta'u, kutaa gungumaa keessatti garuu, jaarsonni dubbii ykn yaada isaanii ibsachuu kan jalqabaniin *'Ani gungume, ykn Ani sitti gungume'* jechuun abbaa murteetiin. Kutaan gunguma dubbii jaarsummaa gulantaafi sadarkaalee heddu qaba. Innis armaan gaditti bifa gabateetiin cuunfamee dhiyaatee jira.

T.L	Qortoota/Dubbattoota	Gulantaa fi sadarkaawwan kutaa gungumaa	
1.	Abbaa Murtee	Gulantaa 1	Gungumaaf haala mijeessuu
2.	Jaarsota	Gulantaa 2	Dhimmicha irratti mari'achuu
3.	Jaarsota	Sadarkaa 1	Dabaree gaafachuu
4.	Abbaa Murtee	Sadarkaa 2	Dabaree qooduu/kennuu
5.	Jaarsota	Sadarkaa 3	Filannoo dhiyeessuu
6.	Abbaa Murtee	Gulantaa 3	Gunguma cuunfuufi qajeelchuu
7.	Jaarsota	Gulantaa 4	Dursa maaltu akka godhamuu qabu gaafachuu.
8.	Abbaa Murtee	Gulantaa 5	Yaada murtii dhumaa dhiyeessuu
9.	Qortoota/Qora lamii	Gulantaa 6	Yaada murtee dhiyaate mirkaneessuu.

Gabatee 10 Gulantaa fi sadarkaawwan kutaa gungumaa keessatti argaman kan agarsiisu. (Waraabbii sagalee dubbii jaarsummaa gaafa 02/08/08 Hara Daakkiyyetti taa'ame irraa kan fudhatame).

Akkuma gabatee armaan olii irraa ilaaluun danda'amutti, erga waldhabdoonni battala dubbii irraa yeroo muraasaaf fageeffamanii booda kutaan gungumaa abbaa murteetiin jalqabame. Dubbii jaarsummaa ani arge hedduu isaanii keessatti, abbaan murtee gungumaaf haala mijeessuun jalqabsiise. Gungumaaf haala mijeessuun kun battala dubbii jaarsummaa waraabbadhe hundumaa keessatti waan argamuuf, dubbii jaarsummaa keessatti kutaa Gulantaa hafuu hindandeenye jechuun nidanda'ama. Gulantaa kana haala tokkoffaa keessaa fudhachuun akka armaan gadii kanatti ibsuu yaaleera.

Abbaa Murtee: ''*Amma sii kenne jedhe jechuu argadhu. Amma qorti deebitee, cottee cokaanillee itti dhaxxeerti jedhe jechuu argadhu. Eega cokanillee, bakka gayanii biraa deebi'antu jira jechuu argadhu. Amma Abbaan cokameera. ''Nu'u, Jabbiifi doobbii hintuttuqan, jedhe. Amma Abbaan eega cokamee, waan firrillee, keessillee beekuuf, gara araaraatiif gara dubbii yaa'a jaarsi.''* Yaada Abbaa Murtee kana irraa hubachuun kan

danda'amu, gulantaa dubbii banuu keessatti abbaan murtee duraan dursee himannaa waldhabdootaa cuunfuun erga lafa kaa'een booda xumuramuu kutaa cokaa labsuun, jaarsonni dhimmicha irratti yaada akka kennan gaafate.

Haata'uu malee battala dubbii jaarsummaa tokko tokko keessatti, qortoonni murtee dhumaa, dhuma kutaa cokaa keessatti Abbaan Murtee dhiyeesse fooyyessuun mirkaneessanii, abbaan murtee kutaa gungumaa akka jalqabsiisu haalli itti affeeran nijira.

Gabateen armaan gadii haala 5ffaa irraa fudhatame haala kana cuunfee nutti agarsiisa.

T.L	Qortoota/Dubbattoota	Dubbii
1.	Qora Gosaa	Koottu/Koottaa.
2.	Qora Ardaa	Koottaa/dhufe.
3.	Qora Gosaa	Maal naa tolche/kaaye?
4.	Qora Ardaa	Maarree jaarsi walargataa naa kaaye.
5.	Qora Gosaa	Ihii….
6.	Qora Ardaa	Dhamti narraa kaatii naa kaaye.
7.	Qora Gosaa	Akkasii sii galuu…? Galuu…..? Sii gala.
8.	Qora Ardaa	Dhugee nagaan sii haa galu.
9.	Qora Gosaa	Anaa si'uu
	Qora Gosaa	Tiyya moo ree? Ta aabbooti?
10.	Qora Ardaa	Ta aabbooti.
11.	Abbaa Murtee	Amma sii kennee argadhu. Toltuu sii haa kennuu argadhu. Arsiin kuuwwan wamaa garaa hinqabuu argadhu.Dubbiin teetii argadhu. Situ garaa qabaa argadhu. Nama kee situ beekaa argadhu.

Gabatee 11 Tartiiba Fayyadama Afaanii jalqabbii kutaa gungumaa kan agarsiisu. (Waraabbii dubbii battala jaarsummaa 02/09/08 Biqqiiqqaa Maqqaallituutti taa'ame irraa kan fudhatame)

Fayyadama afaanii armaan olii keessatti qortichi gosaa, 'maal naa kaaye' jedhee gaafate. Qortichi gosaa kana kan gaafateef, qortichi ardaa yaada murtee Abbaa Murteetiin kenname cuunfee akka ibsuuf barbaadeeti. Qortichi ardaas bu'uuruma kanaan murtee murtichi kenne cuunfee itti odeesse. Booda akkuma barame qortichi gosaa murtee dhiyaate yoo mirkaneessu, qortichi ardaa ammoo eebba kenneef. Kanatti aansuun qorti lameen kutaan itti aanu akka jalqabamuuf abbaa murtee affeeran. Haaluma kanaan abbaan murtee haala mijeessuun kutaa gungumaa jalqabsiise. Haala kanaan kutaan ce'umsa gungumaa inni lammataa jalqabame. Kutaan gulantaa gungumaa sadarkaa sadi ofkeessaa qaba. Sadarkaan jalqabaa dabaree gaafachuudha. Jaarsonni dabaree fudhachuu yoo barbaadan akkana jedhanii gaafatu, *''Na gungumsiisaa ykn Gunguma nafuudhaa, woyyooma.''* Jaarsonni haasawa isaanii keessatti ''*Na gungumsiisaa ykn Gunguma*

nafuudhaa,'' yoo jedhan akka dubbadhu ykn yaada kennu carraa naaf laataa jechuu ta'a. Abbaan murtee gama isaatiin dabaree kennuu yoo barbaade ''*Koottaa''* jedha.

As keessatti jechi *'koottaa'* jedhu kan agarsiisu, dhimmi dabaree fudhachuu gaafatame kun gara abbaa murtee qajeeluu isaa agarsiisa. Yeroo tokko tokko jaarsonni abbaa murteetiin gaalee ''*Sitti gungume''* jettu fayyadamu.

Ibsi akkasii kun ammoo kan inni mul'isu, abbaan murtee angoo waltajjii too'achuufi murtee dhumaa kennuu qabaachuu isaati. Sadarkaa kanatti haasofni jaarsotaa garaagarummaa xinnoo haa qabaatu malee, ce'umsawwan xixinnoo afur ofkeessaa qaba. Isaanis: 1. Eebba araaraa kennuu 2. Yaada ykn gocha waldhabdootaa irratti yaada kennuu 3.Waa'ee dhimma waldhabdeefi waldhabdootaa irratti yaada dhuunfaa kennuu 4. Yaada furmaataa dhiyeessuudha.

Jaarsonni jalqaba irratti waldhabdoota giddutti araarri dhugaa akka bu'u eebbaafi hawwii isaaniif qaban ibsu. Itti aansuun yaada waldhabdootaa irratti yaada kennu. Waan isaan jedhan mirkaneessuu ykn mirkaneessuu dhabuu nidanda'u. Yeroo tokko tokko yaada isaaniituu qeequu danda'u. Itti aansuun waldhabdootaafi madda ka'umsa waldhabdee isaanii ilaalchisee odeeffannoo dabalataa kan dhuunfaa isaanii nikennu. Dhuma irratti garuu yaada furmaataa kaa'u. Yaanni armaan gadii dhimma 1ffaa irraa fudhatame haala kana nutti agarsiisa.

Jaarsa battalaa: *Rabbi Arsii tana haa araarsu. Nu'ullee dhugaa haa dubbisu. (Gulantaa 1) Amma waan kana mucaa gaafanneerra. Abbaallee akkanuma gaafanneerra. Wanni mucaan himate, martummaan isaatuu dhugaa natti fakkaata; dhuga'a. Miidhamni isaallee dhugaa, daarri isaallee dhugaa (Gulantaa2). Hinuwwifne. Jibichi gurguramuu hafe, qamadii eegganna jedhanii. Qamadiin sun gurguramtee hinuwwifne. Gisee eeggadha jedhan. Mucaan lamuu duwwaa keessaa ka'e. Dhugaa qaba. Dhugaallee ta iyyite qaba. Jibichallee osoo itti qaadhu oofee gurgure (Gulantaa 3). Dhugaa qaba. Mucaan dhugaa qaba achittillee. Ani rakkinni isaa mul'ataa jira. Ani gungume. Rakkinna kana, amma irraa fooyyessa yoo jedhe, laftillee, daarrillee, barmoonnillee, eessumnillee hindhufaa, ani gungume. Nu akka gara kiyyaatiin, rakkinni kun irraa*

fooyyeffamuu qaba. Jibichillee ka isaa ta'a. Daarrillee ka isaa ta'a. Barmootallee waan giseen keessa jirtuu haa tamaarsisuu gungumelle, bu'elle (Gulantaa 4).

Haasawa armaan olii keessatti jaarsichi gama abbaa irraa dubbate, dubbii isaa jalqabuun duratti, eebbaan eegale. Dubbii jaarsummaa keessatti, keessattuu kutaa araaraa keessatti eebbi hafuu hindanda'u. Eebbi kun ammoo kan godhamu bakka waldhabdoonni jiranitti ta'a.

Sababni isaas, isaan amansiisanii gara araaraatti fiduuf akka waan tokkootti itti gargaaramu. Jaarsichi waldhabdoota erga eebbiseen booda waan mucaan himate irratti yaada kenne. Waan mucaan himate innis nimirkaneesse. Egaa jaarsichi haala kanaan waan jiru lafa kaa'e. Haata'uu malee jaarsichi dubbii isaa keessatti yemmuu yaada furmaataa kennu akka nama ofii bakka bu'ee raawwatuu fakkaata. Garuu itti gaafatamummaa kana jalaa ba'uuf afaan inni fayyadame hima raawwatamaadha. Haasawa armaan olii keessatti jaarsichi dhuma dubbii isaa irratti, ''*gungumelle, bu'elle''* jechuun goolabe. Gungumelle, bu'elle jechuun isaa waan keessa koo jiru, yaada koo ibsadhe; xumurelle jechuu isaati. Kutaa gungumaa keessatti, jaarsonni garee mucaa dhimma 2ffaa keessatti akkana jechuun gaaffii gaafatan.

Jaarsa: *Ani gungume. Rabbi dubbii kana haa araarsuu gungume… Amma qaaqa kanaa kana durallee teennee jirra. Haa teennuu araarsinee galle. Akkuma adhaa kana himatan gaafa sanillee. Haga lafaa kanallee, waan jibichaa kanallee. Yoo himatanii jedhan sirreessaa. Astakaakkalaa jenne. Lafa margaa wayiillee baqassisiisaafii jennee itti hinkenninee Abbaa Gammadaatitti?* (Odeeffannoo dhuunfaa kenne)….*Amma ardaan waan beettan lafa kaayaa* (odeeffannoo dabalataa gaafachuu ykn yaada ykn gocha jara waldhabanii irratti yaada kennuu isaati).

''Yoo mucaan balleessaa jiraate, doomi, dirmi jennee yoo achitti lolleen hoo? Yoo mucaan waan akkasii ta'eetin jedhe.Rakkoon keeti jedhamee itti himameetiin jedhe, boruuf hinsirraa'a. Abbaanillee boruuf hissirraa'a.'' Haasawa isaanii kana keessatti, yaada furmaataa wixinuu ykn dhiyeessuu isaaniiti. *Yoo akka mucaan himatuu garaa nunyaateera. Daare, mataan nadhukkube yoo jedhu. Kophee hinqabuu miilaan deema yoo jedhu, maal ashkara moo finna isaatii mitii? Horii naa hindhoofsifne ka jedhu qara*

maaliin haa horatuuf itti fuudhe? Dubbii isaa kana keessatti, 'horii naahindhoofsifne' kan jedhu gaafa gurbaan fuudhu qabeenya jiru keessaa kennaa saawwanii naaf hinlaatne ergaa jedhu qaba.

Egaa haasawa armaan olii keessatti, jaarsichi eebba godhuun erga eegalee booda dhimma waldhabdee Abbaafi Ilmaa kana ilaalchisee rakkoo tureefi yaada furmaataa yeroo sanatti kenname irratti odeeffannoo dhuunfaa isaa kennee jira.

Itti aansuun waan himattoonni dubbataniifi raawwatan irratti yaada kenne. Dabalataan ardaan (jaarsonni gama abbaatiin ba'an) odeeffannoo dabalataa akka kennan gaafate. Inni kun garuu qaama yaada furmaataa inni gara xumuraatti kaa'eedha. Haasofni kun hanga jaarsonni waltajjichaa dhimmicha irratti gara kallattii tokkootti dhufanitti haaluma kanaan itti fufe.

Yeroo baay'ee abbaan murtichaa hirmaattonni battala dubbichaa hanga yeroo murtoofteetiif akka dhimmicha irratti marii gaggeessan nihayyamaaf. Gara dhuma ykn walakkaa dubbichaatti ta'uu danda'aa, abbaan murtee yaada dubbichaa cuunfuufi kallattii qajeelchuu dabaluu danda'a. Dubbiin inni dabalu kun haasawa jaarsi duraan taasise kan cuunfuufi ergaa isaa gara kallattii tokkootti kan luuccessuudha. Yaaduma kanaan walqabatee dhimma 1ffaa irraa kan fudhatame armaan gaditti kaa'eera.

Abbaa Murtee: *Amma nu garri deemaa jirru, gara araaraa jidduu deemaarra. Ani gosti (Abbiyyuun) mucaa kiyya danda'adheera. Waan amma odeessitan, waan himaa jirtan kana mara muluu irraa dhooggadheera. Abbaan asitti gatii miti. Ani Abbiyyuun mataa-miilaan danda'ee dhufe. Abbaa sirreessee dhufe. Ka qabeenya muluuyyuu hinkennu, wamaa irraa hinqabu jedhu ititi jenneerra nu'uu. Naafuudhaa, qabeenya haadha isaa muluu, mucaan jedhu ititi jenneerra nu'uu. Qabeenyi warra mulu'uutuu keenya. Jaarsi kunillee yoo ta'e, ilma kana bichaa woyiituu hinqabu. Mucaanillee abbaa ka biraa woyiituu hinqabuu, dinne kanallee. Akka kanaan gara keessan dhufnee jirra. Abbiyyuu irraa caqasaa. Ani waan kana huje, ani waan kana balleesseen nu'uun duuba.*

Danda'annee dhufnee jirra. Gabaabbinnatti, danda'annee, nu Abbiyyuun dhufneerra. Isin ardaan mucaa (ilma) nutti as kennaa…nu gara araaraa deemnaa… Abbaanillee, yoo badii qara yoo qabaatellee. Yoo irra deebi'eellee ka waa balleessu taate, mucaa gara

finnu woyiituu hinqabnu. Walumatti araarsinaa, walumatti gayyaafnaa jedhee yookaa dubbataa ardaanillee.

Haasawa armaan olitti taasise keessatti, abbaan murtee jaarsonni gara kutaa isa itti aanutti akka ce'an isaan qajeelche. Jaarsonni gama lameeniituu mariifi falmii isaanii xumuranii gara araaraatti akka deeman amala gaariin gaafate.

Kabajaa kana ibsuuf ibsi inni fayyadame, *''Amma gara araaraa deemnaa… Abbiyyuu irraa caqasaa… walumatti araarsinaa jedhee dubbataa yookaa ardaanillee,''* jechuun malaan jaarsota gama lameeniituu gara araaraatti qajeelche.

As keessatti dubbii isaa irraa kan hubatamu, abbaan murtichaa jaarsota dubbii gama lameeniinuu jiran osoo hinmufachiisin fuula ifaan gara kallattii araaraatti akka deeman amansiisuu yaale. Adeemsa araara dubbii jaarsummaa keessatti, namoota waldhaban miira aarii cimaa keessa isaanii jiru irraa balleessanii haala fedhii garee lameenii eeguu danda'uun tartiiba dubbichaa duraa-duubaan kaa'uun gara daandii araaraatti fiduuf, tarsiimoon fayyadama afaanii gaarii ta'e fayyadamuun baay'ee barbaachisaadha. Hayyoonni yaada kana yoo cimsan akka armaan gadii kanatti kaa'u. ''Reformulating or restarting as strategies that can be used by mediators to clean imotionally loaded expressions, imphasis areas of common interest, and put issues according to their order of importance,'' (Hymes, 1992; Roberts, 2008; Wade, 1996). Akka odeeffannoon jaarsotaafi daawwannaa irraa argame mul'isutti, dubbii isaanii keessatti yaanni faallaafi falmii jaarsota giddutti yoo dhalate, abbaan murtee gidduu seenuudhaan garee lamaan keessaa gareen inni tokko yaada isa garee biraa akka fudhatu amansiisa. Haata'uu malee hanga dhimmicha irratti jaarsonni waltajjii hundi yaada tokko irratti walii galanitti murtee hinkennu. Yoo walfalmiin jaarsota giddutti yeroo dheeraaf cimee itti fufe, abbaan murtee dubbii qaba taasisuun guyyaa biraatiif dabarsa. Fakkeenyaaf, dhimma 3ffaa irratti jaarsonni gamaa gamanaa dhimma waldhabdee abbaafi ilmaa irratti walii galuu dadhabanii yeroo dheeraaf falmii gaggeessinaan, abbaan murtee akka itti aanu kanatti dubbiin guyyaa biraatti akka dabartu taasiseera.

Abbaa Murtee: *Sii kennee argadhu. Toltuu Rabbi sii haa kennuu argadhu. Ijoo qaaqaa amma garaan itti nam'itaniirtan, jechuu argadhu… akka walii jiffannu, kana dura gisee lama, gisee sadi araarsee, araarri sun fiixa ba'eera. Waa araaruma sanitti deebinee*

araarsinaallee, yoo ka jettuu, walii haa jiffannuu barbaada, jedhe jechuu argadhu. Waawwoo, wanni kun salphinnaa wayiitti Na danqaraa, ana gosaafi ardaa jidduu huura kaa'aa warra kana mala biraallee itti dhaha ka jettullee yoo ta'e, dubbiin ta biraa hinjirtuu, tanuma lamaan gidduu jirtii, jedhe jechuu argadhu. Isii lamaan tana, 'Lafti dhaqan fagoo hintaanee, diinni itti dhaqan kasoo hintaanee,' jedhe jechuu argadhu. Aduu laali, aduu laalii keessummaa narra jirtullee laalii…. kanaafuu, qaba naa godhii giseen itti nam'inee warra kanaa mala laallaa.

Yoo jaarsonni battalichaa harki caalu yaada tokko irratti walii galan, abbaan murteee yaada araaraa dhiyaate sana cuunfuun dhiyeessa. Garuu yeroo tokko tokko yaada murtee dhiyaate sana xumuranii bira darbuun duratti, jaarsonni yaada waldhabdootaa ilaaluuf jecha maqoo gaafatu. Haata'uu malee maqoo waamuun filannoodha malee dhimma yeroo mara kutaa hunda keessatti raawwatamuu miti. Inni kun uumamuu kan danda'amu, yoo jaarsonni gamaa-gamanaa dhimmicha irratti walii galuu baatan ykn yaada murtee dhiyaate irratti waldhabdoonni komiin isaan irraa mul'ate jaarsonni maqoo waamu. Haala fayyadama afaanii dubbii jaarsummaa keessatti jechi *'maqoo'* jedhu, marii yeroo gabaabduu ergaa jedhu kan qabu yoo ta'u, *'komii'* kan jedhu ammoo yaada dhiyaate tokko irratti gammachuu dhabuu dhaamsa jedhu qaba.

Jaarsonni gamaa-gamanaa hunduu yaada murtee dhiyaate irratti waluu galuu isaanii erga mirkaneeffateen booda, abbaan murtee, qortoonni dhama lamaan dubbisanii murtee darbe akka isaan dhaggeessisan taasisa. Haaluma kanaan kutaan gungumaa goolabama. Dhimma 3ffaa keessatti, abbaan murtee kutaa gungumaa akka armaan gadii kanaan xumure.

Abbaa Murtee: *Amma dubbii argadhu. Dubbii isinuu ansaaddanii jirtanii argadhu. Mucaan kun galgalallee, ganamallee, ima booyaa… laftillee tama haadha isaatii… amma dubbii argadhu. Amma gara abbaa asdeebiftaa argadhu. Murtii amma itti himnaa argadhu. Amma isaan nurraa fincaa'i jennee itti himnaa argadhu. Abbaan as haa deebi'uu.*

Haasawa armaan olii keessatti, abbaan murtee yaada jaarsonni kaa'an cuunfee kaa'ee jira. Yaanni kaa'ame kunis yaada mataa isaa akka hintaane, jecha jaarsonni jedhan ''*dubbii isinuu ansaaddanii jirtanii''* (dubbii isinuu fixxanii jirtanii hiika jedhu qaba) kan jedhu

waabeffachuun kaa'ee jira. Itti aansuun dubbii isaa keessatti mucaan miidhamaa akka ta'eefi himanni isaa sirrii akka ta'e mirkaneesse. Haala kanaan dubbii cuunfee erga kaa'een booda, abbaan mucaa waamamee murteen dhiyaate akka itti himamu murteesse.

4.2.5. Kutaa Araaraa

Kutaa fayyadama afaanii araaraa jaarsummaa keessatti kutaa isa murteessaa yoo ta'u, kutaan kun iddoo ga'umsi dubbatanii amansiisanii araarsuu jaarsotaa itti ilaalamuudha. Akkuma gabatee armaan gadii keessatti ibsuuf yaalametti, kutaan araaraa kun gulantaawwan kudhan ofkeessaa qaba.

	Qortoota/ Dubbattoota	Gulantaawwanfi sadarkaawwan kutaa araaraa		Fakkeenya
1.	Abbaa Murtee	Gulantaa 1	Murtee kenname akka waldhabdootatti himan qortoota ajajuu.	… Amma sii kenne jedhe jechuu argadhu. Nama eega fincaan kaasanii dhama lamaan cokanii jedhanii, uumee ambaatti abbaa cokan san itti himan jechuu argadhu. .. amma qortuun hinqortii qorumaan waan yaani murteesse jedhe itti himanii argadhu.
2.	Qora lamii	Gulantaa 2	Murtee kenname waldhabdootatti agarsiisuu/himuu	''…Namatu bayi jedheenii jennaan manaa baye mucaan. Ilmillee dhugama qaba. Amma mucaa gara qe'ee deebi'a.''
3.	Dhama lamaan	Gulantaa 3	Murtee fudhachuu ykn mormuu	''Ana dubbiin na hinquubsinee, garuu haga fedhe yoo garaa nanyaatellee, ani isinitti gore.Isin jalaa garri dhaqu'' hinjiru
4.	Dhama lamaan	Gulantaa A1	Murtee fudhachuu	Maarree xuruudha.
5.	Jaarsota	Gulantaa A2	Eebba kennuu	Rabbi sii haa kennu….Rabbi sii haakennu…..Rabbi sii haa kennu.
6.	Dhama lamaan	Gulantaa B	Murtee mormuu	''Ana dubbiin na hinquubsinee,
7.	Jaarsota	Gulantaa 4	Dhama lamaan amansiisuu	Ishi jedhii nuu fudhu.
8.	Dhama lamaan	Gulantaa 5	Murtee fudhachuu	''..ani isitti gore.Isin jalaa garri dhaqu hinjiru.''
9.	Jaarsota	Gulantaa 6	Dhama lamaan eebbisuu	Isinillee, inni nutti gorellee, haa ulfaatu.
10.	Abbaa Murtee	Gulantaa 7	Araara labsuu	Kennee laalladhu
11.	Qora lamii	Gulantaa 8	Araara mirkaneessuu	Maal naa kaa'e? Dubbii araaraa naa kaa'e. Araara walii galchanii naa kaa'e.
12.	Jaarsota	Gulantaa 9	Eebbisuu	Araara harka walqabate kana addaan baha dhooggi.
13.	Jaarsotaafi Dhama lamaan	Gulantaa 10	Araara xumuruufi cimsuu	Eebbisuufi dhimmoota miti dubbii raawwachuu. Fkn Eebba: Horaa, maddaa marga ta'aa, umrii dheeradhaa; Rabbi walitti isin haa itichu. Miti dubbii: Ceekuun walitti bu'uufi waldhungachuu.

Gabatee 12 Tartiiba gulantaawwan haasbarruu jaarsummaa kutaa araaraa kan agarsiisu. (Waraabbii sagalee dubbii jaarsummaa kutaa araaraa gaafa 02/08/08 Hara Daakkiyyetti taa'ame irraa kan fudhatame).

Akkuma gabatee armaan olii irraa hubachuun danda'amu, kutaa araaraa dubbii jaarsummaa keessatti jalqaba kan raawwatamu qorti lamaan yaada araaraa akka dhama lamaanitti himtu ajaja kennuudha. Fedhiifi yaada jaarsotaa bu'uura godhachuudhaan murteen dhumaa erga kennamee booda, abbaan murtee fala kaa'ame kana akka itti agarsiisan ajaja kenna. Murteen kunis qora lamii keessaa nama tokkoon itti himama. Haala kana dhimma 3ffaa irraa kan fudhatame akka armaan gadii kanatti yaa ilaalluu.

Abbaa Murtee: … *Amma sii kenne jedhe jechuu argadhu. Nama eega fincaan kaasanii dhama lamaan cokanii jedhanii, uumee ambaatti abbaa cokan san itti himan jechuu argadhu. ... Amma qortuun hinqortii qorumaan waan yaani murteessee jedhe itti himanii argadhu. Humni keenya qortuu lamaan irraa ka'a jechuu argadhu.* Ibsa abbaa murtee kana irraa hubachuun kan danda'amu, nama tokko erga teettuu kaasanii yaada murtee jaarsonni kennite akka itti himamuu qabuudha. Dubbii isaa keessatti *''waan yaani murteesse''* yoo jedhu, murteen kun jaarsotaan murtaa'uu isaa agarsiisuu barbaadeeti. Haala kanaan abbaan murtee erga ajaja dabarsee, qortichi suuta jedhee afaan kabajaafi naamusa qabuun yaada murtee dhiyaate dhama lamaanitti hima.

Haala 1

Jaarsa battalaa: *''Ani gungume, ani gungume; ani gaafuu gabaabsaa. Rabbi Arsii tana haa araarsuu. Dubbiin Abbiyyuunillee dhugaa qaba. Namatu bayi jedheenii jennaan manaa baye mucaan. Ilmillee dhugama qaba. Amma mucaan gara qe'ee deebi'a.''*

Abbeeraa: … *Maarree Rabbi haa araarsuu. (Ee haa araarsu= jaarsota) Nu dubbii tana mucaan dhugaa qaba. Abbiyyuunillee dhugaa qaba…. Amma mucaa natti as kenni, Abbiyyuu. Dhugaa qabdaa. Nu ardaan hinfudhannaa dubbii nutti as kennaa gosti. Qabaleellee yoo taate, waan seerri jedheen waliin hojjanna. Gaafa guyyaa beellamaa wal argina. Mucaa natti as kenni ati gosti.*

Haasawa obboleessi abbaa armaan olitti taasise keessatti gosa abbiyyuu dubbii fudhattee harkaa qabdu amansiisuudhaaf tarsiimoowwan adda addaa fayyadame.

Mucaan miidhama waan qabuuf dhugaa mucaafi jaarsota gosaa araarsuuf baateefillee galchanii, mucaallee nutti askennaa isin hindadhabsiifnuu ta jaarsummaafi ta seeraallee ardaan laallannee dubbii fixnaa, dhaamsa jedhu, ofkesssaa qaba.

Dhugaa erga isaanii galchanii booda abbaan lammata gocha akkanaa irra deebi'ee akka hinraawwanneefi fedhii mucaa guutuufii akka qabu waadaa galaniif.

Jaarsonni gama ilmaa gama isaaniitiin himannaa dhiisanii waa'ee araaraafi fuuldura jiruufi jireenya maatii sanaa irratti xiyyeeffatanii dubbatan. Kana booda warra lamaaniifuu gorsaafi hamilee kennuu eegalan. Abbeeraan mucaa, mucaan isa bira dhaqee lafa qonnaallee yoo barbaade kennuufii akka danda'u jajjabeesse.

Abbeeraa: *Gisee baay'ee yaaleera. Anuu yaaleera mucaa kana, addatti koottu, nuttuu koottu.qotadhu. Lafa kottaa nu'uu hinkennaarraa koottuu keennaa mucaannana qotadhu. Jennee ofii waamnee dhamnee dhiifneerra. Baqqaa, maaliif? Jiruu isaanii haa fooyyeffataniif malee haa ka achitti qotatu san nu nyaachuufii miti…*

Abbeeraa Gosaa: *Nu amma mucaan kun bayee qe'ee akka badu hinbarbaannu, abbaa biraa akka fagaatu hinjaalanne. Mucaa kana yoo dhugaa dubbanneetiniin jenne, akka finna keennaatti laalla. Ilma nuqabnu tokko. Ilma gosaati.* Fayyadama afaanii jaarsummaa armaan olii keessatti jaarsonni jara lamaan qeequu dhiisanii gara jiruufi jireenya isaanii kan fuulduraa bocutti xiyyeeffatan. Warra lamaanuu gorsuu jalqaban. Fakkeenyaaf, abbaan murtee dhimma 1ffaa keessatti akkana jechuun gorsa kenne.

Abbaa Murtee: *Atillee maatii kee waliin jiraatta. Isin lachuu mana tokko keessa jiraattu. Isin maatii tokko. Gurbaa atillee abbeetii kabaji; wal hinjibbinaa; waljibbinaan akkitti waliin jiraatan hinjiru. Atillee maatii kee ofirraa hinfageessin. Hojji bu'aa woyiituu hinqabu. Hojja hinbeekan jedhe qaraa jaarsi.*

Jaarsa battalaa: *Amma gungume. Ka gungumee roobu waaqaa gungume; ka gungumee dubbatu namaafii gungume. Maarree wanni irratti waldhabaa jirru, wama lama malee wanni biraa hinjiruu…ammallee hinargineefii, gungume…amma tilmaama duraa sanittuu dhaabaafii jedheeraa, gungume, kana argeefii, asitti haa araarsinuu…maatii kana akkanaan walitti haa itititchinuu… kanaaf nullee abbaa qabnee sirreessinee, isinillee mucaa nuu qabaa.*

Dhimmi guddaan armaan olitti ka'e kun lafa dura abbaan mucaaf kennee deebi'ee itti gaabbe ilaalchiseeti.

Dubbii isaanii keessatti hubachuun kan danda'amu, jaarsonni gama mucaa lafti duraan abbaan mucaa kenne deebiteefii, mucaan nagayaan gara maatii isaatti akka makamu jaarsota gama abbaa gaafatan. Jaarsichi gama abbaa tokko abbaa mucaa waliin maqoo erga taa'ee booda odeeffannoo tokko qabatee dhufe. Lafti dura abbaan mucaa dhoorkatee akka deebituuf abbaa amansiisuu isaa jaarsota gama mucaatti himuun mucaan tasgabbaayee gara qe'ee ofiitti deebi'uu akka qabu dubbate. Haasawa isaa keessatti jaarsichi maatii kana walitti haa itichinuu yoo jedhu jiruufi jireenyi hawaasummaa abbaafi ilmaa akka duraatti deebi'ee tokkummaan akka maatii tokkootti waliin haa jiraatanii yaada jedhu ofkeessaa qaba. Akka walii galatti yaanni jaarsonni dhimma 1ffaa keessatti kaasaniifi jaarsichi gama abbaa irraa kaase haasbarruun kun qeeqoo irraa gara gorsaafi hariiroo maatii kanaa jajjabeessutti ce'uu isaattu irraa hubatama.

Dhamti lamaan erga yaanni murtee qora lamaaniin itti himamee booda murtee jaarsonni dhiyeessan sana fudhachuu ykn diduu danda'u. Yoo isaan murtee kana fudhatan kutaan eebbaa itti fufa. Yoo isaan murtee kana morman garuu kutaa amansiisuuttu itti fufa. Jaarsonni akka isaan murtee kana fudhataniif tarsiimoowwan adda addaa fayyadamu. Tarsiimoo isaan fayyadaman keessaa tokko kadhachuudha; yoo ta'uu baate ammoo miidhaa waldhabdee kana booda qaqqabuu danda'u itti agarsiisuun amansiisuuf yaalu.

Yeroo baay'ee waldhabdoonni yaada murtee dhiyaate akka salphaatti hatattamaan hinfudhatan. Garuu, hojiin isaan amansiisuu baay'een erga hojjatameen booda murtee jaarsonni battalaa dhiyeessan kana nifudhatu. Dhamti lamaan garuu yaada murtee fudhachuu isaanii kana afaan isaaniitiin dubbatanii mirkaneessuu qabu.

Erga isaan kana godhanii raawwatanii booda jaasonni araaraa eebbaan isaan gammachiisu. Haasofni armaan gadii dhimma 2ffaafi 3ffaa irraa fudhatame isa kana mirkaneessa.

Jaarsa gama Ilmaa: ''...Amma mucaanillee fudhatee jiraa. Isinitti gore jedheera. Ana dubbiin na hinquubsinee, garuu haga fedhe yoo garaa nanyaatellee, ani isitti gore.Isin jalaa garri dhaqu hinjiru,'' jedheera.

Abbaa Murtee: Isinillee, inni nutti gorellee, haa ulfaatu.
Jaarsota: Ee haa ulfaatu.
Abbaa Murtee: Waaqni firii kanallee jidduu kana haa fidu.

Jaarsta: Ee haa fidu.
Haala 3
Ishi jedhii nuu fudhadhu.
Dhama: Maarree, xuruudha.
Jaarsota: Rabbi sii haa kennu….Rabbi sii haakennu…..Rabbi sii haa kennu.

Dhimma lamaan keessattuu, waldhabdoonni yaalii amansiisuu yeroo dheeraatiin booda murtee araaraa kana fudhatanii jiru. Waldhabdoonni yaada murtee dhiyaate fudhatanii jaarsonni erga eebba kennanii booda abbaan murtee murticha cuunfee bu'aa isaa ibsuun qortoonnidhimmicha ilaalanii akka mirkaneessan ajaja kenna. Dhimma 1ffaa keessatti, Abbaan murtee dhimmi waldhabdee jara warra kanaa xumuramuu isaa ifaan ifatti dubbatee jira.

Mucaan gara mana abbaa isaatti deebi'uu akka danda'u dubbatee booda irra ''*kennee laalladhu''* jedhe. Abbaan Murtee dubbii isaa keessatti kennee laalladhu yoo jedhu, yaada murtee amma dhiyaate kana xiinxaluun akka mirkaneessan qortoota gaafachuu isaati. Qortoonni gaaffii abbaa murtee bu'uura godhachuudhaan yaada murtee dhiyaate cuunfanii mirkaneessanii jiru.

Qora gosaa: Koottaa.	Qora Ardaa: Koottaa (Dhufe)
Qora gosaa: Waa naa kaa'e moo akkanaan irraa bu'e?	Qora Ardaa: Waa naa kaa'e/tolche.
Qora gosaa: Maal naa kaa'e?	Qora Ardaa: Dubbii araaraa naa kaa'e.
Qora gosaa: Ee	Qora Ardaa: Araara walii hingalchanii naa kaa'e.

Gabatee 13 Cuunfaa yaada abbaa murteetiin dhiyaate qortoonni yemmuu mirkaneessan agarsiisu.
(Waraabbii sagalee dubbii jaarsummaa kutaa araaraa gaafa 02/08/08 Hara Daakkiyyetti taa'ame irraa kan fudhatame).

Murtii darbe erga mirkaneessaniin booda, qortichi gosaa *Itti guutaa amma* jedhe; abbaan murtee eebba akka godhu gaafachuu isaati. Sirna fayyadama afaanii dubbii jaarsummaa keessatti dubbiin tokko dubbatamee xumuramuu isaa kan ittiin mirkanaa'u, yoo eebbi xumuraa taasifameedha. Eebbi xumuraa taasifamu malee dubbiin tokko xumura hinargatu.

Dhuma irratti abbaan murteefi jaarsi gama ilmaa irraa eebba dhumaa godhuun xumurame. Eebba isaanii kana keessatti jaarsonni abbaafi ilmi nagaafi kabajaan umrii dheeraa waliin akka jiraatan Rabbiin kadhataniif. Araara harka walqabate kana addaan baha dhooggi.

Yeroo eebbaa kana kan araaramee harka walqabate warra waldhabe Abbaafi Ilma qofa osoo hintaane hirmaattonni battalichaa hundinuu akkuma bifa geengoo taa'anii jiran sanatti harka isaanii walfuudhanii jarri lamaanuu araaramuufi araarris raawwatamuu mirkaneessan.

Battala dubbii jaarsummaa hundumaa keessatti, tan hinxumuramin dabalatee, jaarsonni otoo eebba xumuraa hintaasisin addaan hingalan. Erga araarri bu'ee booda itti aanee kan dhufu, sirna araara cimsuuti. Sirni araara cimsuu kun fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa keessatti gulantaa isa xumuraati. Kutaa kana keessatti gochoonni raawwatan baay'een isaanii wanta dubbiin osoo hintaane, mallattoofi gochaan kan raawwatamuudha. Fakkeenyaaf, dhimmoota tokko tokko keessatti, jaarsonni waldhabdoonni gurmuun ykn ceekuun akka walitti bu'aniifi waldhungatan taasisu.

Fakkeenyaaf, dhimma 3ffaa keessatti mucaan gurmuufi mataa abbaa akka dhungatu godhameera. Abbaan ammoo gama isaatiin ganaa mucichaatti tufuun dhiifama godhuufii isaa mirkaneessee jira.

Haaluma walfakkaatuun dhimma 3ffaa keessatti, mucaan adaadaa isaa arrabsuun himatame tokko gurmuufi mataa adaadaa isaa dhungachuun yoo araarfatu, adaadaan gama ishiitiin daadhii duloodhaan dhiyaate ganaafi bobaa isaatti biifuun dhiifama godhuufii ishee mirkaneessitee jirti. Garuu, araara dubbii jaarsummaa abbaa warraafi haadha warraa keessatti, waldhabdoonni akka waldhungatan hingaafataman. Isaan garuu sirna dhibaayyuu duloo jedhamu keessatti meeshaa tokko keessaa akka dhugan taasiafamu. Sirna aadaa duloo dhibaasuu keessatti, dura daadhiin dulotti guutamee, jaarsota araara kennan keessaa isa hangafaatti kannama. Duloon erga itti kennamtee booda jaarsichi buqqisuun xinneessee si'a sadi gara lafaatti facaasa. Yeroo lafatti facaasu kana jaarsichi irra deddeebi'uun ‘’*laftana dhagahi,’’* jedha. Ammaas jaarsichi kurree duloo irra jirtu sana buqqisuun xinnoo itti naqee gara samiitti facaasuudhaan ‘’*Waaqni dhaga'i,’’* jedha.

Haaluma kanaan sirni daadhii dhibaasuu kun akkuma raawwateen waldhabdoonni lameen dabaree dabareen duloo sana keessaa kan dhugan yoo ta'u' dursee kan dhugu kan miidhame yoo ta'u, booda kan dhugu ammoo isa miidheedha.

Sirni kun akkuma walii galaatti duloo dhibaasuu jedhamee beekama. Egaa sirna kana keessatti duloo takka keessa akka dhugan kan godhameef, tokkummaan waliin jiraadhaa, walitti makamaa, tokko ta'aa, addaan hinba'inaa ergaa jedhu ofkeessaa qaba.

Egaa akka waliigalaatti, kutaa araaraa kana keessatti, waliin dubbiin fayyadama afaanii jaarsummaa kan irratti xiyyeeffatu, dhugaa kennuufi jiruufi jireenya waldhabdootaa kan fuulduraa tolchuu irrattiidha. Jaarsonni seenaa waldhabdichaa keessa deebi'uudhaan akka isaan lamuu walhinirraanfanne godhu. Kana gochuudhaaf haasbarruu kunuunsaafi hariirooti. Kutaa kana keessatti haasbarruun qeeqaafi walhimannaa kan kutaa lammaffaa haasbarruu jaarsummaa keessatti mul'achaa ture irraanfatamuun kan fedhiifi hariiroo isaanii fuulduraa irratti xiyyeeffata. Jaarsonni, waldhabdoonni kunneen fuulduraaf maal gochuu akka qabaatan irratti dudubbatu. Dhuma irratti waldhabdoota gorsuun yaada murtee dhiyaate amansiisanii akka fudhatan erga godhanii booda eebba kennuun kutaan araaraa kun goolabama.

Gabatee 14 Caatoo cuunfaa kutaa gulantaa fayyadam afaanii araara dubbii battala jaarsummaa agarsiisu.



Waraabbiifi daawwannaa battala dubbii jaarsummaa kutaa araaraa afran irraa cuunfamee kan fudhatame.

Gabatee 15 Cuunfaa Gulantaawwan Kutaawwan Afran fayyadama afaanii dubbii Jaarsummaa Keessatti Argaman kan agarsiisu. (Daawwannaafi waraabbii battala jaarsummaa hunda irraa cuunfamee kan fudhatame).

1.	Kutaa Baniinsaa	Gulantaa 1	Eebba jaarsotaatiin Jalqabuu
		Gulantaa 2	Dubbii jalqabuu
		Gulantaa 3	Qora lamii ramaduu/muuduu
		Gulantaa 4	Gara kutaa cokaatti darbuu/ce'uu
2.	Kutaa Cokaa	Ce'umsa 1	Himataan Dhimmicha nidhiyeessa
		Gulantaa 2	Himataa gaafachuu
		Gulantaa 3	Gara dachaafataatti deebi'uu
		Gulantaa 4	Dhimmicha dhiyeessuu
		Gulantaa 5	Dachaafataa gaafachuu
		Gulantaa 6	Gara kutaa gungumaatti ce'uu
3.	Kutaa Gungumaa	Gulantaa 1	Gungumaaf haala mijeessuu
		Gulantaa 2	Dhimmicha irratti mari'achuu
		Gulantaa 3	Cuunfuufi Kallattii qajeelchuu
		Gulantaa 4	Maqoo gaafachuu
		Gulantaa 5	Murtee dhumaa karoorsuu
		Gulantaa 6	Murtee dhumaa mirkaneessuu
4.	Kutaa Araaraa	Gulantaa 1	Murtee kenname akka waldhabdootatti himan qortoota ajajuu.
		Gulantaa 2	Murtee kenname waldhabdootatti agarsiisuu
		Gulantaa 3	Murtee fudhachuu ykn mormuu
		Gulantaa A 1	Murtee fudhachuu
		Gulantaa A 2	Eebba kennuu
		Gulantaa B	Mortee mormuu
		Gulantaa 4	Dhama lamaan amansiisuu
		Gulantaa 5	Murtee fudhachuu
		Gulantaa 6	Dhama lamaan eebbisuu
		Gulantaa 7	Araara labsuu
		Gulantaa 8	Araara mirkaneessuu
		Gulantaa 9	Eebbisuu
		Gulantaa 10	Araara xumuruufi cimsuu

4.3. Qaaccessa Tooftaawwan Araarsuu Jaarsonni Fayyadaman

Kutaa kana keessatti tarsiimoowwan fayyadama afaanii araara jaarsummaa jaarsonni battala dubbii waldhabdoota amansiisanii gara araaraatti fidantu balballoomfame. Balballoomsi tarsiimoo amansiisuu fayyadama afaanii araara jaarsummaa Oromoo Arsii kun yaadaddama tarsiimoo amansiisuu Aristootil sadan wajjiin kan deemu yoo ta'u, tarsiimoowwan amansiisuu hedduu hawaasni Oromoo Arsii fayyadamu keessaa kanneen armaan gadii beekamoodha.

4.3.1. Kallattiin Gaafachuu

Jaarsonni battala dubbii jaarsummaa waldhabdoonni yemmuu murtee dhiyaate tokko fudhachuu didan kallattiin isaan gaafachuun amansiisuu yaalu. Haala kana mee battala dubbii jaarsummaa tokko irraa kan fudhatame armaan gaditti haa ilaalluu.

Jaarsa: ‘’Adha yoo nurra qajeelte, ilmaan tanteellee walhintuqne,…murtii ambi sii murteesse tana hindidinii fudhu; Jaaladhu.’’

Jaarsa: ‘’Amma tole jedhaa; Gosallee hindararinaa; Nullee hindararinaa; Yaada keessan ummataa kennaa; Ofillee ofkennaa mandooyyuu tanatti.’’ Akkuma haasawa jaarsotaa armaan olii irraa hubachuun danda’amu, dhamti lamaan yaada araaraa jaarsota irraa isaaniif dhiyaate akka fudhachuu qaban kallattiin gaafatan. Dubbii jaarsi inni tokkoffaan taasise irraa kan hubatamu, waldhabdoonni murtee araaraa kana kan fudhatan yoo ta’e, bu’aa isaan argachuu danda’an itti himuun amansiisuu yaale. Jechoonni isaan dubbii isaanii keessatti fayyadaman kanneen akka ‘’jaaladhu, fudhu, tole jedhi’’ jedhan kallattiin gaafachuu isaanii kan mirkaneessuudha.

4.3.2. Loogummaa Irraa of Qulqulleessuu

Fayyadama afaanii araara jaarsummaa keessatti loogii irraa bilisa ta’anii qaamota waldhaban lameeniifuu haqaan hojjachuun aadaa waldhabdee furuu hawaasa naannoo qorannoo kanatti beekamaadha. ‘’Scholars claim that impartiality of mediators is one of the major requirements for the success in mediation,’’ (Roberts; 2008, Silbey and Merry, 1986).

Jaarsonni fayyadama afaanii jaarsummaa keessatti kallattiinis ta’ee alkallattiin loogii irraa bilisa ta’uu isaanii tarsiimoowwan dubbii gara garaa fayyadamuun ibsatu. Tarsiimoowwan kanneen keessaa tokko dubbii isaanii keessatti dogoggora irraa akka isaan eegu Rabbiin/Waaqa kadhatu.

Jaarsota: *Rabbi Arsii tana haa araarsu. Nu’ullee dhugaa haa dubbisu. Nama dhugaa dubbatee warra kana araarsu Rabbi nuhaa godhu. Namni tokkocha; ganama yoo qaaqaaf bayu. Nama lama ta’ee gala; galgala yoo galu.*

Dhara yoo dubbate; dhara sanituu waliin gala; dhugaa yoo dubbate, dhugaa santuu isa waliin gala. Arraba keenna Rabbi nuhaa dubbisu dhugaa; Mucuca arrabaa rabbi nuhaa tissu. Dhugaan haamootu mee biyya teenna. Haasawa jaarsotaa armaan olii irraa dhimmoota sadi adda baasuun ni danda'ama. Tokkoffaa, jaarsonni dubbii araara jaarsummaa keessatti yoo hirmaatan loogii irraa bilisa ta'uu isaanii agarsiisuuf waaqni akka isaan eegu kadhatu. Inni lammataa immoo, dubbii isaanii keessatti loogii kan hojjatan yoo ta'e, miidhaa dhufuu danda'u ibsuun loogii irraa bilisa ta'uu akka qaban dubbatan. Karaa biraa ammoo, dhugaafi dhara akka waan lubbuu qabuu tokkotti ilaaluun, dhugaafi dharti yoo waldhaban, dhugaan akka injifachuu dandeessu tilmaama duraa kennan. ''Dhugaan haamootu'' kan jedhu yaada kana agarsiisa.

4.3.3. Miidhaa Dhufuu Danda'uun Akeekkachisuu

Fayyadama afaanii jaarsummaa keessatti, yaada murtee jaarsonni battala dubbii dhiyeessan fudhachuu diduun miidhaa booda dhufuu danda'uun waldhabdoota amansiisuun tarsiimoowwan jaarsonni araaraa fayyadaman keessaa isa tokkoodha. Roberts (2008) and Wolski (2002) yaada kana yoo cimsan, ''Suggesting options for settlement and telling parties about possible negative consequences of opting for litigation by rejecting the proposed solutions is among intervention strategies of mediators.'' Kanumaan walqabatee fayyadama afaanii jaarsummaa keessatti, jaarsonni battala dubbii waldhabdoota amansiisuuf jecha tarsiimoo kana nigargaaramu. Haala kana mee dhimma tokko irratti kan mul'ate armaan gaditti yaa ilaalluu.

Jaarsa: *Olii gadi fiiguun kun qabeenna keessan qisaasessa. Tokko atuu argaa jirta; Tokko nu'uu argaa jirra. Qabeenni dhumatu kun odoo mana keessan irratti, bulii keessan irratti, uffata daara mucaa kanaatii odoo oolee. Abbaan didaa jira; nu'u waliin hinrakkannu; daanyaan fala ittaa kennuu.*

Haasawa jaarsi armaan olitti godhe yoo ilaalle, ''olii gadi fiiguu'' kan jedhu, waldhabdoonni kunneen murtee jaarsonni kaayan dhiisanii walhimannaaf gara mana seeraa kan deeman yoo ta'e, miidhaa gama hawaas-diinagdeetiin dhufuu danda'u itti himuun akeekkachiisa kennuu isaati.

Haasawa isaa keessatti ''daanyaan fala ittaa kennuu'' kan jedhu, murtee jaarsotaa kan isaan karaa nagaatiin kennaniifii dide, dubbiin gara mootummaa yoo deebite, jaalatee jibbee murtee itti kenname dirqamaan fudhata ergaa jedhu ofkeessaa qaba.

Abbaa Murtee: Biyya keenna Rabbiin haabidhannuu; Sagaduu callaanii moti, Rabbiin ka bidhannuun; Arsiin duruu rabbiin akkanuma sodaata. Kalee sodaata Arsiin Rabbiin. Kallacha walsodaata; Walillee sodaata.'' Haasawa abbaa murtee kana irraa balballoomsuun kan danda'amu, tarsiimoon amansiisuu inni fayyadame, waldhabdoonni yaada namaa kan didan yoo ta'e, gara waan isaan itti amananitti geessuun miira soda keessa isaanii keessatti uumuudha. Namni yoo namallee sodaatuu baate, waaqa nisodaata dhaamsa jedhu dabarsa. ''Rabbiin bidhadhaa'' kan jedhu, waaqa sodaadhaa; yemmuu gocha tokko raawwattan waaqa yaadadhaa; inni kan ati hojjattuufi beektu caalaa beekaa hindhiibatinii murtee kana fudhu dhaamsa jedhu qaba. Kana qofa osoo hintaane, ''kallacha walsodaata; walillee sodaata'' kan jedhu kun, akka aadaa Oromoo Arsiitti, namni umriin quxisuu ta'e tokko nama guddaa fuuldura dhaabbatee isaan hinmormu, yaada isaa fudhachuu hindidu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Dabalataan immoo 'walillee sodaata' kan jedhu, hawaasni Arsii firaan, soddaan, aanteefi kkf walsodaata; walkabajaas ergaa jedhu dabarsa.

4.3.4. Miira cimaan dubbachuu

Sirna araara haasbarruu jaarsummaa keessatti, tarsiimoowwan dubbii jaarsonni gargaaramanii qaamota waldhaban amansiisuun yaada murtee dhiyaate tokko ittiin fudhachiisan keessaa inni biraan afaan ulfaataa fayyadamuudha. Jaarsonni fayyada afaanii jaarsummaa keessatti tooftaa kana kan gargaaramaniif, miira dhaggeeffattootaafi qaamota waldhabanii kakaasuun keessa isaanitti dhaga'amee yaada murtee dhiyaate haalduree tokko malee akka fudhataniif. Kana qofa osoo hintaane, dhaggeeffattoota battala dubbii jaarsummaa sana jiran keessatti miira kaka'umsaafi naatoo uumanii isaanis gama isaaniitiin dhiibbaa akka taasisan yoo barbaadameedha.

''Emotions can serve as an empulse to take a certain action, and very often the audience will look at the presented case through the prism of their emotions,'' (Anthony and Gladkov (2007:131). Mee haala kana kan dhugoomsu haasawa jaarsi battala dubbii taasise tokko fudhannee yaa laalluu.

Jaarsa: *Bada biyya teenna, ana zariin tiyya ganda namaa bultee hinbeettu. Rabbi ijarraa nuhaa hambisuu, jaarsuma kana dadhabne. Amma gara lubbuu deeman ittuma dhiifnee cadhifne nu'ullee. Biyyana mucaan kun alatti wayiituu hindhalanne; dhiiguma isaati. Mucaan dhugaallee ta iyyite qaba.* Jaarsi kun dubbii isaa gara jalqabaa keessatti, bakka dura bulee hinbeekne, qabata jarri yaada murtee dhiyaate fudhachuu didaniif, dubbiin dheerachuu irraa kan ka'e ganda ormaa bule; kun ammoo isaafi sanyii isaatiifillee waan takkaa ta'ee hinbeekne, waan haaraa itti ta'e. Kun ammoo isaafi jaarsota battala dubbii sana jiraniifillee dhimma baay'ee ulfaataadha. Kanaafuu, dhaggeeffattoota battalichaafi qaamota waldhaban gidduttillee miira cimaa uumee yaada murtee akka fudhatan dhiibbaa taasisa. Karaa biraatiin, mucaan kun qaama isaa waan ta'eef miidhuu akka hinqabneefi dhimmi mucaan himatu kun sirriifi waan namni hunduu beeku, ifa kan ta'e agarsiisuudhaaf *dhugaa iyyite* kan jedhutti gargaarame. Gama biraatiin ''*ittuma dhiifne nu'ullee,''* kan jedhu, dhimma isaan walhimataniif kana otoo beeknu, yeroon dubbii isaanii ilaaluu waan dhabneef, waldhabdeen isaanii kun sadarkaa yaachisaa kana irra ga'e ergaa jedhu dabarsuu barbaadeeti. Kanaafuu, afaan cimaa fayyadamuun, namoota keessatti naatoo, mararteefi miira jabaa uumuun dhamti lameen yaada murtee dhiyaate fudhatanii gara araaraatti akka dhufaniif tarsiimoo jaarsonni fayyadamaniidha.

4.3.5. Tokkummaan Dubbachuu

Akka hawaasa naannoo qorannoo kanaatti, dhimma waldhabdee dhama lamaaniitiin walqabatee, yaada murtee dhiyaate tokko irratti mariifi falmii dheeraa erga taasisanii booda yaada tokkoon irratti walii galu. Yaanni murtee kun dhama lamaanitti kan himamu, erga jaarsonni battala dubbii hundi yaada murtee dhiyaate fudhataniifi raggaasisanii booda. Takkaa yaadicha irratti walii galamnaan, jaarsonni battala dubbii hundinuu sagalee tokkoon waldhabdoonni yaada murtee akka fudhatan amansiisu.

Jaarsonni tarsiimoo kanatti kan dhimma ba'aniif murteen isaan kennan haqummaafi amanamummaa akka qabaatufdha. Roberts (2008) yaada kana yoo cimsu, ''Using co-mediators as one strategy that mediators could use to promote the credibility of their decision.'' Sagalee tokkoon amansiisuun jaarsotaa waldhabdoonni salphaatti murtee sana akka fudhatan taasisa. Sababni isaas murteen jaarsonni haala kanaan kennan waldhabdoota irraa shakkii waan hir'isuufdha.

Jaarsonni yemmuu haasaa taasisan sagaleedhaan kallattiin kan dubbatan yoo ta'u, yeroo baay'ee bamaqaa dimshaashaa fayyadamuun dubbatu. Haala kana mee dubbii jaarsotaa armaan gadii keessatti haa ilaalluu.

Jaarsa: Amma as *nuu* dacha'aa. Dafaa as nuu deebi'aa araara buufnaa. Amma gurbaa, *ummanni kun* lafa tana addaan sii baaseera. Abbaan ammoo lafa cinaa mucaa kanaa gadhiisi siin *jedhaniiran.* Gosaa ardaan sitti *murteessaniiru.* Murtii *ambi* sii murteesse kana taqabbali, fudhadhu. Haasaa armaan olii kana jaarsi kophaa isaa haa taasisu malee, kan inni dubbate akka nama kophaa isaa haasawaa jiruu osoo hintaane, yaada ejjannoo jaarsotaa battalaa hunda bakka bu'ee dubbachaa jira. Kana gochuu isaa kan nuuf mirkaneessu bamaqoota armaan olitti gurraacheffamaniidha. Haasaa isaa kana keessatti, gosaa ardaan yoo jedhu jaarsichi, jaarsota battalaa hunda, qora lamii, abbaa murteefi hirmaattota battala dubbii hunda dabalata.

4.3.6. Seenaa Kana Fakkaatuun Walqabsiisuu

Fayyadama afaanii jaarsummaa Oromoo Arsii keessatti, taatee kanaan walfakkaatu kan isaanis ta'ee kan nama biroo waldhabdootatti himuun amansiisuu yaalu. Seenaan kun kan itti himamuuf waldhabdoonni wanta qooddataa seenaa sana keessa jiru qunnama ilaalanii yaada murtee dhiyaate akka fudhataniif. Seenaa walfakkaataa himuun namoonni waldhabdee keessa jiran miidhaafi bu'aa isaa madaalanii murtee sirrii akka fudhataniif isaan gargaara. Seenaa raawwatame tokko irraa karaa lamaan irraa barachuun nidanda'ama. Seenichi haala aadaafi safuu hawaasaa eegeen yoo xumurame, waan gaaritu irraa baratama; yoo haala gadheen xumurame ammoo waan gadhetu irraa muxatama. Van leeuwen (2008:118), yaada kana yoo gabbisu, ''Stories serve this function in two ways: by punishing deviant character with unhappy ending and rewarding the good character who behaves in line with the social norms of the society.'' Battala dubbii jaarsummaa tokko irratti haalli kun dhiyaateera.

Jaarsa Gosaa: *Gisee tokko, gurbaan tokko Gannata kanaa, akkanumatti dadhabame. Ardoomni itti nam'e (baye). 'Wed,weged' jedhe. Hindadhaban. Ardaa, akaakayyuun marri itti yaa'e. 'Lafa saamtu kana hindhiifta moo hindidda?' jedhaniin. Hindhiisus, hindhiisas hinjennee, 'ani harka keessaa hinqabu' jedhee waakkii xiixe.*

'Lakki nu'uu hinbeennaa dhiisi' jedhaniin. Didee dadhaban. Haadidee waakkatuu malee dalagaan kama isaatii beeki. Haga oofan oofanii, waaqni isa baasuuf, gaaf kaan halkan abjuu arge. Gurbaan sun achirraa jammaree badii raawwatu san dhiise. Otoo akkuma duraa badii hojjachaa jiraadhee du'eera ture,' jedhe. Seenaa jaarsichi hime irraa wanti hubatamu, gurbaan duraan yaada araaraa jaarsonni araaraa dhiyeessaniif fudhachuu haadiduu malee gochaa seenaa kanaa keessa harka qabaachuu isaati. Dalagaa kana gochaan keessa haa jiraatuu malee Yaada jaarsotaa hinfudhanne.

Kana gochuu dhabuu isaatiin badiin inni hojjate abjuun ergaitti dhuftee booda yaada duraan mormaa ture amanee fudhateera. Egaa akka seenaan kun agarsiisutti, dhumti seenaa ganaa gaarii waan hintaaneef waan badaa hojjachuun faayidaa akka hinqbaneedha.

4.3.7. Afaan Kabajaa Fayyadamuu

Afaan kabajaa jechuun jechoota, gaaleefi caasaawwan afaanii gara garaa fayyadamuun kabaja ykn garaagarummaa sadarkaa namoota dhuunfaa kan ittiin ibsaniidha. Loogawwan Afaan Oromoo adda addaa keessatti kabaja agarsiisuuf, bamaqaa danoomaa fayyadamna. Waliin dubbiin armaan gadii haala kana sirritti nuuf mirkaneessa.

Jaarsa: Horiin amma ***gurgurtan*** kun akka marii mucaatiin hintaane ***isinuu*** *dubbattanii* **jirtan**. Horiin *ooftanii gurgurtan* ***jedhan*** *kun amma handhuuraa eennuuti? ... Ani ammallee* ***isin*** *baradha. Amma horii gurgure* ***jettan*** *kana inni daara keessaniif gurgure jedha. Kanaan dura qara waa'ee kana waan himattanii gurra namaa jirtu* ***qabduu****?* Haasawa armaan olitti jaarsi taasise keessatti kanneen gurraacha'an danuu haa fakkaatan malee namoota qeenxee kan bakka bu'aniidha.

Haasaa kana keessatti tajaajilli isaanii danooma agarsiisuu osoo hintaane kabajaafi naamusa haasbarruu jaarsummaa keessatti jaarsonni namoota amansiisuufi odeeffannoo barbaachisaa ta'e argachuuf tarsiimoo fayyadamaniidha. Fakkeenyaaf, *'gurgurtan, dubbattanii, isininuu, ooftanii*' kanneen jedhan abbaa mucaa kan agarsiisan yoo ta'u, tajaajilli isaanii danooma osoo hintaane kabaja isaaf godhuu isaanii mul'isa. Haaluma walfakkaatuun, *'qabduu, himattanii'* kan jedhan ammoo ilma bakka kan bu'an yoo ta'u, tajaajilli isaanii kabaja mucaaf qaban agarsiisuuf malee danoomaa miti.

Kanaafuu, fayyadama afaanii dubbii araara jaarsummaa keessatti afaan kabajaa fayyadamuun miira aarii namootaa irraa hir'isuun akka isaan araaraaf ofqopheessaniifi yaada araaraa dhiyaate jaarsota irraa fudhataniif jecha tarsiimoo kanatti gargaaramu. Walumaagalatti, afaan kabajaa fayyadamuun haasbarruu jaarsummaa qofa keessatti hojii irra kan oolu osoo hintaane, safuufi aadaa dhaabbataa ummata Oromoo kan calaqqisiisuudha.

4.3.8. Eebba Araaraa taasisuu

Haasbarruu araara jaarsummaa kamiiyyuu keessatti araarri akka bu'uuf eebba taasisuun beekamaadha. Haasbarruu battala dubbii araara jaarsummaa keessatti irra caalaan jaarsota battalichaa dubbachuuf dabaree argatan gulantaa araaraa kamiinuu keessatti osoo eebba araaraa hinkadhatin kan dubbate hinjiru. Haalli kun battala dubbii jaarsummaa tokko irratti mul'ateera.

Jaarsa Ardaa: *"*Biyyana, Amba tana Rabbi haa araarsu; Waaqni isin haa araarsu.*''* Haasaa isaa kana keessatti jaarsichi hawwii araaraaf qabu ibsachuun eegale. Jaarsonni yeroo baay'ee jecha *'Araara'* jedhu irra deddeebi'uun fayyadamu. Jaarsonni gama lamaaniiyyuu battala dubbii jaarsummaa kana irratti argaman haasawa isaanii keessatti jecha *'araara'* jedhu kana irra deddeebi'anii kaasuun dubbatu. Sababni isaan kana godhaniif, xinsammuudhaan waldhabdoota irratti dhiibbaa godhuun yaada murtee isaan dhiyeessan fudhatanii akka gara daandii araaraatti dhufaniif. Dubbii isaanii kana keessatti kadhaa waaqaa gaggeessuun isaanii araaraas ta'ee, wanti kamiiyyuu fedhii Rabbii malee ta'uu akka hindandeenye namatti agarsiisa. Haala kanaan dhiyaachuun jaarsotaa ammoo waldhabdoonni amantaa akka isaan irra kaa'atan godha. ''This type of positive self-presentation could help mediators build their credibility in the face of the disputants, '' (Silbey and Merry, 1986).

4.3.9. Gama cimina himattoota lamaanii kaasuu

Gaarummaa waldhabdoota lamaanii dubbachuun tarsiimoowwan araara fayyadama Afaanii jaarsummaa keessaa isa tokko ta'ee, jaarsonni tarsiimoo kana kan gargaaramaniif, qaamota waldhaban miira aarii isaan irra jiru irraa qabbaneessuun gara kallattii araaraatti akka dhufan waan barbaadaniif.

Hayyoonni yaada kana yoo deeggaran, ‘’It takes good will to notice and appreciate the good deeds of others,’’ (Biber et al., 2007:131). Namni waa’ee namaa dubbatu tokko akka nama yaada gaarii isaaf qabuutti waa’ee gaarummaa isaa yoo dubbate nama sana haala salphaa ta’een amansiisuu danda’a. Haaluma kanaan battala haasbarruu jaarsummaa ani argee waraabe tokko irratti jaarsonni battalichaa waa’ee namummaafi hojii gaarii namni kun duraan raawwate kaasuun jajjabeessu.

Jaarsa: *Yoo dhugaa kadubbannu taate, mucaan kun badii hinqabu. Amma jaarsa kanallee yoo taate, namni kun waa morkachuu jaalata malee, dhaabataanillee, namoomaanillee, qabeennallee yoo taate kan isa tare wayiituu hinjiru. Qara nu’u garuu, waan akkanaa sitti hinbeennu. Adha garuu bakka sanii moqoq jedhaa jirta. Abbaan Roobaa lama qaaqa siin jedhanii hinbeekan. Amba teenna, mucaallee yoo taate nuqara waan balleessee hinbeennu. Kun ajajuma Rabbiiti.*

Jaarsi haasawa isaa keessatti waa’ee waldhabdoota lamaanii ilaalchisee mucaafi abbaanillee duraan rakkoo akka hinqabne ibsuun waa’ee isaanii waan gaarii kaasaa amansiisuu yaalaa jira. Waa’ee abbaa ilaalchisee yaada namaa fudhachuu diduun alatti rakkoo biro akka hinqabneefi har’a garuu amala isaa jijjiirrachuun dubbii dhiibachaa akka jiru hima, ’’moqoq jedhaa jirta’’ jedhuun agarsiisee jira. Kana qofa osoo hintaane, namni kun qabeenya, dhaabbata gaariifi namummaa gaarii qabaachuun namoota kaan irra fooyyee akka ta’etti dubbachuun hamilee isaa kakaase. Walumaagalatti jaarsonni tarsiimoo kana kan fayyadamaniif qaamota waldhaban gochaa gaarii isaan dura raawwataniifi waan gaarii amma qaban jajjabeessuun gara yaada murtee isaaniin dhiyaateetti akka dhufan gochuuf itti gargaaramu.

4.3.10. Gorsa Kennuu

Gulantaa araara haasbarruu jaarsummaa keessatti jaarsonni waldhabdootaaf gorsa adda addaa kennu. Waldhabdoonni lamaanuu faayidaa walii galaa isaanii keessatti walii yaaduu akka qaban gorsa laatu. Fakkeenya tokko fudhannee mee ilaalluu.

Abbaa Murtee: *Qabeenyi kee ka abbeetiiti; ka abbeetii qabeenya keeti; ija tokkoon laaluu qabdu. Yoo rakkatan mariin gurguranii rakkoon bayan.*

Akka kana atillee qabadhu mucaa. Ija abbeetii afoo hinbu'in. Ati abbaanillee, ijoollee tee ija takkaan laaluu qabda.

Abbeeraa: *Mucaa kana anuu gisee baay'ee waameera. Addatti 'nattuu koottuu qotadhu. Nu'uu kottaa kennaa jirraa lafa koottuu qotadhu' ani mataa kiyyaanuu. Namana atillee finna kee hinjibbin; ofitti qabi. Yoo finna ofiitiin walii galuu dhaban akkitti bulan hinjiru. Atillee mucaan, maatii kee ofirraa hindhiibin. Gurbaa, waan maraa sii sirreessina; waan ardaan jedhe cufa isaatuu hinsirraa'aa. Abbaa Roobaa, mucaa kana situu balleessaara; Irraa dhaabbadhu; ofitti qabi.*

Haasawa armaan olii abbaan murtee dubbate yoo ilaalle, qabeenyi waldhabdoota lameeniituu kan waliinii waan ta'eef akka qabeenya dhuunfa dhuunfaa isaanitti akka laalan gorsa kenne. Dabalataan yoo rakkatanii qabeenyichatti fayyadamuu barbaadan haala walii galtee qabuun ta'uu akka qabu gorsa late. Kana qofa osoo hintaane, isaan lamaanuu kabajaafi ulfina akka walii godhan, mucaan abbaa dura dhaabbatee akka isaan hinfalmineefi abbaanis gama isaaniitiin mucaa ofitti qabee kunuunsee guddisuu akka qabu gorsa kenne. Abbeeraan mucaa gama isaatiin, mucaa kanaaf asiin dura gorsaafi gargaarsa gochaafii akka tureefi gorsa kana amanee fudhachuu dhabuun miidhaan kun akka irra ga'e kaase. Kana qofa osoo hintaane, abbaan mucaa kana ofitti qabee guddisuu akka qabu gorse. Dabalataan, ijoollee ofii yoo ofitti qabanii yoo hinkunuunsin, rakkoon hamaan maatii sana keessatti mul'atee maatiin sun diigamuu akka danda'u akeekkachiise.

Walumaagalatti, jaarsonni battala dubbii tarsiimoo gorsaa kana gargaaramanii waldhabdoota yoo amansiisan, haalli kun ammoo sirni araaraa kun dafee kallattii qabachuun waldhabdoota salphumatti gara yaada araaraa dhiyaate fudhachuutti isaan geessa.

Waldhabdoonni gama isaaniitiin kabajaafi amantaa jaarsota irratti gatuun gara yaada murtee araaraa dhiyaate fudhachuutti naanneffatu.

4.3.11. Dhugaa Kennuu

Aadaa haala qabatama araara fayyadama afaanii jaarsummaa Oromoo Arsii keessatti hiika guddaa qaba. Dhugaan hiika haqummaa jedhu bakka kan buutu yoo ta'u, meeshaa dhara ittiin dhabamsiisaniifi haqa ammoo ittiin mirkaneessaniidha. Dhugaan gochaa qaamotni waldhaban raawwatan keessaa inni miidhame tokko akka kennaa waan qabatamaa ta'e tokkootti kan badhaafamuudha. Karaa biraatiin ulaagaa qaamni waan dogoggoraafi sirrii hojjate ittiin gargar baafamuudha. Dhugaan aadaa haala qabatama araara fayyadama afaanii jaarsummaa Oromoo Arsii keessatti akka qajeeltoo qajeelfamaa tokkootti ilaalama. Dhugaan wantoota jaarsonni akka araara dubbii jaarsummaa irratti hirmaatan isaan kakaasu keessaa ulaagaa isa duraa waan ta'eef, aadaa haala qabatama araara fayyadama afaanii jaarsummaa Oromoo Arsii keessatti jaarsi jecha *''Dhugaa ykn Jaarsi dhugaa baasa,''* jedhamee beekama. Kana kan nuuf mirkaneessu, jaarsi yeroo baay'ee dubbii jaarsummaa tokko irratti hirmaatee, erga abbaa haqa qabu adda baasee booda, abbaa haqa qabu sanaan *''Dhugaa tee sii arge,''* jedhaan. Kanaafuu, jaarsi dhugaa baasa, ykn dhugaan tan jaarsaati yoo jedhame kan itti xiqqaatuu miti.

Aadaa Oromoo Arsii keessatti, namni miidhame tokko dhugaa yoo argate, akka miidhaa isa irra ga'e sanaaf beenyaan kaffalameetti ilaala. ''Among Arsi Oromos, getting the truth is often equated with getting compensation or restitution for the wrongs done to someone, (Mamo, 2006). Qaaccessa fayyadama afaanii qorannoo kanaa keessatti dhugaa kennuun tarsiimoo qaamota waldhabe amansiisanii gara araaraatti fiduu keessa isa tokkoodha. Jaarsonni kallattiidhaan nama miidhameef dhugaa galchanii, kan badii hojjate ammoo iftoominaan dogoggora isaa itti himu. Haalli kun battala dubbii jaarsummaa tokko irratti mul'ateera.

Obboleessa Mucaa: *''Mucaan dhugaa qaba. Ardaanillee, akkuma kana dhugaa qaba.' Dhugaan haa mootu. Abbaa haqa qabuu Rabbi dhugaa haa galchu.''*

Haasawa armaan olii irraa hubachuun kan danda'amu, badiin ilma irratti dalagame sirrii waan hintaaneef dhugaan mucaaf kennamuu akka qabdu mirkaneesse. Kana qofa osoo hintaane, ardaan ganamaa-galgala ba'ee dubbii isaanii kana laalaa ture abbaan dafee murtee kanname fudhachuu diduu isaatiin waan dararameef,

dhugaan akka kennamuufii qabdu dubbate. Dhugaafi dharti akka waan lubbuu qabuu tokkotti waldorgomsiisuun dhugaa akka deeggaruufi injifachuullee akka qabdu tilmaama duraa kaa'uun fedhii isaa ibsate. Gama biraatiin, *''abbaa dhugaa qabuu Rabbi dhugaa haabaasu,''* jechuun qaamota waldhaban lamaan keessaa inni haqa qabu haa argatu jechuun dhugaan nama isaan hinmalleef akka hinkennamne hawwii isaa ibsate. Kanaafuu, dhugaan hawaasa naannoo qorannoo kanaatti iddoo guddaa kan qabduufi qaama dhugaa haqa godhatu qofaaf kan kennamtu ta'utu irraa hubatama.

4.3.12. Mammaaksotaafi Ibsoota Fayyadamuu

Aadaa fayyada afaanii ummata kamiiyyuu keessatti ibsootaafi mammaaksota fayyadamuun ergaa karaa naannawa ta'eefi nama harkisuu danda'uun dabarfachuun nijira. Mammaaksotaafi ibsoota fayyadamuun yaada isaa ibsachuun akka waliigalaatti, hawaasa Oromoo hunda birattuu beekamaadha. Xiyyeeffannoo Oromoon mammaaksaaf kennu cimsuun yoo kaa'u, Umar (2004:18) ''Dubbiin mammaaksa malee, Ittoon sooqidda malee hinmi'aawu,'' jechuun ibsa. Kanaafuu, yaada kana irraa hubachuun kan danda'amu, mammaaksi akka mi'eessituu ykn bareechituufi cimsituu yaada xiyyeeffannoo ta'e tokkooti, jechuun nidanda'ama. Aadaa Oromoo keessatti mammaaksi dubbii fiduufi dubbii fixuuf mammaakama.

Garuu, fayyadama afaanii jaarsummaa naannoo qorannoo kanaatti, jaarsotaan mammaakaman baay'een isaanii dubbii fixuuf kan mammaakamaniidha. Mammaaksi amala ykn miira namootaa jijjiiruun waldhabdeen akka furamuuf akka meeshaa tokkootti tajaajila. Agbaje (2002), Avruch (1998) ''affirm that cultural sayings and proverbs can serve as a tool in resolving conflicts by changing the behavior or feelings of parties in dispute,'' jechuun ibsan. Bu'uuruma kanaan mammaaksota fayyada afaanii jaarsummaa irratti jedhaman muraasa akka itti aanutti aanu kanatti balballoomsamee jira.

- **Fardaafi dubbii maraan hinsakaalan.**

Mammaaksa kana irraa hubachuun kan danda'amu, farda tokko haada maraa baay'ee qabuun yoo hidhan hiikuun rakkisaadha. Haada hidhaa baay'ee qabuun yoo hidhan lamaan keessaa tokko nimiidhama. Yoo hidhuuf yaalii goote, situu dadhaba; yoo hiikuuf tattaaffii kan gootu taate, fardichatuu miidhama.

Haaluma walfakkaatuun, yoo qaamonni waldhaban lamaan waa'ee isaan lameenii waan gaarii hindubbatan ta'e, gidduu isaanitti araara buusuun rakkisaa ta'a. Mammaaksa kana kan mammaake Abbaa murtee yoo ta'u, kan inni mammaakeefis hirmaattonni battala dubbichaafi dhamti lamaan dhimmootaafi gaaffiiwwan barbaachisaa hintaane kaasanii dhimmichi daran walxaxaa akka hintaane akeekkachiisuudhaaf.

- **Gara nyaattee dubbii hindhabanii, cal'eessumatti daban.**

Jaarsichi mammaaksa kana kan fayyadameef, jaarsonni waa'ee rakkoo warra waldhabee baay'ee odeessuu dhiisanii xiyyeeffannoo isaanii gara gulantaa araaraatti akka kennan hubachiisuudhaaf. Dabalataan, jaarsichi mammaaksa kana kan mammaakeef, dubbii tokko akka malee gadi fageessanii qotuun, garaagarummaa waldhabdoota gidduu jiru bal'isuun, adeemsa isaan araarsuuf godhamu irratti dhiibbaa akka hingeessisneef.

- **Utubaan haga dhiibaniif haga dhiisan qaba.**

Hiika mammaaksa kanaa yoo balballoomsine, yemmuu mana ijaarru, utubaa tokko hanga barbaachisuu ol yoo dhiibne, manichi gama tokkotti cinaa dabuu danda'a; ykn kallattii barbaadame sanaan manicha baachuu hindanda'u. Haaluma walfakkaatuun, nama tokkoon murtee dhiyaate tokko akka inni fudhatu yoo barbaadde, hanga danda'ameen waan isa amansiisuu danda'u hunda itti himtee yoo kan hinfudhanne taate, humnaa ol itti deemuun barbaachisaa akka hintaane agarsiisuudhaaf. Mammaaksi kun abbaa murteetiin kan mammaakame yoo ta'u, jaarsonni abbaa mucaa amansiisuuf jechaa baay'ee itti dadhabanii jennaan, dhimmicha tasgabbeessuuf kan mammaakameedha.

- **Abjuu sodaataniif, taa'aa hinbulan.**

Mammaaksi kun jaarsota battala dubbii jaarsummaa keessaa nama tokkoon kan mammaakame yoo ta'u, abbaan yaada murtee dhiyaate fudhachuu akka qabuufi kallattiin itti himuuf rakkachuu isaanii agarsiisa. Fayyadama afaanii kana keessatti, *'abjuun'* amala abbaa isa sodaatame sana kan agarsiisu yoo ta'u, *'hirribni'* garuu araara gidduu isaanitti bu'u sana agarsiisa. Dabalataan, jaarsichi mammaaksa kana kan fayyadameef karaa faallaatiin abbaan mucaa murtee jaarsonni dhiyeessan kana akka fudhatu amansiisuu barbaadeeti.

Malli kun ammoo xinsammuu fayyadamuun abbaa mucaa irratti dhiibbaa godhuun yaada murtee araaraa jaarsonni battala dubbichaa dhiyeessan akka fudhatu yaadameeti.

- *‘’* Keessan warri waldhabaa*?’’* Jennaan, *‘’*Ee gaafuu waldhabaa, garuu yoma san araarama’’ jedhe. *‘’*Keessan hoo waldhabaa?’’ jennaan, *‘’*Wahindhabuu, gaafa waldhabe garuu hinaraaramu,’’ jedhe jedhama.

Mammaaksi kun jaarsota battala dubbii keessaa nama tokkoon kan dhiyaate yoo ta’u, innis dhaamsa amansiisuu cimaa ta’e qabatee bifa gaaffiifi deebii ijoollee lamaatiin kan dhiyaatedha. Waliin dubbii isaanii kana keessatti, deebisaan inni tokkoffaan gaaffii gaafatameef deebii yoo kennu, maatiin isaa yeroo baay’ee akka waldhabuufi dafee araaramu kan itti hime yoo ta’u, deebisaan inni lammataa garuu, warri isaa yeroo baay’ee akka walhindhabneefi gaafa waldhabe garuu dafanii akka hin araaramne deebiseef. Waliin dubbii ijoollee kana lamaanii irraa kan baratamu, yeroo baay’ee waldhabuun rakkoo osoo hintaane, waldhabanii araaramuu dhabuun rakkoo ta’uu isaati. Kana malees, mammaaksa kana irraa hubachuun kan danda’amu, dhalli namaa jiruufi jireenya isaa keessatti waldhabuun nijiraata, garuu rakkina jiru iftoominaan walii ibsanii mari’atanii araaramuu dhabuun sirrii akka hintaanedha.

BOQONNAA SHAN: Cuunfaa, Argannoofi Yaboo

Boqonnaan kun kutaa xumuraa qorannoo kanaa yoo ta'u, Cuunfaa, Argannoofi Yaboo Qaaccessa Fayyadama Afaanii Waldhabdee Abbaafi Ilmaa Jaarsummaan Furuu Godina Arsii Lixaa Aanaa Dodolaa kan hammateedha.

5.1. Cuunfaa

Dubbii jaarsummaa jalqabuun dura, jaarsonni fedhii isaaniitiin ykn himannaa waldhabdoota/dhama/ lamaanii bu'uura godhachuudhaan, jaarsa gama lamaaniiyyuu akka baafatan gochuun guyyaa qabatanii jaarsota ofitti horu. Guyyaa qabaa sana battala sanatti argamuun kadhaa waaqaa dursuun ''har'a maaliif ba'e?'' jedhanii walgaafachuun ''dubbii ebaluufi ebaluutiif ba'e'' jedhanii fudhachuun mirkaneessanii jalqabu. Haala kanaan himata himachiisanii, dachaafata dachaafachiisu. Dubbiin himatamte yoo walii amanamte, haala salphaan dubbatanii araarsu. Yoo walii amanuu baatan, ''maaliin ajjeefatta?'' jedhanii dhugaafi dhara ta'uu addaan baasu. Dubbiin cimtee yoo dheeratte, bulchanii gadi fageenyaan qoratanii araara buusu. Haasbarruu jaarsummaan waldhabdee furuu keessatti ga'een jaarsotaa olaanaadha. Kunis, waldhabdee uumame sana hundee irraa kaasanii fixuuf, dame adda addaatti qoodanii waan ijoo dhama lamaan walitti buuse tartiibaan ilaaluun, ofiillee loogii irraa bilisa ta'anii walitti araarsu. Haala kana keessatti qorti lamaan duraa-duuba dubbii eeggatanii abbaa murteetiin hogganamaa tarsiimoowwan waldhabdee furuu gara garaa fayyadamuun dhama lamaan gara araaraatti fidu.

Sirni araara fayyadama afaanii jaarsummaa kan raawwatamuun, haala hawaasa naannoo qorannaa sanaaf kallattii adda addaatiin faayidaa kennuu danda'u bu'uura godhateeti. Hawaasni Oromoo naannoo kana jiraatu, waldhabdee uumaman aadaa gaarii dubbii jaarsummaatiin kan walbulchuufi araara buusuudha. Hawaasni Oromoo Arsii Aanaa kanaa sirna 'Araara dubbii jaarsummaatiin' waldhabdee furutti amanee fudhatee seera isaatiin nagayaan jiraata. Jiruufi jireenya ummata aanichaa keessatti aadaan araara dubbii jaarsummaa kun osoo hinjijjiiraminiifi hinfaalla'in, haala itti fufiinsa qabuun tajaajila gahaa kennaa seera dhaabbatichaa kabajuun hojii irra oolaa jira.

Dubbiin jaarsummaa kun safuu ummataa eegee, waan hawaasa hojjatuun hayyamamu gochuun, kan hawaasicha keessatti fudhatama hinqabne dhiisuudhaan firaafi diina isaa adda baafatee hojii irra oolmaa sirnichaa kan ittiin mirkaneeffatuudha. Sirni araara haasbarruu jaarsummaa kun waldhabdeewwan hawaasa aanichaafi daangaa ollaa isaatti uumaman dhimmamtootaan /stock holders/ beekamtii argatee fuulduraaf akka too'atamuufi hojii irra oolu haala mijeessa. Sirni araara fayyadama afaanii jaarsummaa kun sababa adda addaa irraa kan ka'e waldhabdeewwan uumaman tarsiimoowwan fayyadama afaanii araara jaarsummaa adda addaa fayyadamuun ni'ittisa, qabbaneessa, too'ata ykn hiikuun nagaafi tasgabbii hawaasa naannichaa mirkaneessa.

Bu'uuruma kanaan hawaasni Aanichaa kallattii araara fayyadama afaanii jaarsummaatiin waldhabdeen akka furamu kan barbaaduuf:

- Sirna araara fayyadama afaanii jaarsummaatiin waldhabdeen furamu walii galtee dhama lamaaniitiin ykn jaarsonni fedhii isaaniitiin fuudhanii dubbii fixu.
- Araarri jaarsummaa kun qabiyyee waldhabdee dhama lamaanii irratti hundaa'ee, haala ifaafi bilisa ta'een isaan lamaan walbira teessisuun, dhibdee isaanii cokanii gaafachuun kan raawwatamu waan ta'eef;
- Jaarsonni naannoo sanatti araara buusanis, fayyadama afaanii araara jaarsummaa irratti dandeettii, muuxannoofi hubannoo ga'aa kan qaban, akkasumas loogiifi malaammaltummaa irraa bilisa haala ta'een kan araarsan waan ta'eef;
- Jaarsonni aanichaa waldhabdeewwan hawaasa keessatti uumaman wantoota hawaasni itti amanuufi sodaatu, akkasumas fayyadama afaanii hawaasa naannichaa gara garaa fayyadamuun araara kan buusan waan ta'eef;
- Jaarsonni araaraa naannichaa tarsiimmoowwan amansiisuu adda addaa bu'uura godhachuun waldhabdoota amansiisuu irratti dandeettii kan qaban waan ta'eef;
- Jaarsonni fayyadama afaanii araara jaarsummaa kanaan dandeettii, muuxannoo, hubannoofi gahumsa ga'aa qaban achuma dhiyeenyaan hawaasa keessa waan jiraniif Achumatti jaarsotatti himatanii waldhabdee isaanii hiikkataniif nibarbaadu.

5.2. Argannoo

Akkuma yaada barreeffama kanaafi cuunfaa balballoomsa fayyadama afaanii araara jaarsummaa irraa hubatamutti, bu'aan qorannoo kanaa qabxiiwwan armaan gadii agarsiisa.

- Dubbii araara jaarsummaa Oromoo Arsii Lixaa keessatti afaan jaarsonni battala dubbii fayyadaman kan yeroo idilee irraa adda ta'uufi afaan kana fayyadamuu kan danda'an namoota dubbii jaarsummaa keessatti muuxannoofi hubannoo qaban qofa ta'uu.
- Fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa keessatti qabiyyeewwan dubbii jaarsonni fayyadaman kanneen akka eebbaa, dubbii jalqabuu, cokaa, gungumaafi araaraa dabaree isaanii eeganii kan dhiyaatan ta'uu.
- Namoota waldhabanii miira aarii cimaa keessa galan tooftaa fayyadama afaanii kanneen akka ibsootaafi mammaaksotaa fayyadamuun araara kan buusan ta'uufi kun ammoo guddina aadaafi Afaan Oromootiif gumaacha kan qabu ta'uu.
- Fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa keessatti caacculee sirna araaraatiin duraa-duuba isaa eeganii yaa'a yaada abbaa murtee ofirratti caqasaa, qorti lamaan dubbii dhama lamaanii haala duub-deebii hinqabneen akkaafi garaan qulqulleessanii fixu.
- Dubbiin seera fayyadama afaanii araara jaarsummaatiin qora lamaaniifi abbaa murtee seeraan ijaaranii, battala qabatanii fuudhanii hindubbatin fudhatama kan hinqabne ta'uu.
- Sirna fayyadama afaanii araara dubbii jaarsummaa keessatti, qorti lamaan faallaa walii (gamaa-gamana) taa'anii yaadaan walfalmaa, mormaa, eeggataa ''itti galuu, siigala'' jechaa waldhabdee araarsu.
- Jaarsonni, waan naannoo isaanitti uumame dhaga'aniifi argan ''maqatu nubada'' jedhanii waan safeeffataniif, himanni dhiyaatees, dhiyaatuu baatees, dhimmicha fuudhanii araarsuun jiraachuu isaa.
- Dubbii namni armaan dura waldhabee araarame, fixaa isaa akka muuxannotti fudhachuun itti gargaaramanii waldhabdee furuun jiraachuun argannoowwan ijoo qorannoo kanaa yoo ta'an dubartoonni battala dubbii jaarsummaa irratti argamtee maaliif hindubbanneen dhimma qorannoo dabalataa barbaadudha.

5.3. Yaboo Qorannichaa

Argannoowwan armaan olii bu'uura godhachuun qabxiiwwan ijoo armaan gaditti dhiyaatan hojii irra oolchuun nagaafi tasgabbii amansiisaafi itti fufiinsa qabu fiduun nidanda'ama.

- Araara dubbii jaarsummaa keessatti afaan jaarsonni fayyadaman namni hundi hubachuu kan danda'u waan hintaaneef, silabasii barnoota afaanii keessatti akka qabiyyee tokkotti dhiyaatee osoo baratamee.
- Araara dubbii jaarsummaa keessatti qabiyyeewwan dubbii kanneen akka eebbaa, dubbii jalqabuu, cokaa, gungumaafi araaraa walduraa duubaan yeroo isaanii eeggatanii dhiyaachuun isaanii qindoominaafi miidhagina fayyadama afaanii dubbii jaarsummaa waan agarsiisuuf haaluma kanaan cimee osoo itti fufee.
- Namoota waldhabanii miira aarii hamaa keessa galan too'atanii araarsuuf ibsootaafi mammaaksota fayyadamuun jaarsotaa guddina aadaafi Afaan Oromootiif gumaacha mataa isaa waan qabuuf jajjabeeffamuu qaba.
- Jaarsota Waldhabdeewwan hawaasa keessatti rakkoo jiruufi jireenya hawaasummaa adda addaa irraa dhufan fayyadama afaanii jaarsummaa fayyadamuun nagaafi tasgabbii buusaniif gargaarsi meeshaa, maallaqaafi ogummaa osoo godhamee.
- Hawaasni aanaa kanaa yeroo baay'ee waldhabdee isaa kan furatuun karaa aadaa araara jaarsummaa waan ta'eef, haalli kun yeroofi qabeenya isaa osoo hinqisaasessin rakkoo ofii ofumaan waan furatuuf, haaluma kanaan cimee osoo itti fufee.
- Waldhabdeewwan jaarsummaan furuun yeroofi baasii hir'isuun misooma kan fidu waan ta'eef jajjabeeffamuu qaba.
- Jaarsonni loogii irraa bilisa ta'uun waldhabdoota araarsuun tajaajila quubsa ummatichaaf kan kennan waan ta'eef daran cimee osoo itti fufe dansaadha.
- Dubbiin araara jaarsummaa kanaan dura haala gaariin raawwatamee muuxannoon irraa fudhatamu gaarii ta'us, afaaniin malee barreeffamaan waan hinjirreef gara barreeffamaatti jijjiiramuun akkuma kanaan cimee osoo itti fufee.

- Adeemsi fayyadama afaanii araara jaarsummaa kun qabata afaaniin malee barreeffamaan hinjirreef, dhaloonni ammaa irraanfataa waan deemuuf, qabiyyee sirna barnootaa keessa galuun osoo baratamee.
- Araarri jaarsummaa kun karaa nagaatiin waldhabdee furuu keessatti shoorri inni taphatu olaanaa waan ta'eef, mootummaafi qaamota imaammata baasan biratti fudhatama argatee heera ittiin bulmaata biyyattii keessatti osoo dabalamee.
- Sirni fayyadama afaanii araara jaarsummaa kun hojii qaama mootummaa yeroo ammaa bulchiinsaafi nageenya jedhamu caalaa itti dhimmamuun tajaajila kennaa waan jiruuf, caasaa mataa isaa qabaatee osoo jajjabeeffamee.

Wabiilee

Abiyi. Zegeye etal. (2009). Introduction to Research Method: Preparatory module for Addis Ababa University Graduate Programmes Graduate Studies and Research Office. AAU.

Addunyaa Barkeessaa. (2010). *Natoo*: *Yaadrimee Caasluga Afaan Oromoo*. Finfinnee: Mega Printing Press.

_____ (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee: Oromiyaa. Addis Ababa: Addis Ababa University, pp. 673-678.

Agbaje J.B. (2002). Proverbs: A strategy for resolving conflict in Yoru ba' Society. *Journal of African Cultural Studies, Volume 15, Issue 2.*

Alemu Disasa (2013). *A discourse analysises of Jaarsummaa, A traditional method of dispute resolution by community eldels*: Arsi Oromo in focus. Unpublished dissertation, Addis Ababa University.

Alula Pankrust and Getachew Asefa (eds). (2008). Grass-root justice in Ethiopia: *The contribution of customary dispute Resolution. Addis Ababa: French center of Ethiopian studies.*

Alvesso, M. (2004). Organizational Culture and Discourse. In D. Grant, C. Hardy, C. Oswick, & L.L. Putnam (Eds), The sage HandBook of organizational Discourse (pp.317-335). Thousand Oaks, CA: Sage.

Anthony, M. and Gladkov, K. (2007). ''Rhetorical appeals in fundraising.'' In Biber,D.U.Connor, T.A. Upton (Eds) *Discourse on the move: Using corpus analysis to describe discourse Stracture.* Amsterdam: John Benjamins Publishing Company.

Araba Abdalla and Birhanu Amenew (2008). Customery dispute Resolution Institutions in Oromia region: The case of Jaarsa Biyyaa. In Alula Punkrust. And Getachew Asefa (Edn). Grass-root Justice in Ethiopia: *The Contribution of Customary Dispute Resolution.* Addis Ababa: United Printers PLC.

Aseffa Abebe (2001). Indigenous mechanisms for the prevention and resolution of conflict: The experience of Oromo in Ethiopia. Paper presented to work shop on conflict in the horn prevention and resolution organized by Ethiopian chapter OSSREA, Oct 2005) Addis Ababa.

Ayub (2008). "*Language Use of The Jamaican and Rastafarian Community in Shashamane. A socio linguistic Study*" MA Thesis. Addis Ababa University.

Avruch, K. (1998). *Culture and Conflict Resolution*. USA: Institute of peace Press. *Basil Blackwell.*

Bush, R. and Folger J. (Eds) (2005). The promise of mediation: *The transformative approach to conflict*. USA: Jossey-Bass.*Cardoro, journal of conflicts resolution, V.8.(487-509).* Conflicts in multi-ethnics cultures of Laos: A PhD Thesis submitted to Faculty of Graduate

Cohen, L. (Manion, L, and Morrison, K. (1998). *Research Methods in Education* (6 th edn). New York: Routledge Falmer.

Dana, Daniel (2001). *Conflict Resolution: Mediation tools for every day work life*. New York McGlaw Hill.

Dastaa Dassaalany, (2002). *Bu'uura Qorannoo.* Addis Ababa: Dhaabbata Maxxansaa Boolee.

Dejene Gemechu (2007). *Conflict and conflict resolution among Waliso Oromo of Eastern Mecha. The cse of the Guma*. Series Editor, Gebre Yontiso.

Dejene Nagasa (1991). *"Judicial Roles of Elders among the Oromo of Woliso.* BA Thesis submitted to Addis Ababa University.

Fisher (1990). '*'The relationship between Micro and Macro Sociolinguistics in the study of who speaks what language to whom and when.*'' In Pride, J. Brork. Oxford University Press.

Flowler, R. (1978). *Understanding Language*: London: Routldge and Kegan Paul Publishers.

Fortes, M and E.E –Evans- Pritchard. (eds) (1940). *''Introduction''. In African political system.* London: International African Institute.

Gabii Tusuu. (2015). Xiinxala Fayyadama Afaanii Hordoftoota Amantaa Islaamaa Biratti: Waraqaa Qorannoo Digrii lammaffaa Kan hinmaxxanfamne, Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Getaachoo Rabbirraa, (2007).*Furtuu: Seerluga Afaan Oromoo*. Kuraz International Publishing Enterprise, Addis Ababa: Ethiopia.

Gee, J.P. (1999). *Discourse Analysis*: Theory and Methods. London: Rout ledge.

Goldman-Rakic, P. S. (1998). The prefrontal landscape: Implications of functional architecture for understanding humanmentation and the central executive. In A. C. Roberts, W. T. Robbins et al. (Eds), The prefrontal cortex: Executive and (pp. 87-102). New York: Oxford University Press

Gulliver, PH. (1963). *Social control in african society: A study of the Arusha Agricultural Masi of Northern Yanganyka*. Londo: By Charles Birchall and sons Ltd.

Halliday, M. A. K. (1994). An introduction to functional grammar (2nd edition). *London* Arnold.

Haynes, J.M. (1992). ‘’Mediation and therapy: An Alternative view.’’ *Mediation Quarterly* 21.

Haynes, J.M. and Charles worth, S. (1996). The fundamentals of Family mediation. Sydney: Federation Press.

Hebo, M. (2006). Land, Local Custom and State Policies: Land Tenure, Land Dispute Settlement among Arsii Oromo of Ethiopia. Kyoto: Shoukadoau Book Seller.

Hodge, B. & Kress, G. (1993). (2nd ed.). Language as ideology. *London and New York: Routledge.*

Ho- Won Jeong. (2008). *Understanding conflict and conflict analysis*. London: Sage Publications Ltd.

Imobighe T.A. (2003). *The OAU (AU) and AOS in regional conflict management: A Comparative assessment*. Oxford, UK: USA Distribution.

In Beyene Tadssie (ed) *proceedings of eighth International conference of Ethiopian studies*. Integrating the traditional conflict resolution system with the formal legal system.

Jcoby. T. (2008). *Theoretical and Interdisciplinery Approaches*. London: Rutldge.

Jeong D, B. (2000). *The Experience for the Prevention and Resolution of Conflict*: A Critical Introduction. London, UK: Laurence Erlbaum Associates.

Johnstone, B. (2008). *Discourse Analysis* (2nd edn. Oxford: Blackwell.

Jupp, Victor. (2006). *The Sage Dictionary of Social Research Methods*. London: Pine Forge Press.

Karlberg, M. (2006). The Power of Discourse and The Discourse of power: Persuing peace through discourse intervention. International Journal of Peace Studies, Volume 10, Number 1, Spring/Summer 2005.

Kolhagen, D. (2005). Alternative Dispute resolution (ADR) and Mediation: *"The experience of French-speaking countries ''* How to make ADR work in Ethiopia. A course held on 17 and 18 April at the EACC. Addis Ababa.

Kothari, C.R. (2010). *Research Methodology Methods and Techniques*, 2nd ed. New Delhi: New age international Ltd, Publishers.

Kumar, R. (2005). *Research Methodology: Step by Step Guide for Beginners*. London: Sage Publications.

Lewis, H.S, (1988). *Values and procedures in conflict resolution among the Shoan Oromo.* London: Continuum International publishing group.Mac Gray Hill.

MacCarthy, M. (1991). *Discourse Analysis for Language Teachers*. Cambridge: Cambridge University Press.

Macfarlane, J. (2007). Working towards Restorative justice in Ethiopia: Ash gate: England.

Malan, J. (1997). Conflict resolution wisdom from Africa. African center for the constructive

Muysken, P. (2000). *Bilingual speech: A typology of code mixing*. Cambridge, UK: Cambridge University Press.

Muysken, P. (2000). *Bilingual speech: A typology of code mixing*. Cambridge, UK: Cambridge University Press.

Mayer, B. (2000). The dynamics of conflict resolution: Sanfarancisco Jossey-Bass.

Nadr, Laura. (1968). *'Conflict: Anthropological Aspect' In International Eunpsychlopedia of the Social Sciences:* Vol: 3, PP230-241. New York: McMillan Company and the free Press.

Punch. F. (1998). *Introduction to social research*. New Delhi: Sage Publications Indian pvt Ltd.resolution of disputes (ACCORD).

Roberts, M. (2008). *Mediation in family disputes principle of practice*, (Third edn).

Roberts, M. (2008). *Mediation in Family Disputes Principles of Practice*, (3rd edn).

Rogers R. (2004). *An Introduction to Critical Discourse Analysis in Education.* London: Laurence Erlbaum Associates.

Salkie, R. (1995). *Discourse Analysis*. London: Rout ledge.

Sarantakos, S. (2005). *Social Research*. New York: Pal grave McMillan.

Schellenberg, James A. (1996). *Conflict Resolution: Theory, Research and Practice*. New York State University of New York Press.

Silbey, S.S and Merry, S.E. (1986). Mediator settlement strategies. *Law and Policy, V.8. No1*.

Silbey, S.S, and Merry, S.E. (1986). Mediator Settlement Strategies. Law and Policy, Vol.8No.1. Basil Blackwell.

Stobbe, S.P. (2011). Traditional conflict resolution process: Mediations and rituals to address studies of the University of Manitoba.

Tarekegn Adebo and Hanan Tsadik (eds) (2008). *Making peace in Ethiopia: Five cases for traditional mechanisms of conflict resolution*. Addis Ababa: Master printing press.

Thomas, D.R. (2003). *A General Inductive Approach for Qualitative Data Analysis*. Newzealand: School of population Healthy University of Auckland.

Tracy, K. and Mirivel, J.C. (2009). *Discourse Analysis: The Practice and Practical Value of Taping, Transcribing, and Analyzing Talk*. New York: Rout ledge.

Umar Aadam. (2004). *Qaaccessa Sirna Araara Koottu-Dhufee Oromoo Arsii Aanaa Dodolaa*: Waraqaa Qorannoo Digrii lammaffaa Kan hinmaxxanfamne, Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Van Leeuwen, T. (2008). Discourse and Practice New Tools for Critical Discourse Analysis. Oxford: Oxford University Press.

Vav Dijik, T.A. (2001). Multidisciplinary CDA: A plea for Diversity. In Wodak, R. and Meyer, M. (Eds) *Methods of Critical Discourse Analysis.* London: Sage Publications.

Wade, (1996). ‘’Current Trends and Models In dispute Resolution: PartII’’. ADRJ (9)113.

Wilmot, W.W; and Hocker, J.L. (2007). Interpersonal conflict (Eighth edn). Boston: University: Unpublished manuscript.

Winslade, J.M. (2003). Mediation with focus on discursive positioning. California State

Wolff, E. (2000). "*Language and Society*". In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages: An Introduction. Cambridge University Press.

Wolski, B. (2002). Mediator Settlement Strategies: Winning Friends and Influencing People. *Bond and dispute Resolution News, Volume 12 June* 2002.

Zalaalam Amantee. (2012). *Xiinxala Fayyadama Afaan Oromoo*: Beeksisoota Magaalaa Adaamaa. Waraqaa Qorannoo Digrii lammaffaa Kan hinmaxxanfamne, Yuunivarsiitii Addis Ababaa.

Zortman, K. (2007). ‘*’Educating for the Future: A critical Discourse Analysis the academic Field of Intercultural Business Communication.*’’ Thesis submitted for the Degree of Ph.D. at the University for Lancaster.

Dabalee A

Yuunivarsiitii Addis Ababaa

Koollejii Namoomaa, Qorqnnoo afaanotaa, Jornaalizimiifi Sabqunnamtiitti

Muummee Afaa Oromoo, Ogbarruufi Fookloorii

Kabajamtoota odeefkennitoota:

Kaayyoon afgaaffii kanaa barnoota afaan Oromoofi Ogbarruutiin sagantaa gannaatiin digrii lammaffaa guuttachuuf mata duree ‘’ *Balballoomsa fayyadama afaanii waldhabdee Abbaafi Ilmaa jaarsummaan furuu keessatti haala Godina Arsii Lixaa Aanaa Dodolaa*‘’ ilaalchisee ragaa funaanuuf. Kanaafuu, hirmaannaan kallattiidhaan isin afgaaffii kana afaaniin deebii kennuu irratti qabdan milkaa’ina qorannoo kanaatiif baay’ee murteessaa waan ta’eef, raga haqaafi qabatamaa hawaasni itti gargaaramaa tureefi ammaas itti fayyadamaa jiru osoo hindhoksiniifi hindabsin kan isin abbaa dhimmaa itti taatan kanaaf ga’ee isin irraa eegamu akka baatan jechaa ragaan funaanamu kun dhimma qorannichaa qofaaf kan oouufi icciitiin isaa kan eegamu ta’uu isniif mirkaneessa.

Kutaa lammaffaa kaayyoo afgaaffii gaaffilee qorannoo kanaa:

- Adeemsa fayyadama afaanii dubbii araara jaarsummaa Oromoo Arsii Aanaa Dodolaa irratti kan xiyyeeffate ta’uu.
- Ka’umsi waldhabbii sirna fayyadama afaanii araara jaarsummaa maal maal akka ta’e ofkeessatti kan hammatu ta’uu.
- Bu’aa sirni fayyadama afaanii araara jaarsummaa Oromoo Arsii Aanaa Dodolaa guddina aadaafi afaan Oromootiif qabu maal akka ta’e hammachuu isaa.

Qajeelfama:

Gaaffilee armaan gaditti dhiyaataniif haala gaafichaa irratti hundaa’uun afaaniin deebii kennaa.

1. Waldhabdee furuuf jaarsi dura dubbii isaa maaliin jalqaba?
2. Ga’een jaarsota namoota araarsanii maali?
3. Ulaagaan bu’uuraa jaarsonni dubbii araara jaarsummaatiif ittiin filataman maaliidha?
4. Dubbiin jaarsummaa tokko fudhatamummaa kan argatu yoo maal ta’e?

5. Tooftaawwan ijoon namoota waldhabanii miira aarii cimaa keessa galan ittiin araarsan jiraa? Yoo jiraate kam fa'i?
6. Qorti gosa meeqatu jira? Ga'een isaanii maali?
7. Jaarsonni waldhabdee naannoo isaanitti uumamte tokko akkamiin furu?
8. Qorti yoo walii galuu baatte eenyutu walii galcha? Ga'een Abbaa murtee maali? Akkamitti filatama?
9. Dubbiin yoomiifi eessatti dubbatama? Bakki dubbii eenyuun murtaa'a?
10. Caacculeen sirna fayyadama afaanii dubbii jaarsummaa keessatti hojii irra oolan kanneen akka gungumaa, cokaa, araaraa, dachaase, koottu-dhufee, nurraa fincaa'iifi akkamiin dhiyaatu?
11. Gosoonni waldhabbii naannoo kanaa maal maali fa'i?

Dabalee B

Kutaa 1ffaa: Waldhabbiiwwan adda addaatiif jaarsummaa araaraaf taa'ame
Maqaa guutuu_____
Saala_____ Umrii _____ Ganda _____
Ga'ee hirmaannaa battalaa _____
Angoo _____ Gosa _____

Qaaccessa fayyadama afaanii araara jaarsummaa waldhabdee furuu Oromoo Arsii aanaa Dodolaa

Dhimma waldhabdee obboleeyyan lamaan lafa irratti waldhaban irratti hirmaattota argaman.

Guyyaa 14/08/2008fi 02/09/2008 Iddoo dubbii Biqqiiqqaa Maqqaalituu saa'aa 4:00-9:30

T.L	Maqaa guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hirmaannaa battalaa	Aangoo	Gosa	Muuxannoo waggaa	yaada
1	Aliyyii Kummoo	Dhi	42	Aashanaa Roobee	Dhama	Miseensa	Abbiyyuu	34	
2	Kadiir Kummoo	Dhi	56	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Dhama	Miseensa	Aabennaa	36	
3	Bariisoo Nuuree	Dhi	55	Booheraa Hayoo	Qora gosaa	Miseensa	Aabennaa	33	
4	Maammaa Cuuqurruu	Dhi	55	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Abbaa murtee	Miseensa	Raasandaara	33	
5	Waaqayyoo Kisoo	Dhi	65	Booheraa Hayoo	Qora Ardaa	Miseensa	Aabennaa	41	
6	Qaabatoo Fanjajaa	Dhi	52	Dodola	Miseensa	Miseensa	Sheedama	24	
7	Ganamuu Gejaa	Dhi	66	Aashanaa Roobee	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	45	
8	Huseen Anshaa	Dhi	61	Dodola	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	40	
9	Baatii Genoo	Dhi	58	Dodola	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	19	
10	Huseen H/Waaqoo	Dhi	68	Biqqiiqqaa maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Raasandaara	48	
11	Baatii Dafoo	Dhi	53	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	23	
12	Immishuu Elemoo	Dhi	49	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Abboosa	16	
13	Curraa Kummoo	Dhi	48	Aashanaa Roobee	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	22	
14	Woyyoo Loggitaa	Dhi	56	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	27	
15	Tufaa Waaqayyoo	Dhi	69	Aashanaa Roobee	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	49	
16.	Aliyyii Cuuqurruu	Dhi	60	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Raasandaara	37	

Qaaccessa fayyadama afaanii araara jaarsummaa waldhabdee furuu Oromoo Arsii aanaa dodolaa.

Hirmaattota Dhimma waldhabdee Abbaafi Ilmaa irratti argaman.

Guyyaa 25/07/2008fi 02/08/2008 iddoo dubbii Hara Daakkiyyee saa'aa 3:30-10:00

T.L	Maqaa guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hirmaannaa battalaa	Aangoo	Gosa	Muuxannoo waggaa	yaada
1.	Roobaa Kadiiroo	Dhi	65	Gannata Haraa	Himataa	Dhama	Abbiyyuu	18	
2.	Kadiiroo Roobalee	Dhi	68	Gannata Haraa	Himatamaa	Dhama	Abbiyyuu	43	
3.	Caakkuu Waaqoo	Dhi	66	Gannata Haraa	Abbaa murtee	Bokkuu	Abbiyyuu	41	
4.	Aadam Warquu	Dhi	37	Gannata Haraa	Miseensa	Miseensa	Abbiyyuu	12	
5.	Huseen Gammadaa	Dhi	49	Gannata Haraa	Qora himataa	Miseensa	Abbiyyuu	24	
6.	Amaan Nageessoo	Dhi	38	Dannaba	Abbaa murtee	Miseensa	Maagidaa	13	
7.	Qaasim Badhaasoo	Dhi	44	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Raasandaara	19	
8.	Hajjii Tukee	Dhi	35	Aashanaa Roobe	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	10	
9.	Shaanqoo Nageessoo	Dhi	45	Garanbaamo	Miseensa	Miseensa	Abbiyyuu	20	
10.	Nuuraddiin Jamaal	Dhi	36	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Doodaa	11	
11.	Amaanoo Heebboo	Dhi	55	Aashanaa Roobe	Qora himatamaa	Miseensa	Aabennaa	30	

Qaaccessa fayyadama afaanii araara jaarsummaa waldhabdee furuu Oromoo Arsii aanaa dodolaa

Hirmaattota dhimma waldhabdee hanna fardaa irratti argaman

Guyyaa 17/05/2008fi 06/07/2008 iddoo dubbii Aashanaa Roobee saa'aa 3:00-8:30

T.L	Maqaa guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hirmaannaa battalaa	Aangoo	Gosa	Muuxannoo waggaa	Yaada
1.	Amaanaa Huseen	Dhi	33	Aashanaa Roobee	Himataa	Dhama	Abbiyyuu	-	
2.	Buuqee Torbii	Dhi	48	Aashanaa Roobee	Himatamaa	Dhama	Misheeraa	28	
3.	Immituu Kisoo	Dhi	66	Booheraa Hayoo	Abbaa murtee	Miseensa	Aabennaa	44	
4.	Ganamuu Gejaa	Dhi	72	Aashanaa Roobee	Miseensa	Miseensa	Aabenaa	49	
5.	Bariisoo Nuuree	Dhi	55	Booheraa Hayoo	Qora Ardaa	Miseensa	Aabenaa	32	
6.	Kadiir Leencoo	Dhi	58	Booheraa Hayoo	Miseensa	Miseensa	Aabenaa	36	
7.	Baatii Dafoo	Dhi	49	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Aabenaa	20	
8.	Umar Abdii	Dhi	48	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Aabenaa	28	
9.	Umar Qaabatoo	Dhi	51	Booheraa Hayoo	Miseensa	Miseensa	Aabenaa	31	
10.	Maammaa Dafoo	Dhi	54	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Aabenaa	33	
11.	Waaqayyoo Kisoo	Dhi	65	Booheraa Hayoo	Qora Gosaa	Miseensa	Aabenaa	45	
12.	Baarshoo Buttaa	Dhi	68	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Mandooyyuu	Miseensa	Raasandaara	48	
13.	Anshaa Jaarraa	Dhi	73	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Raasandaara	50	

Dabalee C

Kutaa 2ffaa: Waldhabbiiwwan adda addaatiif jaarsummaa araaraaf taa'ame

Maqaa Abbaa Waliin_____

Saala_____ Umrii _____ Ganda _____

Ga'ee hirmaannaa battalaa _____

Angoo _____ Gosa _____

Qaaccessa fayyadama afaanii araara jaarsummaa waldhabdee furuu Oromoo Arsii aanaa dodolaa

Jaarsota Afgaaffiin dhiyaateef 4 Guyyaa 06/07/2008

Baay'ina afgaaffii 11

Iddoo itti gaafataman Ganda Aashanaa Roobee Saa'aa 9:30-11:30

T.L	Maqaa guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hirmaannaa battalaa	Aangoo	Gosa	Muuxannoo waggaa	yaada
1.	Bariisoo Nuuree	Dhi	65	Booheraa Hayoo	Qora ardaa	Miseensa	Aabennaa	34	
2.	Waaqayyoo Kisoo	Dhi	65	Booheraa Hayoo	Qora gosaa	Miseensa	Aabennaa	40	
3.	Tufaa Waaqayyoo	Dhi	69	Aashanaa Roobee	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	44	
4.	Immituu Kisoo	Dhi	66	Booheraa Hayoo	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	41	

Qaaccessa fayyadama afaanii araara jaarsummaa waldhabdee furuu Oromoo Arsii aanaa dodolaa

Jaarsota Afgaaffiin dhiyaateef 6 Guyyaa 02/08/2008

Baay'ina afgaaffii 11

Iddoo itti gaafataman Ganda Biqqiiqqaa Maqqaallituu Saa'aa 3:00-5:00

T.L	Maqaa guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hirmaannaa battalaa	Aangoo	Gosa	Muuxannoo waggaa	Yaada
1.	Huseen H/Waaqoo	Dhi	68	Biqqiiqqaa Maqqaall	Abbaa murtee	Qora	Abbiyyuu	43	
2.	Gammadaa Kinniisoo	Dhi	65	Biqqiiqqaa Maqqaall	Miseensa	Miseensa	Raasandaara	40	
3.	Hasanoo Oogatoo	Dhi	76	Biqqiiqqaa Maqqaall	Qora Gosaa	Miseensa	Raasandaara	51	
4.	Kadiir Kummoo	Dhi	56	Biqqiiqqaa Maqqaall	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	31	
5.	Baatii Dafoo	Dhi	53	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Aabennaa	23	
6.	Immishuu Elemoo	Dhi	49	Biqqiiqqaa Maqqaallituu	Miseensa	Miseensa	Abboosa	16	

Qaaccessa fayyada afaanii araara jaarsummaa waldhabdee furuu Oromoo Arsii aanaa dodolaa

Jaarsota Afgaaffiin dhiyaateef 4 Guyyaa 05/09/2008

Baay'ina afgaaffii 11

Iddoo itti gaafataman Ganda Hara Daakkiyyee Saa'aa 8:30-11:30

T.L	Maqaa guutuu	Saala	Umrii	Ganda	Gahee hirmaannaa battalaa	Aangoo	Gosa	Muuxannoo waggaa	yaada
1.	Huseen Gammadaa	Dhi	65	Gannata Haraa	Himataa	Miseensa	Abbiyyuu	34	
2.	Huseen Gishee	Dhi	62	Gannata Haraa	Miseensa	Miseensa	Abbiyyuu	37	
3.	Caakkuu Waaqoo	Dhi	66	Gannata Haraa	Abbaa murtee	Bokkuu	Abbiyyuu	41	
4.	Shaanqoo Nageessoo	Dhi	45	Garambaamo	Miseensa	Miseensa	Abbiyyuu	20	